# GAHEE ODUUN DURII DANDEETTII DUBBISANII HUBACHUU BARATTOOTA AFAAN OROMOO AKKA AFAAN LAMAFFAATTI BARATAN CIMSUU IRRATTI QABU: MANA BARUMSAA FIITAAWURAARII ABBAAYINEE SADARKAA 2FFAA KUTAA 9ffaa XIYYEEFFACHUUN

MALLASUU WUBATUU DAAMXEETIIN

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO BARSIISUUF GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA,

QO’ANNOO AFAANOTAA JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII, MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

WAXABAJJII, 2016/2024

FINFINNEE, ITOOPHIYAA

# GAHEE ODUUN DURII DANDEETTII DUBBISANII HUBACHUU BARATTOOTA AFAAN OROMOO AKKA AFAAN LAMAFFAATTI BARATAN CIMSUU IRRATTI QABU: MANA BARUMSAA FIITAAWURAARII ABBAAYINEE SADARKAA 2ffaa KUTAA 9ffaa XIYYEEFFACHUUN

MALLASUU WUBATUU DAAMXEETIIN

GORSAAN: MULGEETAA NAGAASAA (PhD)

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO BARSIISUUN GAMIISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA’EE

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA,

QO‟ANNOO AFAANOTAA JOORNAALIIMIIFI QUNNAMTII, MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

WAXABAJJII, 2016/ 2024

FINFINNEE, ITOOPHIYAA

## Yuunvarsiitii Addis Ababaa

## Dhaabbata Qorannoo Digrii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo digrii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo, Ogbarruun guuttachuuf Mallasuu Wubatuun mat-duree "Gahee Oduun Durii Dandeettii Dubbisanii Hubachuu Barattoota Afaan Oromoo Akka Afaan Lamaffaatti Baratan Cimsuu Irratti Qabu: Mana Barumsaa Fiitaawuraarii Abbaayinee Sadarkaa 2ffaa Kutaa 9ffaa" jedhu sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

## Koree Qormaata

Gorsaa ___________________________ Mallattoo _______ Guyyaa ______________

Qoraa Keessaa _______________________ Mallattoo________ Guyyaa ___________

Qoraa alaa _________________________ Mallattoo ________ Guyyaa ___________

Ittigaafatamaa Muummee__________________ Mallattoo _________Guyyaa_________

# Axareera

*Kaayyoon qorannichaa gahee oduun durii dandeettii dubbisanii hubachuu guddisuu keessaatti qabu addaan baasuudha. Qorattuun qoranno mat-duree kanaan akka geggeessituuf wantoonni kaka'umsa ta'aniif keessaa inni guddaan adeemsa baru-barsisuu keessatti barsiisonni gosa barnoota Afaan Oromoo barsiisan dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa cimsuuf oduuwwan durii fayyadamuu irratti qaawwaa waan qaban fakkaatu. Kanaaf, gahee oduun durii dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa cimsuu irratti qabu mala yaaliin geggeffamuun bifa yaboon yoo dhihaate bu'aa ol'aanaa buusuu danda'a yaada jedhu irraa ka'uun qoranno kana geggeessitee jirti. Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga'uuf immo qorattuun saxaxa qorannoo gariin yaalii (quasi-experimental research design) fayyadamtee jirti. Saxaxa qorannichaafi kaayyoo isaa qixa sirriin hojirra oolchuf immo qorattuun kun barattoota Mana Barumsaa Fitaawuraarii sadarkaa lamaffaa kutaa sagalaffaa mala iddatteessuu akkayyoo fayyadamuun iddattoo qorannoo kanaa taasiisuun filattee jirti. Barattoota mana barumscihaa kuraa 9ffaa baratan keessaa immoo tooftaa iddatteessuu carraa tasaa fayyadamuun barattoota dhira digdamaafi dubara digdama iddattoo xiyyeeffannoo qorannoo kanaa taasiisuun filattee jirti.Barattoota iddattoo ta'uun filataman irraa immoo qormaata yaalii duraafi yaalii boodaa fayyadamuun ragaalee qorannichaaf barbaachisan walitti qabattee jirti. Ragaalee walitti qabamaniis soofti weerii statistical packages for social science (SPSS) version 24.0 jedhamu fayyadamuun qaacceessitee jirti. Qaacceessi geggeeffamees, oduun durii dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa dabaluufi dhiisuu isaa addaan baasuuf ragaalee qormaata duraafi boodaa irraa argaman walmadaalsiisuuf mala qaacceessaa birqabe Pirsan fayyadamtee jirti. Haaluma kanaan bu'aan qorannoo kanaas kan agarsiisuu oduun durii dandeetti dubbisanii hubachuu barattootaa waliigalaa, dandeettii agarsiisuun hubachuu barattootaa, dandeettii gadifageenyaan xiinxlauun hubachuu barattootaafi dandeettii hubannoo ofii yaada ofiin ibsuu barattootaa sadarkaa ol'aanaa (qabxii giddu-galeessa >3.5) n olguddisuu isaa hubatamee jira. Oduun durii dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa waan olguddisuu danda'uuf, barsiisonni Afaan Oromoo sadarkaa lamaffaa irra barsiisan qabyyeewwan oduu durii dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa cimsuuf yeroo hundaa yoo itti fayyadaman gaariidha. Kana malees, qorannoon bal'aan waa'ee gahee oduu durii dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa guddisuufi dhiisuu irratti qorattoota gara fuulduraan osoo geggeeffamee gaariidha yaboon jedhu kennamee jira.*

# Galata

Qorannoon kun hojjetamee akka fiixaan bahuuf qaamolee na tumsaniif galata galchuun barbaada. Jalqabarratti, jalqabaa kaasaanii hanga xumura hojii kanaatti dadhabe, nuffe osoo hinjedhiin yaada naa kennuun, sirreeffamoota barbaachisoo ta'an taasiisuun yeroo isaanii aarsaa gochuun tajaajila gorsaa kan naa kennaa turan gorsaa koo Mulgeetaa Nagaasa (PhD) baayisee baayisee galateeffachuun barbaada.

Kana malees, yeroon qorannoo kana geggeessaa turetti yaadaan, maallaqaan, jajjabinaan, akkasumaas, kaka'umsa na keessatti uumuun na tumsaa kan turan abbaa warraa koo kabbadaa Diribaa olkabaaf, obboloota koo dhiiraafi dubaraa hunduma isaaniif galanni koo jabaadha.

Gama biraatiin, hiriyoota istaafii koo yemmuun qorannoo kana geggeessuutti kanneen na cina dhaabbachuun yaadaafi meeshaalee tokko tokkoon na tumsaniif galatni koo daraan ol'aanaadha. Karaa biraatiin, yeroon qorannoo kana geggeessutti yaada naa kennuun kan na cina dhaabbateefi barreeffama waraqaa kanaa kompitaraatti jijjiruun kan deggeree Obboleessa koo kan ta'e Dr.Tamasgeen Wubatuuf galannii koo jabaadha.

Dabalataanis ragaalee qorannoo kanaaf barbaachisu haala barbaadameen eeyyamamoo ta'anii kan naaf kennan barattoota kutaa 9$^{ffaa}$ Mana Barumsaa Fitaawuraarii Abbaayineh Sadarkaa Lamaffaafi barsiisota mana barumsichaa irra gosa barnoota Afaan Oromoo barsiisaniif galanni koo jabaadha.

Dhuma irrattis, hojjettoota mana kitaabaa Yuunivarsiitii Finfinnee kanneen fiixaan ba'iinsa qorannoo kanaaf tumsa gama kitaabilee wabii naa dhiheessuun na tumsaniif galata guddaan galcha.

# Baafata

**Qabiyyeewwan** **Fuula**


Galata ..... ii

Baafata Gabatee ..... v

Axaareera ..... vi

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ..... 1

1.1 Seenduubee Qorannichaa ..... 1

1.2 Ka’umsa Qorannichaa ..... 4

1.3 Gaaffilee Qorannichaa ..... 7

1.4 Kaayyolee Qorannichaa ..... 7

1.4.1 Kaayyoo Gooroo ..... 7

1.4.2 Kaayyoolee Gooree ..... 7

1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa ..... 8

1.6 Daangaa Qorannichaa ..... 8

1.7 Hanqina Qorannichaa ..... 9

1.8 QindoominaQorannichaa ..... 10

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU ..... 11

2.1 Afaan Barsiisuu ..... 11

2.2 Afoolaan  Afaan Barsiisuu ..... 12

2.3 Moodeloota Baruu-Barsiisuu Afoolaa ..... 15

2.3.1 Moodela Aadaa Bu’uureffate ..... 15

2.3.2 Moodela Afaan Bu’uureffate ..... 15

2.3.3 Moodela Dagaagina Namummaa Bu’uureffate ..... 16

2.4 Oduu Duriin Afaan Barsiisuu ..... 16

2.5 Oduu Duriin Dandeettii Dubbisuu Barsiisuu ..... 17

2.6 Haala Oduun Durii Dandeettii Dubbisuu Barsiisuuf Dhihaatu ..... 18

2.7 Gahee Oduu Duriin Dandeettii Dibbisuu Barsiisuun Qabu ..... 19

2.7.1 Dandeettiiwwan Dubbisanii Hubachuu Cimsuu ..... 19

2.7.2 Barattoota Kakaasuu ..... 20

2.7.3 Aadaa Barsiisuu ..... 20

2.7.4 Caacullee Ogumaa Beeksiisuu ..... 21

2.7.5 Dandeettii Gadifageenyaan Xiinxaluu Dabaluu ........ 21
2.8 Yaadiddamota Qorannichaa ........ 22
2.8.1 Yaadiddama Tajaajilaa ........ 23
2.8.2 Yaadiddama Dubbisaa Xiyyeeffate ........ 23
2.9 Qorannoo Aantee ........ 24
2.10 Walitti Hidhatiinsa Yaad-rimeewwan Qorannichaa ........ 26
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA ........ 27
3.1 Saxaxa Qorannichaa ........ 27
3.2 Madda Ragaalee ........ 27
3.3 Iddattoofi Tooftaalee Iddatteessuu ........ 27
3.4 Malleen Funaansa Ragaalee ........ 28
3.4.1 Qormaata Dubbisaa ........ 28
3.5 Mala Qaaccessa Ragaalee ........ 29
3.6 Sakkoo Qorannichaa ........ 30
BOQONNAA AFUR: QAACCEESSAAFI DHIHEESSA RAGAALEE ........ 31
4.1 Gahee Oduun Durii Dandeettii Dubbisanii Hubachuu Barattootaa Irratti Qabu ........ 31
4.1.1 Gahee Oduun Durii Dandeettii Hubannaa Waliigalaa Barattootaa Cimsuu Irratti Qabu ........ 34
4.1.2 Gahee Oduun Durii Dandeettii Agarsiisuun Hubachuu (Inferential Comprehension) Barattootaa Cimsuu Irratti Qabu ........ 42
4.1.3 Gahee Oduun Durii Dandeettii Xiinxaluun Hubachuu (Analytical Comprehsion) Barattootaa Cimsuu Irratti Qabu ........ 51
4.1.4 Gahee Oduun Durii Dandeettii Ofiin Ibsuu (Paraphrasing) Barattootaa Cimsuu Irratti Qabu ........ 61
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ........ 75
5.1 Cuunfaa ........ 75
5.2 Argannoo ........ 76
5.3 Yaboo ........ 77
WABIILEE ........ 78
DABALEEWWAN ........ 78
Dabalee “A”: Qormaata Yaaliin Dura Kenname ........ 82
Dabalee “B”: Leenjii Barattoota Garee Yaaliif Kenname ........ 86
DABALEE “C”: QORMAATA YAALIIN BOODA ........ 90

# Baafata Gabatee

**Gabatee** **Fuula**


Gabatee 1. Ragaalee Waliigalaa Dandeettii Dubbisanii Hubachuu Barattoota Kutaa 8ffaa Mana Barumsaa Beekumsa Biyyaa Sadarkaa 1ffaa ........ 31

Gabatee 2. Gahee Oduun Durii Dandeettii Hubannaa Waliigalaa Barattootaa Cimsuu Irratti Qabu Ilaalchisee Ragaalee Qormaata Duraa garee to'annoo Irraa Argaman. ........ 34

Gabatee 3. Gahee Oduun Durii Dandeettii Hubannaa Waliigalaa Barattootaa Cimsuu Irratti Qabu Ilaalchisee Ragaalee Qormaata Boodaa Garee To'annoo Irraa Argaman ........ 36

Gabatee 4. Gahee Oduun Durii Dandeettii Hubannaa Waliigalaa Barattootaa Cimsuu Irratti Qabu Ilaalchisee Ragaalee Qormaata Duraa Garee Yaalii Irraa Argaman. ........ 38

Gabatee 5. Gahee Oduun Durii Dandeettii Hubannaa Waliigalaa Barattootaa Cimsuu Irratti Qabu Ilaalchisee Ragaalee Qormaata Boodaa Garee Yaalii Irraa Argaman. ........ 40

Gabatee 6. Gahee Oduun Durii Dandeettii Agarsiisuun Hubachuu Barattootaa Cimsuu Irratti Qabu Ilaalchisee Ragaalee Qormaata Duraa Garee To'annoo Irraa Argaman. ........ 42

Gabatee 7. Gahee oduun durii dandeettii agarsiisuun hubachuu barattootaa cimsuu irratti qabu ilaalchisee ragaalee qormaata boodaa garee to'annoo irraa argaman. ........ 44

Gabatee 8. Gahee oduun durii dandeettii agarsiisuun hubachuu barattootaa cimsuu irratti qabu ilaalchisee ragaalee qormaata duraa garee yaalii irraa argaman ........ 47

Gabatee 9. Gahee oduun durii dandeettii agarsiisuun hubachuu barattootaa cimsuu irratti qabu ilaachisee ragaalee qormaata boodaa garee yaalii irraa argaman ........ 49

Gabatee 10. Gahee Oduun Durii Dandeettii Gadi-fageenyaan Xiinxaluun Hubachuu Barattootaa Cimsuu Irratti Qabu Ilaalchisee Ragaalee Qormaata Duraa Garee To'annaa Irraa Argaman. ..... 52

Gabatee 11. Gahee oduun durii dandeettii gadifageenyaan xiinxaluun hubachuu barattootaa cimsuu irratti qabu ilaalchisee ragaalee qormaata booda garee to'annaa irraa argaman ........ 54

Gabatee 12. Gahee oduun durii dandeettii gadifageenyaan xiinxaluun hubachuu barattootaa cimsuu irratti qabu ilaalchisee ragaalee qormaata duraa garee yaalii irraa argaman ........ 56

Gabatee 13. Gahee oduun durii dandeettii gadifageenyaan xiinxaluun hubachuu barattootaa cimsuu irratti qabu ilaalchisee ragaalee qormaata boodaa garee yaalii irraa argaman ................. 58

Gabatee 14. Gahee oduun durii dandeettii yaada ofiin ibsuu barattootaa cimsuu irratti qabu ilaalchisee ragaalee qormaata duraa garee to'annoo irraa argaman. ............................................ 61

Gabatee 15. Gahee oduun durii dandeettii yaada ofiin ibsuu barattootaa cimsuu qabuu irratti ragaalee qormaata boodaa garee to'annaa irraa argaman ........................................................... 63

Gabatee 16. Gahee oduun durii dandeettii yaada ofiin ibsuu barattootaa cimsuu irratti qabu ilaalchisee ragaalee qormaata duraa garee yaalii irraa argaman. ................................................. 65

Gabatee 17. Gahee oduun durii dandeettii yaada ofiin ibsuu barattootaa cimsuu irrattii ilaalchisee ragaalee qormaata boodaan garee yaalii irraa walitti qabaman ................................................... 66

Gabatee 18. Qaacceessa walmadaalsiisa gahee oduun durii dandeettii hubannaa waliigalaa barattootaa cimsuu irratti qabu kan Garee to'annaafi yaalii mala T-Testn.................................. 68

Gabatee 19. Qaacceessa walmadaalsiisa gahee oduun durii dandeettii agarsiisuun hubachuu barattootaa cimsuu irratti qabu kan Garee to'annaafi yaalii mala T-Testn.................................. 70

Gabatee 20. Qaacceessa walmadaalsiisa gahee oduun durii Dandeettii Gadifageenyaan xiinxaluun hubachuu barattootaa cimsuu irratti qabu kan Garee to'annaafi yaalii mala T-Testn 71

Gabatee 21. Qaacceessa walmadaalsiisa gahee oduun durii Dandeettii yaada ofii ibsuu barattootaa cimsuu irratti qabu kan Garee to'annaafi yaalii mala T-Testn.................................. 72

Gabatee 22. Bu'aawwaan qormaata barattootaa qabiyyeewwan dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa irratti kennaman irratti adda addummaa jiru mala walmadaalsiisan Piirsaniin(Pearson Correlation Moment). ........................................................................................................ 73

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Boqonnaa kana jalatti seensi qorannichaa dhihaatee jira. Haaluma kanaan, kutaan kun seendubee, ka'umsa, gaaffilee, kaayyoo, barbaachisummaafi daangaa qorannichaafatu dhihaatee jira.

## 1.1 Seenduubee Qorannichaa

Hayyoonni afaanii qorannoolee adda addaan akka mirkaneessaniitti, barsiisa afaanii keessatti afoola fayyadamuun waan baay'ee barbaachisaafi murteessaa ta'uu isaa irratti waliigalu. Sababni isaas, afoolli aadaa saba adda addaa waan agarsiisuuf barattoonni fedhiifi kaka'umsaan afaan akka barataniif gahee ol'aanaa akka qabuudha. Yaada kana ilaalchisuun Lazar (1993) yoo ibsitu, barattoonni barnoota afaanii milkaa'aa barachuu akka danda'aniif, afoolli fayyadamuun barsiisuun barbaachiisadha. Sababni isaas, afoolli dagaagina namummmaa, dagaagina xiinqooqaafi dagaagina aadaaf gahee ol'aanaa waan qabuufidha.

Kana malees, Erkaya (2005) afoolli dandeettiiwwaan afaanii gabbisuu keessatti bu'aa qabaachuu isaa ilaalchisee akka barreesseetti afoolatti fayyadamuun barattoonni waa'ee aadaa waan barataniif waa'ee waan darbeefi yeroo ammaa jiru walcina qabuun waan ibsaniif dandeettiiwwan afaanii bu'uuraafi ol'aanoo akka barataniif carraa ol'aanaa kan kennudha. Kana malees, barattoonni dandeettiiwwan seerlugaafi fayyadama jechootaa akkasumaas guutiinsa afaanii akka barataniif shoora inni qabu ol'aanaa ta'uu isaa ibsee jira. Yaaduma kanatti dabaluun, hayyuun kun yoo ibsu, afoolli dandeettii kalaqa barattootaa jajjabeessuun barattoonni dandeettii gadi-fageenyaan xiinxaluu isaanii akka malee akka dabalu tumsa jechuun ibsa.

Yaadota kana irraa wantii hubatamu afoollii dandeettiiwwan afaanii gabbisuu keessatti tumsa ol'aanaa qabaachuu isaati.Sababni isaas akka Lazar (1993) waa'ee afoolaan dandeettiiwwan afaanii barsiisuu ilaalchisee ibsiteetti afoolli gosoota adda addaa akka ofkeessatti hammata.Innis ogbarruu barreeffamaafi ogafaan jechuun qooddee jirti.Qoodinsa kana malees, hayyuun kunwaa'ee gosoota ogabbrruu irratti yoo dabaltu, ogbarruun gosoota kanneen durdurii, asoosama gabaabaa, asoosama bal'aa, ogawaloofi kanneen biroo akka ofkeessatti hammatee jiru ibsitee jirti.

Gosoota afoolaa keessaa tokko kan ta'e immoo oduu duriiti. Yaada kana ilaalchisuun King (2001) hiika oduu durii yoo ibsu, oduun durii seeneessa hololoo ta'ee akka kalaqa sammuutti kan ilaalamuudha. Oduun durii akka seenaa dhugaatti kan ilaalamu osoo hintaane wantoota ta'uu

danda'u jedhamanii amanaman haala uummaticha haamilee isaa, miira isa kaka'umsa isaa cimsuun barumsa kennuu danda'uun kan dhihaatuudha.

Yaada olii kanatti dabaluudhaan Seenaan (2010) yemmuu barreessu, oduun durii mala hawaasni jireenya isaa keessaatti horiitti, namatti, bineensootatti, mukatti, dhakaattifi kkf qabachuudhaan taatee durii ittiin dabarsuudha jechuun nibsa. Yaada kana irraa wanti hubatamu oduun durii akkaataa jiruufi jireenya hawaasa Oromoo kan ibsuu malee taatee dhugaafi qabatamaa fayyadamuudhaan waan mul'atu irratti kan hundaa'uu ta'uu dhiisuu isaati.

Barsiisa afaanii ammayyaa keessatti oduu durii fayyadamuun dandeettiiwwan afaanii barsiisuun bu'aalee hedduu qaba. Yaada kana ilaalchisee Lazar (1993. f. 29) :

> *using of literature in language teaching is very advantageous for it offers four benefits: authentic material, cultural enrichment, language advancement, and personal growth. This in turn indicates that using of short stories toteach ESL/EFL, i.e. motivational, literary, cultural and higher-order thinking benefits. First of all, literary texts can be more beneficial than informational materials in stimulating the acquisition process as they provide authentic contexts for processing new language. Literary texts expose learners to fresh themes and unexpected language. In this sense, 'a literary text is authentic text, real language in context, to which we can respond directly"*

Akka waraabbii olii kanaatti, oduudurii fayyadamuun afaan barsiisuun barattoonni dandeettii barnootichaa akka cimsatan, gosa barnoota barataniin beekumsa ga'aa ta'e akka gonfatan, haala ittiin aadaan hawaasaa ibsamu akka hubataniifi dandeettiiwwan bu'uuraa kanneen dubbachuufi dubbisuu bal'aa ta'e akka horataniif gahee ol'anaa qaba jetti. Kana jechuun oduu durii fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuun barattoonni dandeettii dubbisanii hubachuu akka cimsataniif gahee ol'aanaa qabaachuu isaati.Oduun durii gahee kana taphachuuf immoo karaalee adda addaan dhihaachuun baay'ee murteessadha.

Ellisfi Brewster (1991.f. 179) waa'ee dhihaannaa oduu duriidandeettii dubbisuu barsiisuu keessatti keessatti yoo barreessan:

"*Short stories enables students to understand and appreciate other cultures, societies and ideologies different from their own, it encourages personal growth and intellectual development. They also emphasize the importanceof the use of literature in EFL classes by arguing that:A major problem of language teaching in the classroom is the creationof an authentic situation for language. All language classrooms,especially those outside the community of native speakers, are isolatedfrom the context of events and situations which produce naturallanguage. Literature can overcome this problem because, in literaryworks, language creates its own context. The actual situation of thereader becomes immaterial as he or she looks on the events created bylanguage. These events create, in turn, a context of situation for thelanguage of the book and enable it to transcend the artificial classroomsituation"* jedhu.

Akka waraabbii oliitti, daree barnoota afaanii keessatti oduu durii fayyadamuun barattoonni kaka'umsa ol'aanaan akka barataniif, ilaalcha sirrii akka horataniif, waa'ee addunyaa kanaa akka hubataaniif, wantoota keessa isaaniitti dhaga'aman bifa ogbarruu fayyadamuun akka ibsataniifi dubbisuun dandeettii dubbisanii hubachuu isaanii sirriitti akka gabbifataniif bifa gabaabaan dhiheessuun barbaachiisa ta'uu isaati. Kana jechuun barsiisaan daree barnootaa keessatti afaan barsiisu tokko dandeettii dubbisanii hubahcuu barattootaa daran dabaluuf filachuun, shaakalsiisuun akkasumaas barattoonni haala walfakkaatuun daree barnootaatti fiduun dubbisuun wal irraa akka hubatan taasiisuun barbaachiisaadha jedhuudha.

Yaadni kanaan olii kun kan agarsiisuu, daree barnoota afaanii keessatti oduu duriin dandeettii dubbisuu barsiisuun bu'aa guddaa ta'e gumaachuu danda'uu isaati. Barsiisa Afaan Oromoo keessattis oduu durii fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuun baay'ee barbaachisaa ta'uu isaa barreessitonni tokko tokko ibsnaii jiru.Yaada kana ilaalchisee, Malaakineeh (2006) yoo ibsu, barsiisa afaan dhalootaa keessatti oduu durii fayyadamuun barattoonni dandeettii dubbisanii hubahcuu akka cimsatan tumsuun kaka'umsa ol'aanaan daree barnootichaa keessatti akka shaakalaniif gahee guddaa qabaachuu isaa ibsee jira.

Karaa biraatiin waa'e gahee oduun durii dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa cimsuu irratti qabu ilaalchisee, Biraanuu (2009.. 38)yoo barreessuu, "barsiisa afaan dhalootaa keessatti oduu durii dabaluun barsiisuun barattoonni dandeettiifi ga'umsa afaanichaa akka horatan

taasiisa. Kana malees, fedhaafi kaka’umsa dubbisuu barattootaa daran dabala.Kana malees, barattoonni oduu duriin yemmuu daree barnootaa keessatti Afaan Oromoo baratan miira gaariifi si’ataa ta’een waan barataniif dandeettii dubbisanii hubachuu isaaniif tumsa ol’anaa akka qabu ibsa.Dabalataaniis, oduu duriin Afaan Oromoo barsiisuun barattoonni dubbisanii waa’ee aadaa, duudhaa, safuufi barmaatilee uummatichaa qixa sirriin akka hubataniifi ofii isaaniillee barreessuun akka kalaqan taasiisa jechuudha.

Cuunfaan yaadoota kanaan olii kun kan agarsiisuu, barsiisa afaanii keessatti oduu durii dabaluun barsiisuun barattoonni dandeettiifi ga’umsa dubbisanii hubachuu akka daran gabbifataniif tumsusaa hubachuun nidanda’ama. Haa ta’u malee, manneen barnootaa bakka Afaan Oromoo akka afaan lamaffaatti kennamu keessatti barsiisonni afaanichaa oduu durii fayyadamuun dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa cimsuu irratti qaawwaa waan qaban fakkaata.Haaluma kanaan qorattuun kuniis, oduu durii fayyadamuun dandeettii dubbisuu barattootaa cimsuu irratti gahee inni qabu irraatti yaalii geggeessuun qaama dhimmi ilaallatuuf yaboo kennuun barbaachisa jettee waan amanteef qorannoo kanaan adda baasuuf geggeessitee jirti.

## 1.2 Ka’umsa Qorannichaa

Barsiisa afaanii milkaa’aa ta’e geggeessuun wantoota barattoonni beekaniifii salphaatti hubachuu danda’an irraa ka’uun baay’ee barbaachisaadha.Wantoota barattoonni salphaattii hubachuu danda’an keessaa muraasni isaani kanneen akka aadaa, duudhaa, safuu, barteewwan gurguddoofi xixiqqaa akkasumaas afoolli shooraa guddaa taphata. Yaada kana ilaalchisee, Filee (2016) yoo barreessuu, uumanni Oromoo afoola fayyadamuun aadaa isaa, duudhaa isaa, beekumtaa isaafi qabiyyeewwan aadaa kanneen biroos dhalootaa dhalootti afaaniin dabarsaa, lufsiisaa, olkaa’aa waan adeemuuf qabiyyeewwan kana sirna barnootaa keessatti fayyadamuun dandeettii barattoonni qaban daran akka gabbatuuf shoora ol’aanaa tapahata jedha..

Yaaduma olii kanatti dabaluun Dirribii (2016) waa’ee faayidaa afoolaa irratti yoo barreessuu, uummanni Oromoo afoola isaa fayyadamuun eebbisuu, abaaruu, gammaduu, gadduu, jajuu, tuffachuu, ofiitti dabaluu, ofirraa adda baasuu, akkasumaas kan qollifatamuu qabu immoo qollifachuun bifa miidhagina qabuun dhalootaa dhalootatti dabarsa. Dhaloonnis dirree barnootaa keessatti qabiyyeewwan afoola yookiin ogafaanii kana yoo fayyadame dandeettiiwwan afaanii

daran gabbisuu danda’a jedha.Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa gahee oduun durii dandeettii dubbisuu barattootaa cimsuuirratti qabu irratti geggeeffama.Qorannoo kana geggeessuuf wantoonni lama kaka’umsa ta’anii jiru.

Qorattun muxannoo barsiisuu irraa hubachuuf akka yaalteetti kitaabileen barnoota Afaan Oromoo akka afaan lamaffaatti barsiisuuf qophaa’aanii yeroo ammaa kana hojiirra oolaa jiran qabiyyeewwan oduu durii dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa cimsuuf xiyyeeffannaa addaa kennuun bal’inaan keessatti hammatamee kan hinjirre ta’uu isaa qaawwaa fakkaatee waan itti mul’ateef kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa 9[ffaa] qabiyyeewwan oduu durii dandeettii dubbisuu barattootaa cimsuuf hanagam xiyyeeffatee akka jiru qorachuuf kaka’umsa godhattee jirti. Gama biraan immoo yeroo amma kana barsiisa Afaan Oromoo daree barnootaa keessatti akka afaan lamaaffaatti barsiisonni irra caalaan oduu durii kan ofii isaanii dareetti fiduun barattoonni dubbisanii akka hubataniif kaka’umsi qaban baay’ee laafaa waan fakaatuuf qoratamee qaama dhimmi ilaaluuf yoo bifa yaboon ibsame gaarii ta’a yaada jedhu irra ka’uun qorannichi akka geggeeffameef kaka’umsa uumee jira.

Inni biraan immoo qorannoowwaan mata-duree kanaan walqabatanii kanaan dura geggeeffaman ilaaluun qaawwaa isaan osoo hintuqiin hafan guuttee hubannoo uumuuf kaka’umsa godhattee jirti.Kanaan dura qorannoowwaan hedduun mata-duree kanaan walqabatan geggeffamanii jiru.Qorannoowwan geggeeffaman keessaa muraasni isaanii haala kanaan gadiitiin ibsamanii jiru.

Lammeessaa Kumarraa (2009) qorannoo mata dureen isaa “sakatta’a eebbaa Oromoo fayaydamuun dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa cimsuun qabu” jedhu irratti geggeessuun, daree barnootaa keessatti barsiisoonni barattoonni eebbaa akka shaakalaniif carraa yoo kennan dandeettiin dubbachuu isaanii daran dabaluu yoo dandeessiseellee barsiisoonni bal’inaan eebbaa fayaydamuun dandeettii dubbachuu barattootaa akka cimu taasiisaa akka hinjirre argannoon argatee jira. Qorannoon kun immoo qorannoo Lammeessaan geggeffame irraa kan adda ittiin ta’u waa’ee gahee oduu durii Oromoo fayyadamuun dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa cimsuu keessatti qabu waan xiinxaluuf adda addummaa qaba. Kana malees, Lameessan afgaaffii barsiisotaafi maree garee barattootaa fayyadamuun ragaalee

qorannoo isaa kan funaannate yoo ta'u qorannoo kana keessatti qorattuun qormaata duraafi boodaa akka mala funaansa ragaa ijootti waan itti fayyadamteef gama mala qorannoon adda addummaa qaba.

Kana malees, Bizuneesh (2016) qorannoo mata dureen isaa "Mammaaksaa Oromoon danddeettiwwan afaanii barattoota Daduu sadarkaa 2ffaa barsiisuu" jedhu irratti qorannoo geggeessuun mammaaksi dandeettiiwwan kanneen akka dubbachuu, dhaggeeffachuu, barreessuufi xiinxaluu barattootaa daran dabaluu akk danda'u aragannoon argattee jirti. Bizuneesh mala qorannoo gariin yaali fayaydamuun barattoonni mammaaksaan barsiisfaman kanneen makmaaksaan hinbarsiifamne caalaa dandeettiiwwan afaanii akka gabbifatan argannoon argattee jirti. Bizuneesh waa'ee mammaaksaan dandeettiiwwan afaanii barsiisuu irratti haa xiyyeeffatuuyyuu malee addaatti gahee mammaaksi dandeettii dubbisaanii hubachuu barattoota irraatti qabu irraatti waan ibsite waan hinqabneef qorannoon kun gahee oduun durii dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa cimsuu irratti qabu xiyyeeffachuun waan geggeeffameef adda addummaa qaba jechuudha.

Kana malees, qorannoon baay'ee qorannoo geggeeffamu kanatti dhihoo ta'e qorannoo Gammachiis Waaqjiraa (2019) qorannoo mata-duree "gahee oduun durii dandeettiiwwan afaanii barattoota Mana Barumsaa Tibbee sadarkaa 2ffaa cimsuu irratti qabu" jedhu irratti geggeeffamuun oduun durii dandeettiiwwan afaanii keessummaatti dandeettii dubbachuufi barreessuu barattootaa cimsuu irraatti shoora ol'aanaa akka qabu argannoon argatee jira. Qorannoon Gammachisiin geggeeffame kun dandeettiiwwan afaanii akka waliigalaan kan xiyyeeffateefi keessuummattiyyuu oduun durii dandeettiiwwan dubbachuufi barreessuu barattootaa akka cimsu irratti waan xiyyeeffateef gahee oduun durii dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa irratti qabu waan ibse hinqabu. Kanaaf qorannoon kun qaawwa Gammaachiis gama kanaan dhiise irratti hojjechuun dhiphisa. Kana malees, Gammachiis afgaaffiifi maree garee fayyadamuun ragaalee walitti qabatee jira.Haa ta'u malee qormaata duraafi boodaa isa ijoo ta'e osoo hinfayyadamiin waan hafeef qorannichi qaawwaa qaba. Kanaaf, qorannoon kun qaawwa gama kanaan jiru akka duucheef kakka'umsa ta'ee jira.

Walumaagalatti, qorannoon kun gahee oduun durii dandeettii dubbisuu barattoota Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Fiitawuraarii Abbaayinee kutaa 9ffaa cimsuu irratti qabu irraatti waan geggeeffameef qabiyeeniis ta'e xiyyeeffannaan adda addummaa qaba jechuudha.

## 1.3 Gaaffilee Qorannichaa

Qorannoo kana geggeessuuf qorattuun gaaffilee kanaan gadiitti ananii jiraniif deebii kennitee jirti.

1. Oduu durii fayaydamuun barsiisuun dandeettii dubbisanii hubachuu waliigalaa barattoota hangam cimsa?

2. Oduun durii dandeettii dubbisaanii agarsiisuun hubachuu barattoota Afaan Oromoo akka afaan lamaffaatti baratan hangam cimsuu danda'a?

3. Oduun durii dandeettii gadifageenyaan dubbisanii xiinxaluun hubachuu barattootaa Afaan Oromoo akka afaan lamaffaatti baratan hangam cimsa?

4. Oduun durii dandeettii dubbisanii yaada ofiin ibsachuu barattoota Afaan Oromoo akka afaan lamaffaatti baratan hangam cimsa?

## 1.4 Kaayyolee Qorannichaa

### 1.4.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa gahee oduu durii fayyadamuun dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa Afaan Oromoo akka afaan lamaffaatti baratamn cimsuu irratti qabu akka Mana Barumsaa Fiitawuraarii Abbaayinee Abbaayinee kutaa 9ffaatti sakatta'uudha.

### 1.4.2 Kaayyoolee Gooree

Kaayyolee gooreen qorannoo kanaa kanneen kanaan gadiitti tarreeffamaniidha.

1. Oduu durii fayyadamuun barsiisuun dandeettii dubbisanii hubachuu waliigalaa barattoota Afaan Oromoo akka afaan lamaffaatti baratan hanagam akka cimsuu danda'u ibsuu,

2. Oduun durii dandeettii dubbisaanii agarsiisuun hubachuu barattoota Afaan Oromoo akka afaan lamaffaatti baratan cimsuufi dhiisuu isaaa xiinxaluu,

3. Oduun durii dandeettii gadifageenyaan dubbisanii hubachuu barattoota Afaan Oromoo akka afaan lamaffaatti baratan cimsuufi dhiisuu isaa yaaliin mirkaneessuu.

4. Oduun durii dandeettii dubbisanii yaada ofiin ibsachuu barattoota Afaan Oromoo akka afaan lamaffaatti baratan hangam cimsuu akka danda'u qaama dhimmi ilaaluuf gabaasuu.

## 1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun gahee oduu durii fayyadamuun Afaan Oromoo barsiisuun dandeettii dubbisanii hubachuu barattoota Afaan Oromoo akka afaan lamaffaatti baratan irratti qabu, Mana Barumsaa Fiitawuraarii Abbaayinee sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaa cimsuu irratti qabu sakatta'uuf geggeeffamee jira. Geggeeffamuun qorannoo kanaas, qaamoota fayyaduu maluu ni qabaata. Qaamonni qorannoo kana irraa fayyadamuu danda'aniis kanneen kanaa gadii ta'u.

1ffaa/ Qorannoon kun barsiisota Mana Barumsaa Fiitawuraarii Abbaayinee sadarkaa 2ffaafi kanneen biroo manneen barnoota sadarkaa 2ffaa irra gosa barnoota Afaan Oromoo akka afaan lamaffaatti barsiisan gahee oduu durii fayyadamuun Afaan Oromoo barsiisuun dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa cimsuu irratti qabu daraan hubachuun barsiisa isaanii keessatti akka hammachiisaniif bu'aa buusuu mala. Sababni isaas barsiisonni mana barumsaa Fiitawuraarii Abbaayinee iddattoo qorannoo kanaa ta'uun waan tajaajilaniif. Akkasumaas qorattuun bu'aa qorannichaa mafrsariitii mana barumsichaa irratti fe'uun dubbisaaf waan qaqqabsiistuuf.

2ffaa/Barattoota sadarkaa 2ffaa keessummattiyyuu barattoota Mana Barumsaa Fiitawuraarii Abbaayinee Abbaayinee sadarkaa 2ffaa Afaan Oromoo akka afaan lamaffaatti barataniif ogafaan fayyadamuun Afaan Oromoo barachuun dandeettiiwwan bu'uraa afaanii keessummattuu dandeettii dubbisuu isaanii daran akka gabbisu irratti hubannaa uumuu danda'a. Sababni isaa barattoonni mana barumsaa kanaa iddattoo qorannoo kanaa ta'uun waan tajaajilaniif.

3ffaa/ Sababa gabaabina yerootiin qorattuun qaawwaa osoo hinqoratiin hafte qorattoonni gara fuulduraa guutuun qorannoo gadifageenyaa akka geggeessaniif ka'umsa ta'uun fayyaduu dada'a.

## 1.6 Daangaa Qorannichaa

Qorattuun qorannoo kana gama bakkaafi qabiyyeen daangeessiti. Bakki qorannoon kun itti gaggeeffamuMagaalaa Fifinnee Kutaa Magaala Aqaaqii Qaallittii keessatti kan argamu Mana Barumsaa Fiitawuraarii Abbaayinee Abbaayinee sadarkaa 2ffaa irrattidha. Daangaa qorannoo kanaa bal'isuun akka inni sadarkaa biyyaatti geggeeffamu gochuun yoo danda'amellee qorannoo bal'aa geggeessuun yeroofi maallaqa hedduu waan gaafatuuf daangeessuun gaarii ta'ee mul'atee jira. Sababni qorannoon kun magaalaa kanatti daangeffameef; qorattuun ragaalee qorannoo kanaaf barbaachisan barattotaafi barsiisota Afaan Oromoo akka afaan lamaffaatti barataniifi barsiisan irraa haala salphaa ta'een walitti qabachuu waan dandeesseefidha.

Daangaan qabiyyee qorannoo kanaa gosa afoolaa keessaa oduu durii Oromookan jedhu yoo ta'u, gahee oduu durii fayyadamuunAfaan Oromoo barsiisuun dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa cimsuu irratti qabu xiyyeeffachuun geggeeffamee jira. Haaluma kanaan, qorattuun oduun durii dandeettii dubbisanii hubachuu waliigalaa(General comprehension)barattootaa cimsuufi dhiisuu isaa, dandeettii agarsiisuun hubachuu (inferential comprehension) isaanii cimsuufi dhiisuu isaa, dandeettii gadifageenyaan hubachuu (analytical comprehension) isaanii cimsuufi dhiisuu isaafi dandeettii hubannaa isaanii yaada ofii isaaniin ibsuu cimsuufi dhiisuu isaa addaan baasuu irratti xiyyeeffachuun qorannoo kana geggeessitee jirti. Haala daangaa ta'een, qorattuun hanga danda'ametti barruulee gama yaadrimeefi yaadiddamaan qorannoo kana faana walitti hidhatiinsa qaban sakatta'uun qorannicha geggeessitee jirti.

## 1.7 Hanqina Qorannichaa

Qorattuun kun qorannoo kana mata duree "Gahee oduu duriin dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa cimsuu irratti qabu: Mana Barumsaa Fiitaawuraarii Abbaayinee Sadarkaa 2^ffaa Kutaa 9^ffaa xiyyeeffachun" jedhu irratti geggeessitee jirti. Qorannoon kundandettiiwwn afaan barsiisuufi barachuu waliigalaa irratti osoo geggeeffamee gaarii ture. Haa ta'u malee, oduun duriin dandeettiiwwan kana yeroo gabaabaa keessatti qorachuun yeroo dheeraa waan barbaaduuf guutummaa guutuutti qorannoo kana keessatti hammachiisaanii qorachuun rakkisaa ta'ee mul'atee jira. Kanaaf qorattuun kun gosoota dandeettii afaanii keessaa dandeettii dubbisanii hubachuu qofa xiyyeeffachuun isaa akka hanqina qorannoo kanaa ta'ee mul'atee jira. Dabalataaniis, qorattuun kun waa'ee dandeettii Afaan Oromoon dubbisanii hubachuu irratti qorannoo kana waan geggeessiteef dhimma gahee oduun durii dandeettii dubbisanii hubachuu guutummaa guutuutti qorannoo tokkoon qoratamee kan dhumu waan hintaaneef, dhimma kana guutummaa gutuutti hammachiisuun qorachuun yeroo kan barbaaduudha. Kanaaf hanqinii gama kanaan mul'atee jira. Gama biraan immoo yemmuu qorannoon kun geggeeffameetti bakka qorannoon kun geggefefameetti barattoonni hedduun isaanii barnoota Afaan Oromoon barachuu yeroo dhihoo waan jaqabaniifdubbisa kenname ariitiin dubbisanii hubachuu irratti rakkoo uumee jira. Hanqinaaleen kun qorattuu haa mudatan malee, qorattuun kutannoon hojii kana geggeessuun adeemsa keessa darbamuu qabu hundumaa darbuun qorannicha fiixaan baastee jirti. Hanaga danda'ameetti qorattuun kun yaaliin oduu durii fayyadamuun dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa cimsuufi dhiisuu isaa addaan baastee jirti. Gama biraan qorattuun kun turban jahaaf

osoo gargar hinkutiin yaalii barattoota garee yaaliifi garee to’annoo jalatti ramadaman irratti geggeessuun  qorannicha xumurtee jirti.

## 1.8 QindoominaQorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee gurgudoo shan qaba. Boqonnaa jalqabaa waa’ee seensa qorannoo kanaa kan ibsu yemmuu ta’u; boqonnaan lamaffaa immoo kitaabilee, barruulee, qorannoowwaniifi joornaaloota qorannoo kanaan kanneen walitti hidhatiinsa qaban kan sakatta’uudha. Boqonnaa sadaffaan immoo malafi tooftaa qorannoon kun ittiin geggeeffame kan agarsiisuudha. Boqonnaa afraffaa jalatti ragaalee gama addaa addaatiin walitti qabaman haala ittiin gaaffilee qorannichaa deebisuu danda’anii bakka itti qaacceeffamaniidha. Boqonnaa shanaffaan immoo adeemsota adda addaa keessa darbuun bakka itti qorattuu cuunfaa, argannoofi yaboo ibsedha.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaa kana jalatti, qorattuun barruulee mata-duree kana waliin walitti hidhatiinsa yaad-rimee, yaadiddamaafi aantee qaban bakka wabeeffachuun ibsitee jirti.

## 2.1 Afaan Barsiisuu

Barsiisuun jechuun waan barattoonni beekan yookiin waan haaraa ta'e akka hubatan taasiisuu jechuudha.Barsiisuun aartiifi ogummaadha.Aartiidha yemmuu jedhamuu haala miidhagaa ta'een qindeessanii hubachiisuudha. Ogummaadha jechuun immoo barsiisuun nama kennaa barsiisuu qabu malee abbamti fedhee kan barsiisuu akka hintaane kan ibsuudha. Yaada kana ilaalchisee McKay (1982) yoo barreessuu, barsiisuun karaa ittiin jijjirama amala, yaad-qalbiifi ilaalchaa barattoota keessatti uumuun danda'amuudha jedha. Jijjiramoota kan dhala namaa keessatti fiduuf immoo haala ittiin barsiisaaniifi tooftaa ittiin barnoonni kennamu hubachuun barbaachiisadha. Kana malees, hayyuun kun barsiisuuu karaa lamaan ibsuuf yaalee jira.

Innis barsiisa duriifi barsiisa amayyaa jechuun. Barsiisni durii barnoota manneen amantaa keessatti jalqabee ta'ee barsiisaan yookiin abbaan amantaa tokkoo guutummaa guutuutti madda beekumsaafi waan ofii fedhee qofa haala barsiisuun kan kennamuudha. Barsiisni amayyaa immoo, barsiisaan haala mijeessuun beekumsa barattonni qabatanii gara mana barnootaa dhufan cimsuu, dagaagsuufi daran gabbisuuf kan kennamu ta'uu isaati (Pieper, 2006..5).

Barsiisa afaanii jechuun immoo karaa ittiin barsiisaan barattoota dandeettiiwwan afaanii bu'uuraafi ol'annoo ta'an gonfachiisuuf barnoota kennuudha.Yaada kana ilaalchisees, Crumbley fi Smith (2010. 292) wa'ee barsiisa afaanii yoo barreessan, "afaan barsiisuun qabiyyeewwan afaanii kanneen akka sagaleelee afaanii barsiisuu, xiinjecha irratti hojjechuu, xiinhima addaan baasuu, haala fayyadama afaanii barsiisuu, caaslugaa afaanii barsiisuu, seerluga afaan tokko uuman barsiisuufi kanneen biroo" akka ta'an barreessuu.Akka yaada hayyoota kanaatti, afaan barsiisuu jechuun haala waligala afaan tokkoo barsiisuufi toftaalee ittiin afaan fayyaduu danda'u hubahciisuu ta'uu isaati.

Yaaduma olii kanaan bifa walfakkaatuun Brumfit (2004) yoo barreessuu, afaan barsiisuun karaa ittiin barattoonni dandeettiiwwan afaanii sadarkaa xiisagaatti, xiinjechaatti, xiinhimaatti, xiindubbiitti, xiinlugatti, xiinqooqaatti hubataniin akkaataa barbaadamuun kennuu

jechuudha.Qabiyyeewwan barsiisaa afaanii keessatti hammataman kana barsiisuun karaa lamaan akka raawwatuu beekamaadha. Isaaniis, barsiisaa afaanii duriifi barsiisa afaanii amayyaati.

Yaada kana ilaalchisee, Harmer (2006) yoo barreessituu, barsiisni afaanii durii malleen barsiisa afaanii kanneen akka mala hiika seerlugaa, mala kallatti, mala af-dhageettii, mala caasaa xiyyeeffate yoo ta'u malleen kun fedhifi dandeettii barattotaa giddu-galeesssa waan hintaasiisneef malleen kufoodha. Malli amayyaa immoo malleen dandeettiifi fedhii barattootaa giddu-galeessa godhate ta'ee malleen akka mala quunnamtii, mala dhokataan seerluga barsiisuufi kanneen biroo ofkeessatti hammachuun kan barsiifamuudha.

Kana malees, barsiisa afaanii amayyaa keessatti barsiisonni afaanii dandeettiiwwan afaani barattootaa qixa sirriin akka gabbatuuf ogbarruu/ogafaaniifi hojiiwwaan kalaqaa hammachiisuun barsiisuun barbaachisaa ta'uu isaa ibsu.Yaada kanaas, Ur (1996) barsiisoonni barattootaa dandeettiiwwan bu'uuraafi dandeettiiwwan ol'aanoo gonfachiisuuf ogbarruu/ogafaan fayyadamuun baay'ee murteessaadha jetti. Akka yaada hayyuu kanaatti dandeettiiwwan bu'uuraa, dandeettiiwwan xiinxaluu, dandeettiiwwan qaacceessuu, dandeettiiwwan madaalsiisuufi kanneen biroo uumuuf barsiisonni barsiisa afaanii keessatti ogbarruu/ogafaan hammachiisuun barbaachiisaa ta'uu isaati.
Walumaagalatti, afaan barsiisuu jechuun karaa ittiin barattoonni dandeettiiwwan dhaggeeffachuu, dubbachuu, barreessuu, dubbisuu, yaaduu, xiinxlauu, hubachuufi kalaquu danda'aniin ga'omsuudha.

## 2.2 Afoolaan Afaan Barsiisuu

Yaadiddamni afaan barsiisuufi afaan barachuu jijjiramaafi guddataa jaarraa hedduu keessa darbee sadarkaa ammaa irra gahe.Hayyoonni xiinqooqaa, xiinsammuu, barnootaa, siyaasaafi falaasamaa jijjiiramaa dhufuu afaan barsiisuu keessatti gahee guddaa taphatanii akka jiran ibsama (Cameron, 2001).Fedhiifi faayidaan barnoota afoolaas yeroodhaa yerootti guddataafi jijjiiramaa akka dhufe himama (Brumfit, 2004).

Afoolli beekumsaafi muuxannoo hawaasaan baldhaadhaa waan taheef barnoota keessatti meeshaa qabatamaa filannoo hinqabne akka tahe ibsama. Ogeeyyiin sirna barnootaa qopheessan faayidaa afoola barattootaaf qabu hubachuun silabasii barnoota afaanii ogafaan bu'ureffate

bocuu kan eegalan bubbuleera. Haatahu malee akka seenaan barnoota afoolaa mul'isutti hubannoo afoolli dhabuufi faayidaa inni barattootaaf qabu wallaaluu irraan yookaan rincicuu irraan ogeeyyiin sirna barnootaa bocan afoolaa qarqaratti dhiibaa turaniiru. Haala kana jijjiiruun jaarraa tokkoo ol akka fudhate Cameron (2001)ni ibsa.

Sochiifi dagaaginni barnoota afoolli jaarraa 18ffaa -20ffaa keessatti falmiifi atakaroo yaada hayyoota garaagaraa keessa akka darbe Lazar (1993) fi Cameron (2001) ibsanii jiru.Dabalataan, sirni barnoota afaanii bu'uura afoola hamayyummaan hundaa'e erga jaarraa 20ffaa kanaas akka babal'atefi guddina ogummaa afaaniifi afoolaa barattoota addunyaaf bu'aa qabatamaa akka buuse qorannoon deggeranii dhiyeessanii jiru.

Afoolli ogummaa dhalli namaa waa'ee haala jireenya isaa, duudhaa, haala hawaasummaa isaa, haala dingadee isaa, haala aadaa isaa, haala walitti dhufeenya inni uumaa isaa waliin qabu irratti bifa barreeffamaan barreeffamee taa'uudha. Yaada kanas Lazar (1993) yoo barreessituu, afoolli karaa ittiin aadaan, safuun, ilaalchi, haalli jiruufi jireenyaafi walitti dhufeenyi hawaasummaa saba tokko dhalootaa gara dhalootaatti bifa barreeffamaan walitti qabamee darbuu danda'uudha jetti. Afoolaan dhalli namaa eenyummaa isaa hubata, nibarreessa, quuqqaa keessa isaati qabu ibsata, waa'ee isaa dhalootaaf dabarsee kaa'a jechuudha.

Barsiisa afaanii keessatti afoola fayyadamuun baay'ee murteessaadha. Sababni isaas afoolli karaa ittiin dandeettiiwwan afaanii hedduun gonfatamuu danda'u waan ta'eefidha. Kana malee, afoolli afaan barsiisuun barattoonni dandeettiiwwan barnootaa, beekumsaa ga'aa ta'ee, beekumsa aadaafi beekumsa xiinqooqaa akka gonfataniif carraa bal'aa kan kennuudha. Yaada kanas Malaakineeh (1996) yoo barreessuu, afoolli akka barnoota afaanii keessatti hammachiifamee kennamuuf yaadni bu'uuraa kan kennamee naannoo walakkeessaa jaarraa 19ffaa yemmuu ta'u kaayyoon isaas barattonni dandeettii barnoota afaanii kallattii hundumaan akka horataniif jedhamee yaadameeti.

Yaada kanaan oliitti dabaluun Brumfit (2004) yoo barreessu, afoola fayyadamuun afaan barsiisuun haala jiruufi jireenya hawaasaa tokko bifa hirmaachisaafi hubatama ta'een barattoonni akka baratan taasiisuudha. Kana jechuun barattoonni afoola fayyadamuun afaan yemmuu baratan

taateewwan hawaasa tokko keessa jiran hedduu isaanii afaan fayyadamuun waan ibsaniif dandeettii barreessuu, dubbisuu, hubachuu, kalaquufi waan tokko karaa nama hawwatuun barreessuuf bu'aa kan qabu ta'uu isaati.

Yaada olii kana bifa cimsuun, Widdowson(2004) waa'ee bu'aalee afoolaan afaan barsiisuu qabu irratti yaada yoo ibsuu, afoolaan afaan barsiisuun gosoota afoola hedduu hammachiisuun kan geggeeffamuu yemmuu ta'u gosoonni barsiisa afaanii keessatti fayyadaniis, kanneen akka durdurii, asoosama gabaabaa, asoosama dheeraa, ogawalaloo, mammaaksootaafi ciigoowwan akkasumaas kanneen biroon kan raawwatamu yoo ta'u barattoonni taateewwan jireenya isaan keessatti mudatan gosoota ogbarruu/ogafaan kana fayyadamuun barsiisuun barattoonni dandeettii afaanicha akka cimsataniif isaan gargaara jechuun ibsa.

Bu'aalee afoola fayyadamuun afaan barsiisuun qabu ilaalchisee Brumfit (2004) yoo ibsuu, afoola fayyadamuun afaan barsiisuun dandeettiiwwan afaanii gabbifachuuf nama gargaara, barattoonni hirmaannaa ho'aa ta'een afaan hordofanii akka barataniif kakaasa akkasumaas barattoonni kallattiinis ta'e alkallattiin waa'ee aadaa, amantaa, haala jiruufi jireenyaa akkasumaas falaasamaafi duudhaalee ofii isaanii qixa sirrii ta'een akka barataniif gumaacha ol'aanaa qaba.

Yaada olii kanaan bifa walfakkaatuun Cootere (1991) waa'ee bu'aa afoolaan afaan barsiisuun qabu irratti yoo barreessuu, afoolaan afaan barsiisuun barattonni waa'ee addunyaa akka xiinxalaniifi yaada taasiisuu irra darbeeyyuu barattoonni dandeettiiwwan afaanii hedduu akka horataniif bu'aa buusa jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti afoolaan barnoota afaanii keessatti dandeettiiwwan bu'uraa qixa sirriin akka gabbataniif karaa kan banu ta'uu isaa hubachuun nidanda'ama.

Kana malees, Cameron (2001) waa'ee afoolaan afaan barsiisuu irratti yoo ibsu, ogabarruun afaan barsiisuun qabxiilee hedduu kan ofkeessatti qabatuudha. Isaaniis, itti fayyadamni afaanii kanneen ogbarruu keessatti fayyadaman kanneen dhalli namaa alatti fayyadamuun ala waan hintaaneef, dandeettii itti fayyadama afaaniifi beekumsa isaa barattonni akka cimsataniif gargaara. Afoolli haala itti fayyadama afaaniifi walitti dhufeena hawaasummaa afaan qabu irratti tumsa guddaa waan qabuuf hiika jechoota adda addaa haala itti fayyadamoota adda addaa keessatti barattonni

akka hubataniif carraa kan banuudha. Afoolli muuxannoo, mudanoo, haala jiruufi jireenya hawaasaa, rakkoolee dhala namaa mudatan, karaalee ittiin rakkooleen dhala namaa mudatan furamuu dand'aniifi kanneen biroo hubachiisuu keessatti gahee ol'aanaa waan qabuuf barattonni akka waa hedduu ogbarruun afaan barachuu keessatti akka hubataniif kan tumsudha jedha.

## 2.3 Moodeloota Baruu-Barsiisuu Afoolaa

Afoolli barnoota keessatti dhimma filatamaafi barbaachisaa akka tahe hayyoonni baay'een irraatti walii galu.Dhimma barbaachisaafi barsiisaa tahe kana haala kamiin/ mala kamiin daree barnoota afaanii keessatti akka dhiyeessuun milkaa'uun danda'amu irratti hayyoonni moodeloota garaagaraa addaan baasanii kaayyoo isaanii waliin dhiyeessanii jiru. Carter fi  Long (1991) moodeloota baruu-barsiisuu ogbarruun/afoolaan barsiisa afaanii keessatti fayyaduu danda'u moodeela aaadaa bu'ureeffate, moodeela afaan bu'ureeffateefi moodeela dagaagina namummaa bu'ureeeffate jechuun haaala sadiin dhiyeessanii jiru.

### 2.3.1 Moodela Aadaa Bu'uureffate

Kaayyoon moodela kanaa ogbarruu/afoolli akka riqicha dabarsituu seenaa, yaadiddama ogbarruu/afoolaa, goorowwan ogbarruu/afoolaa, seenaa dhaloota barreessitoota ogbarruufi kkf xiyyeeffachuun barsiisuudha.Afaan karaa dhugaa aadaan ittiin baratamuufi aadaan karaa ittiin afaan barsiifamuuf daandii akka tahetti dhiyeessa (Carter fi Long, 1991).

### 2.3.2 Moodela Afaan Bu'uureffate

Moodelli bu'uura afaanii kun akkuma maqaan isaa ibsutti, ogbarruun/afoolli riqicha ittiin ogummaa afaanii guddifataniifi waa'ee afaanii cimsatan akka tahetti fudhata. Kana jechuun miidhaginnifi qabatamummaan ogbarruu/afoolaa karaa xiinqoqaafi cimina haal-dubbii ogbarruu/ogafaan sanaa hubatama (Lazar, 19993).

Qulqullina hojii ogbarruu/afoolaa tokkoof xiyyeeffannoon hinkennamu.Dhimma amaloota xiinqooqaa ogbarruu/ogafaaniif xiyyeeffannaa kennuun xiinxaluun yookaan ogbarruu/afoola dubbisuun gaarii taha. Yaadicha Murdoch (2002) akka ibsuutti, moodeelli afaan bu'ureeffate akkaataa ittiin dandeettiiwwan afaanii gabbachuu danda'u, barattoonni itti fayyadama afaanii haala sirrii ta'een hubatan, walitti dhufeenya caaculleen oduu duriifi afaan qabu hubataniifi dandeettii quunnamtii afaanii cimsatan hunduma kan hammatuudha.

### 2.3.3 Moodela Dagaagina Namummaa Bu’uureffate

Moodelli kun muuxannoo dhuunfaa barattootaaf bakka olaanaa kennuudhaan akka barruu ogbarruu/afoolaa keessatti of ilaalan barattootaaf carraa kenna. Barattoonn barruu ogbarruu/afoola tokko waliin akka dubbatan yoo taasifame gabbina ogummaa ogbarruu/afoola isaaniifi ogummaa afaanii isaanii kallattii garaagaraan akka cimsatan carraa banaafi. Moodelli kun namummaa yookaan oftahuufi ofitti amanamummaa barattootaa waan cimsuuf caasaa afaanii barruu sanaaf hin muddamu (Carter fi Long, 1991).

Moodela dagaagina namummaa kana keessatti barattoonni jechoota barachuuf kan muddaman osoo hintaane hojii ogbarruu tokko akka dinqisiifatan, muuxannoo ofii waliin walqabsiisuun jireenya guyyuu isaanii faana akka xiinxalaniif isaan jajjabeessa. Haalli kun immoo, walirraa barachuu, waliin barachuu, naannoo irraa barachuufi kkf. cimsaa waan deemuuf, barattoonni ofitti-amanamummaa akka qabaatan, akka ofjaallatan, eenyummaa isaanii akka barbaadan, ogummaa gadifageenyaan yaaduu isaanii gabbisaa deema.

## 2.4 Oduu Duriin Afaan Barsiisuu

Karaalee ittiin barsiisni afaanii milkaa’an kennamuu danda’u keessaa tokko kan ta’e oduu durii fayyadamuu ta’uu isaa hayyoonni baay’een irratti waliigalu. Barsiisa afaanii keessatti oduu durii fayyadamuun dandeettii afaanii bifa qeenxeen yookiin walitti hidhatiinsaan akka baratamuu danda’uuf shoora taphata jechuudha. Yaada kana ilaalchisee, Erkaya (2005) yoo ibsuu, oduu duriin afaan barsiisuun karaa ittiin barsiisaan afaanii dandeettii barattootaa, kaka’umsa barattootaa, dandeettii oguma barattootaa jechuunis dandeettii ogbarruufi ogafaanii ittiin gabbaifatan akkasumaas dandeettii gadifageenyaan xiinxaluufi yaaduu isaanii dagaagfatan taasiisuuf tooftaa fayyadamuu ta’uu isaa barreessa.

Kana malees, Murdoch (2002) waa’ee oduu durii fayyadamuun afaan barsiisuu irratti yoo ibsuu, oduu durii fayyadamuun afaan barsiisuun barattoonni dandeettiiwwan bu’uraa kanneen akka dandeettii dhaggeeffachuu, dandeettii dubbachuu, dandeettii dubbisuu, dandeettii barreessuu akkasumaas ciminaafi laafina asoosamoota gaggabaaboo barsiisa keessatti isaaniif dhihaatan irratti yaada akka kennaniif karaa banuun barsiisuudha. Haala kanaan fayyadamuun barsiisuun immoo bu’aalee hedduu akka qabu barreessitoonni hedduun irratti waliigalu.

Waa’ee itti fayyadama oduu duriin afaan barsiisuu irratti, Malaakinee(1996) yoo barreessuu, oduu durii fayyadamuun afaan barsiisuu jechuun barsiisaan oduu durii barattotaaf bifa salphaa ta’een dubbifamuufi hubatamuu danda’u gara daree barnootaatti fiduun erga dubbisiisee booda, barattoonni shaakaloota kanneen akka bakka qoodataa ta’uun waan dubbisan sana shaakaluu, yaada qoodatichaa qeequu, hanqinaafi cimina ittiin qoodatichi seenaa oduu durii  sanaa keessatti dalage addaan baasuufi ibsuu, akkamiin akka hojjetamuu irratti dalaguu akkasumaas haala ittiin barreessan/dubbataaan/oduu durii  sana kalaqe xiinxaluu,hiika itti kennuufi maalummaa isaa addeessuuf yaaluu waan ofkeessatti hammatuuf barattonni dandeettii xiinqooqaa isaanii akka gabbifataniif gumaacha guddaa taasiisuu danda’a jedha.

## 2.5 Oduu Duriin Dandeettii Dubbisuu Barsiisuu

Kaayyoon dandeettii dubbisuu barattoonni barreeffamoota adda addaa sadarkaa dubbisa saffisaa, suutaafi sakkatta’aan dubbisaa dubbisuutiin ergaa hiikaa waan qabu tokko bira akka gaha taasisuudha. Dubbisuufi barreessuun irra jireessan walitti hidhatanii kitaaba barnoota afaanii keessatti kan argamanidha. Dubbisuu jechuun mallattoo qubee hawaasni itti waliigalee lafa kaa'ee kan barreessaan dhimma itti ba'ee yaada qabu barreessee dhiyeesse sana dubbisuu jechuudha. Dubbisuun iddoo itti barreessaafi dubbisaan walarganidha.Bakka itti dandeettiin dubbisuu shaakalamu ta’ee waan barreeffamee jiru irraa karaa itti ergaa yookaan yaada fudhatanidha (Smith, 2005).

Dubbisuu jechuun callisuun daree barnootaa keessatti waanuma argan dubbisuu osoo hintaane filachuu, xiinxlauufi hojiitti hiiku kan barbaaduudha. Adeemsa kana keessatti wantoota bu’a-qabeeyyii ta’an qixa sirriin fayyadamuun baay’ee murteessaadha. Wantoota daree barnootaa keessatti dubbisuuf dhihaachuu qaban keessaa oduun durii tokko ta’uu isaa Finnegan(1976) barreessitee jirti. Akka hayyuu kanaatti oduun durii aardii Afiriikaa keessatti qaamoota adda addaan seeneeffaman keessaa isa ijoodha. Oduun durii kun daree barnootaa keessatti dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf yoo itti fayyadame shoora ol’aanaa kan taphatu ta’uu isaati. Kanaaf akka xiyyeeffannoo qorannoo kanaatti oduun durii barsiisa dandeettii dubbisuu keessatti yoo hammachiifame dandeettiin barattootaa akka cimuuf shoora qabaachuu isaati.

Kana malees, Biraanuu (2009) oduu durii fayyadamuun dandeettiiwwan afaanii akka waliigalaattiifi dandeettii dubbisanii hubahcuu akka murtaa’aatti barsiisuun barattoonni

dandeettii dubbisanii hubachuu isaanii akka gabbifatan taasiisuu irra darbee dandeettii duubdeebii kennuu isaanii akka gabbifataniif gahee waan qabuuf baay'ee murteessaadha jedha.Kana jechuun oduu durii fayyadamuun dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa barsiisuun barattoonni dandeettii hubannaa isaanii akka cimsatan taasiisa.

## 2.6 Haala Oduun Durii Dandeettii Dubbisuu Barsiisuuf Dhihaatu

Oduun durii kitaabilee barnootaa keessatti karaalee adda addaan dhihaachuu danda'a.dhihaannaan oduu durii kitaabilee barnootaa keessattiis bifa seeeneessan, bifa dubbisaan, bifa walaloon, bifa gilgaalaan akkasumaas bifa barattoonni akka barreessan affeeruun ta'uu danda'a. Yaada kana ilaalchisuun akka Brown (2009) ibseetti oduun durii dandeettii dubbisuu barattootaa cimsuu keessatti gahee waan qabuuf kitaabilee barnootaa keessatti karaalee adda addaan dhihaachuu danda'a; isaaniis bifa barreessuun, bifa dubbisuun, bifa seeneessuun akkasumaas bifa asoosama gabaabaan dhihaachuu akka danda'u barreessa. Yaada kana irara wanti hubatamu oduun durii karaalee garaagaraan daree barnootaa dhihachuufi barattoonni irraa akka barataniif carraa guddaa kennuu isaati.

Gama biraan Zarihuun(2000) haala oduun durii dandeettii dubbisuu barattootaa cimsuuf daree keessatti oolu ilaalchisee yoo ibsu, barsiisaan oduu duriin dandeettii dubbisuu barsiisuu tokko oduu durii hedduu isaanii haala qabatamaafi hubatamaa ta'een daree barnootaa keessatti dhiheessuun barattoonni akka dubbisaniif gaaffilee dubbisa duraa, yeroo dubbisaafi dubbisaan boodaa qopheessuun barattoonni akka shaakalaniif kennuun barsiisa. Kana malees, dandeettiin dubbisuu barattootaa akka cimuuf daree banootaa keessatti barattoonni dabaree dabaeen akka dubbisan taasiisa. Kana gochuuniis barattoonni ariitiin dubbisuu, gadifageenyaan dubbisuu, xiinxalaan dubbisuu akkasumaas miira gaarii ta'een akka dubbisaniif carraa kan kennuudha.

Kana malees haala oduu duriin dandeettiin dubbisuu barsiisuu dhihaatu ilaalchisee Lazar (1993) yoo ibsitu, daree barnootaa keessatti oduu durii qopheessuun barattoonni gareen, cimdiin, gurmuun akkasumaas tooftaalee biroon akka dubbisaniif carraa kennuun dandeettii dubbisanii hubachuu isaanii waliif akka qoodan, wlaiin akka mari'atan, barreessaa/seeneessaa/ oduu durii sana akka qeeqaniifi gochaalee biroo akka gegegessaniif carraa kennuun kan adeemsiifamuudha jetti.

Walumaagalatti, oduu duriin dandeettiin dubbisuu barattootaa akka cimuuf bifa gabaabaafi ifa ta'een barsiisaan filachuun, qindeessuun barattoonni gurmuuwwaan adda addaan shaakalsiisuun hojiirra akka oolu hubachuun danda'amee jira.

## 2.7 Gahee Oduu Duriin Dandeettii Dibbisuu Barsiisuun Qabu

Waa'ee bu'aalee oduu durii fayyadamuun dandeettii dubbisuu barsiisuun qabu ilaalchisee Oster (1989) yoo ibsu, oduu duriin afaan barsiisuun bu'aalee hedduu barattootaaf akka buusuu ibsa.Bu'aalee inni barattootaaf buusuu keessaa muraasni isaaniis, kaka'umsaan barachuu, dandeettii ogafaanii horachuu, aadaa hawaasaa akka baratan tumsuu, dandeettii gadifageenyaan waa xiinxaluu akka horatan taasiisuufi kanneen kana fakkaatan barattootaaf akka buusuu ibsee jira. Walumaagalatti, Oster (1989) waa'ee bu'aalee oduu duriin dandeettii dubbisuu barsiisuu irratti ibsa kanaan gadii kennee jira.

### 2.7.1 Dandeettiiwwan Dubbisanii HubachuuCimsuu

Barsiisa afaanii keessatti oduu durii fayyadamuun barattoonni dandeettiiwwan bu'uuraa akka gabbifataniif carraa guddaa kan banudha. Waa'ee gahee oduun durii dandeetti dubbisanii hubachuu irratti qabu ilaalchisee Murdoch (2002) yoo barreessuu, oduun durii barattoonni dandeettii dubbisuufi dhaggeeffachuu akka horataniif tumsuu qofa osoo hintaane, dandeettii oomiisha isaanii jechuuniis haala walfakkaatuun oduu durii akka barreessaniifi afaaniin akka seeneessaniif waan isaan tumsuuf gahee inni qabuu guddaa ta'uu isaa barreessa.

Kana malees, Tasneen(2010) waa'ee haala oduu durii fayyadamuun dandeettii dubbisanii hubahcuu cimsuu irratti yaada yoo ibsitu, barsiisaan afaan barsiisuu barattoonni oduu durii fudhatanii erga dubbisanii booda, gilgaaloota kanneenakka hiika jechootaa barbaaduu, bakka duwwaa guutuu, yaada isaanii akka ibsan gochuu, gaaffilee hubannoo gaafachuufi oduu durii bifa walfakkaatuun akka barreessan tumsuun dandeettiin dubbisanii hubachuu barattootaa akka cimuuf tumsuudha jetti.

Kana malees, Brumfit (2004) waa'ee faayidaa oduu duriin dandeettii dubbisanii hubachuu barsiisuun dandeettii barattotaa cimsuu irratti qabu irratti yoo barreessuu, daree barnootaa keessatti barsiisaan afaan barsiisuu tokko oduu duriin afaan yoo barsiise, barattonni dandeettiiwwan bu'uuraa afraaniitti dabalataan dandeettii itti jechootaa kallattiiwwan adda addaan jechuuniis, kallattii hiikaan, kallattii caasaaniifi kallattii itti fayyadamaan barattoota akka tumsuu danda'u ibsa. Akka yaada hayyuu kanaatti barattoonni daree barnootaa keessatti oduu durii dubbisuun yoo baratan dandeettii dubbisanii hubachuu isaanii daran dabaluun barattoonni

akka qeeqaan, xiinxlan, hubatan, yaada barreessaa yookiin dubbataan akka walfalmaan, qeeqan taasiisa jedhuudha.

### 2.7.2 Barattoota Kakaasuu

Barattoonni yoo oduu durii fayyadamanii dandeettii dubbisanii hubahcuu baratan fedhiifi kaka'umsa guddaa uummachuu danda'u.Yaada kana ilaalchisee, Violetta (2015) yoo ibsuu, oduu durii fayyadamuun dandeettii dubbisanii hubachuu barsiisuun barattoonni kaka'umsa sirriifi ol'aanaa argachuun barnoota milkaa'ina qabu akka barataniif isaan tumsa. Kaka'umsi kunis barattoonni afaan baratan sanaan aadaa, safuu, ilaalcha, haala jiruufi jireenya hawaasaa akkasumaas wantoota naannoo isaanii keessa jiran waliin akka walbaraniif bu'aa ol'aanaa kan qabu ta'uu isaati.

Kana malees, Yeasmin eta al (2011) waa'ee bu'aa oduun duriidandeettii dubbisanii hubachuu barsiisuu keessatti qabu irratti yaada yoo dabalan, oduu durii fayyadamuun afaan barsiisuun barattoonni aadaafi safuu kanneen biroo akka barataniif waan isaan tumssuf fedhiifi kaka'umsa guddaan afaanicha akka barataniif shoora ol'aanaa tapahata jedhu. Aadaa kanneen biroo barachuun miira barachuu barattootaa waan ofitti harkisuuf barattoonni afaan barachuu keessatti qixa sirriin akka hirmaataniifillee carraa kan uumuudha.

### 2.7.3 Aadaa Barsiisuu

Oduu durii fayyadamuun dandeettii dubbisanii hubachuu barsiisuun aadaan hawaasa yookiin qaama hawaasaa oduun durii sun barreeffameef/seeneeffameef maal akka fakkaatu barsiisa. Yaada kanaas, Thiyagarajan (2014) yoo ibsu, oduu duriindandeettii dubbisanii hubahcuu barsiisuun barattoonni aadaa, duudhaa, safuufi barmaatilee kanneen biroo barachuun muuxannoo isaanii akka horataniif isaan tumsa jedha.

Yaada olii kanatti dabaluun, Yeasmin eta al (2011) yoo ibsan, oduu durii fayyadamuun dandeettii dubbisanii hubachuu barsiisuun barattoonni aadaa isaanii sirriitti hubatanii aadaa kanneen biroo waliin walcina qabanii akka madaalaniifi akka waliin mormisiisaniif isaan gargaara jedha.

Kana malees, Lazar (1993) waa'ee faayidaa oduu duriindandeettii dubbisanii hubachuu barsiisuun aadaa cimsuu irratti yoo barreessitu, oduun durii kuufama aadaa, safuu, duudhaa,

barteefi haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo niibsa jedhamee kan barreeffamu/seeneeffamu gosa barruu/seeneeffama/ kalaqaa waan ta'eef, oduu durii fayyadamuun afaan barsiisuun barattonni aadaa, safuu, bartee, haala jiruufi jireenya hawaasa abbaa asoosama sanaa qixa sirrii ta'een akka hirmaataaniifi irraa barataniif carraa kan kennuudha jetti. Akka yaada hayyuu kanaatti oduu duriin afaan barsiisuun aadaan akka cimuufii aadaa bakkeewwan adda addaa jiru barattonni akka baraniifi cimsataniif gargaara jechuudha.

Kana malees, Yeasmin eta al (2011) waa'ee oduu duriindandeettii dubbisanii hubachuu barsiisuun gama aadaa barsiisuu keessatti qabu irratti yaada yoo barreessuu, oduun durii aadaa gaariifi filataamaa ta'e akka jajjabaatuuf kan tumsuudha. Gama biraan immoo oduun durii afaan barsiisuun aadaawwan badoo ta'an hawaasa keessaa akka dhabamsiifamaniifi dhorkamaniif karaa kan banuudha. Oduun durii adda addummaa hawaasa gidduu jiru xiqqeessuuf kan tumsuudha. Walumaagalatti, oduu duriin dandeettii dubbisanii hubahcuu barsiisuun dandeettii barattonnii aadaa irratti qaban addaan baasuuf kan ooluudha.

### 2.7.4 Caacullee Ogumaa Beeksiisuu

Hojiin ogafaan tokko yemmuu kalaqamee barreeffamuu caacullee irraa ijaaramu kan mataa isaa danda'e qaba. Caaculleen kunis, kanneen akka ijaargochaa, qoodattoota, waldiddaa, yoomeessa, malleen dubbii, haala dhihaannaafi ergaa fa'i. Oduu durii fayyadamuun afaan barsiisuun immoo barattoonni dandeettii caacullee ogafaanii kana akka horataniif karaa kan banuudha. Yaada kanas, Richards and Rodgers (2002) yoo barreessan, barsiisaa gaariin barsiisa dandeettii dubbisanii hubachuu keessatti yoo oduu durii fayyadamee barsiisee, barattoonni dandeettii caacullee oduu durichaa irraa ijaarame hubachuu horatu. Kana jechuun barattoonni oduu duriin dandeettii dubbisanii hubachuu barsiisfaman caacullee oduu durii sirriitti addaan baasuun ofii isaanii barruu/seeneeffama/ kalaqaa kana haala qabatamaa jireenya isaaniin walqabsiisanii akka barataniif karaa kan banuudha.

### 2.7.5 Dandeettii Gadifageenyaan Xiinxaluu Dabaluu

Bu'aa ogbarruun/ogafaan/ dhala namaaf akka waliigalaatti kennu inni guddaan dandeettii gadifageenyaan xiinxaluufi hiika kennuuti. Gosoota ogbarruu kutaa barnoota afaanii keessatti barsiisoonni bal'inaan itti fayyadaman keessaa tokko kan ta'e immoo oduu duriidha. Oduu durii fayyadamuun dandeettii dubbisanii hubahcuu barsiisuun immoo barattoonni dandeettii xiinxallii isaanii akka gabbifataniif bu'aa ol'aanaa kan qabudha. Yaada kanaas Malaakinee (1996) yoo

barreessuu, barsiisa afaanii keessatti barattoonni oduu duriindubbisanii daree barnootaa keessatti yoo baratan ga'umsa afaanichaa sadarkaa cimaan gonfachuu irra darbanii barreessa/seeneessaa/ waliin walfalmii taasiisuun yaada ciminaafi laafina barreessaan/seeneessaanoduu duriisana keessatti ibse irratti kennuu danda'u.Kana jechuun barattoonni dandeettii xiinxaluufi gadifageenyaan yaaduu isaanii akka gabbifataniif isaan gargaara jechuun ibsa.

Waa'ee dandeettii gadifageenyaan xiinxaluu irratti Howie (1993) yoo barreessuu, barattonnii oduu durii dubbisuun faayidaalee gurguddoo lama barattonni akka horatan taasiisa. Isaaniis, oduun durii sababa haala nama ajaa'ibuun seneeffamuuf yookiin dubbifamuuf barattonni dhiphina malee akka dubbisaniif tumsuu irraa darbeeyyuu gadifageenyaan xiinxaluun waan jiruu, beekamaafi waan barattonni itti gammadaniidha. Gama biraan immoo oduu duriin barachuun barattoonni dandeettii goolaba kennuu, ofii isaaniin bu'a qabeeyyiidha jedhanii ofyaaduu, ragaalee sirriitti xiinxlauufi qaacceessuu, walitti makuu, madaaluu, raaguufi beekumsa isaaniitti akka dabalataniif waan isaan tumsuuf gahee inni qabu ol'aanaadha jedha.

Yaada olii kana karaa cimsuun Hwang (2005) waa'ee faayidaa oduu duriin dandeettii gadifageenyaan xiinxaluu barattootaa cimsuu irratti qabu ilaalchisee yoo barreessuu, beekumsa irraa jalaa Bloom waliin walqabsiisee ibsa. Akka yaada Bloomtti, dandeettiin waan yaaduu dandeettiiwwan hammattoo beekumsaa keessatti kan hammatamuudha. Oduu durii erga dubbisanii booda barattonni gaaffilee gaafataman gama beekumsaan, hubannoon, xiinxlaaan, hojiirra oolmaan, qaaceessaafi ibsaan deebiisuu waan dandeesiisuuf dandeettii gadifageenyaan xiinxlauu barattootaa cimsuuf kan gargaaruu ta'uu isaa barreessa.

## 2.8 Yaadiddamota Qorannichaa

Yaadiddamni qorannoo tokko geggeessuuf murteessaadha. Gosa qorannoo kamuu keessatti yaadiddamni kallattii kan namatti argisiisudha. Yaadiddamni dirree qorannoo adda addaa dadhabinaafi cimina mataasaanii qabaataniyyuu hanga yoonaatti qorannoo tokko gaggeessuuf yaadiddamni inni tokko isa biroo qeeqa waan ta'eef, hundisaanii iyyuu faayidaa mataasaanii qabu.Haala kanaan, Mario (2005) yommuu ibsu, "Theories do exist and compete vigorously each other" jedha.Yaadiddamni filatamaa ta'e tokko akka hinjirre qorattoonni adda addaa ibsaniiru.Haata'u garuu, qorannoo kana keessatti qorattuu yaadiddama tajaajilaafi yaadiddama yaadiddama dubbisaa xiyyeeffatetti fayyadamee jira.

### 2.8.1 Yaadiddama Tajaajilaa

Qorattoonni xiinqooqaa karaalee ittiin ogbarruun qoratamu yemmuu ibsan yaadiddamaan walqabsiisuun ibsu.Gosoota yaadiddamaa keessaa tokko yaadiddama tajaajilaati. Fekade (1993)fi Dorson (1994) akka ibsanitti, kaayyoo guddaan yaadiddama kanaa, ogumni (literature; oral/written) kan qoratamuu ogummaaf qofa (for art sake) osoo hintaane, hawaasummaafi dhaabbileen aadaa hedduun yeroo dheeraa akka turaniif bifa barreeffamaatiin tursiisuuf gargaara. Kana faana walqabsiisuun, Dorson (1994) ogumni haala kamiin namni akka onnatu, miira ofii ibsatu, maal akka fayyadu attamitti, akka jajjabeessu, kanneen badii dalagan gorsuufi ceepha'uun gara amala gaariitti akkamitti akka deebisan qorachuuf barbaachisaadha. Walumaagalatti, yaadiddamni kun faayidaalee gosoonni ogumaa jiruufi jireenya hawaasaa keessatti qabu qorachuudhaan adda baasuuf kallattii namatti agarsiisa.

Yaadiddamni tajaajilaa kan ibsamu muuxannoo namni dhuunfan dhageettiifi ibsa dhageettii isaa irraatti amala dhuunfaa calaqqisiisudha. Karaa biraatiin yaadiddamni tajaajilaa adeemsa taateewwaan uummataa kanneen akka fedhii ofii ibsachuu, seenaafi duudhaa hawaasaa, kaka'umsa fedhiiwwaniifi dhimmoota hawaasummaafaa of keessaati kan qabatuudha.Yaadiddamni tajaajilaa waa'ee fedhiifi dhageettii dhuunfaa qofa osoo hintaane akkaataa ittiin hawaasni tokko miira isaa, fedhiiisaa, walitti dhufeenya isaafi waliigaltee isaa ibsatuu irraati yaada bu'ureeffate akka ta'e ibsa (Dorson, 1994).

Gama biraatiin, Pardede (2011) akka ibsutti, yaadiddamni tajaajilaa haala guddina dhala namaa, walitti dhufeenya hawaasummaa, taatewwan walitti dhufeenya sana cimsaniifi daangeessan akkasumas, haala ittiin dhalli namaa namoota kan biroo waliin walitti dhufeenya taasiisuun dhimmoota hawaasummaa, dinagdeefi jiruufi jireenya isaa ittiin geggeefatu irratti kan xiyyeeffatu jechuun ibsa. Yaadota olitti ibsaman kana bu'uureeffachudhaan, qorattuu qorannoo kanaaf bu'uura kan ta'u yaadiddama tajaajilaati jedhee waan amaneef yaadiddama kana filatee jira.

### 2.8.2 Yaadiddama Dubbisaa Xiyyeeffate

Yaadiddamni dubbisaa xiyyeeffate haala ittiin oduun durii barattootaan dubbifamee hubatamuun barnoota Afaan Oromoo keessatti tumsuu danda'uu irratti waan qaacceessuuf qorannoo kanaaf bu'ura ta'a.Akka yaadiddama kanaatti, ogafaan barsiisuun dhimma ogafaanummaa isaaf malee dhimma dagaagina afaaniitiif miti yaada jedhu bu'uureffata (ogafaan

ogafaaniif).Yaada hayyuu Maley's (1989) 'gadifageenyaan barruu ogafaan xiinxaluu' jedhuun walfakkaata.Namoonni ogafaan walfakkaataa tokko dubbisan/dhaggeeffata/ garaagaraan yaada adda addaa barruu/seeneessa/sana keessaa hubatan dhiyeessuu danda'u.Hunduu akka isaaf galetti hiika kennuuf mirga qaba.Kanaaf, hiikkaa heedduu ogafaan tokkoof argachuu dandeenya (Selden eta al, 2005). Hayyuun kun dabalee akka ibsetti, yaadiddamni seenessa caasaa xiinsammuu barattootaa yoo gabbisu, yaadiddamni dubbisaa xiyyeeffate immoo, shaakallii xiinsammuu dagaagsa; kanaaf dagaagina ogummaa ogafaan barattootaa sadarkaa ol'aanaa irraan gaha jechuun addeessee jira.

## 2.9 Qorannoo Aantee

Qorannnoon kun qorannoowwaan aantee kallattiin Afaan Oromoon geggeeffaman haa dhabuyyuu malee qorannoowwaan aantee Afaan Ingiliziin geggeeffaman hedduun akka idiil-addunyaatti qaba. Haa ta'u malee qorattuun sakataatee ilaaluuf hanga yaalteetti kallattiin Afaan Oromoon barsiisuu keessatti gahee oduun duriin dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa cimsuu irratti qorannoon tokko qofti akka gegegeffame hubattee jirti. Qorannoowwan biyya alaatti hojjetaman keessaa muraasni isaanii kanneen qorattoota Tasneen (2010), King(2001) geggeeffaman akka aanteetti ilaalamanii jiru.

Qorannoowwan qorattoota kanaan geggeeffamaniis tokko tokkoon yoo ilaalaman, Tasneen (2010) qorannoo mata-dureen isaa "Using short stories in teaching basic skills" yookin " oduu durii fayyadamuun dandeettiiwwan bu'uuraa barsiisuu" jedhu irratti geggeessuun barattoonni oduu durii adda addaa daree barnootaa keessatti fayyadaman kanneen hinfayyadamne caalaa dandeettiiwwan afaanii akka horatan argannoon argattee jirti. Qorannoon kun qoranno kanaan olii waliin walbira qabamee yoo ilaalame, bakkan, xiyyeeffannoofi haala argannoo isaan garaagarummaa guddaa kan qabudha.

Qorannoo biraan mata-duree kanatti dhihaatu kan biyya hambaatti geggeeffame immoo qorannoo King (2001) barattoota sadarkaa2ffaa manneen Barnoota UK keessa baratan irratti mata-duree "The Role of short stories on ameliorating learners' recieptive skills" yookiin "Gahee oduun durii dandeettiiwwan fudhannaa barattootaa cimsuu irratti qabu" jedhu irratti geggeeffameedha. Qorannoon kun akka joornaaliitti kan geggeeffame yemmuu ta'u barattoonni oduu duriin afaan barataan kanneen kaan caalaa ittii fayyadama afaanichaatti milkaa'oo akka ta'aniifi dnadeettiin ofitti fudhannaa isaanii daran akka gabbatu argannoon argatee jira.

Qorannoonkun waa’ee gahee oduun durii dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa cimsuu irratti qabu irratti waan geggeeffameef, gama afaan irratti geggeeffameen, gama xiyyeeffannoofi bakkaan adda addummaa kan qabudha.


Qorannoowwan biyya keessatti mata-duree kanatti dhihaatanii hojjetaman haa jiraataniyyuu malee, kallattiin Afaan Oromoon mata-duree kana irratti qorannoon geggeeffame hanag sakatta’amee ilaalameetti argachuun hindanda’amne.Haa ta’u malee, kallatti xiinxala yaaxxian asoosamoonni Oromoo barreeffamaaniin, caacullee isaan qabataniin, haala itti fayyadama isaanii irratti qorannoolee hedduun geggeeffamanii jiru.

Qorannoo biraan immoo Mamo (2013) qorannoo mata-dureen isaa “The use of oral traditions in teaching listening skill to college students: The case of Bonga College of Teaching Education” jedhudha.Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa oduu durii fayyadamuun dandeettii dhaggeeffachuu barattootaa gabbisuu sakatta’uu yemmuu ta’u barattoonni oduu durii yeroo dheeraa dhaggeeffatan dandeettii dhaggeffatanii hubachuu isaanii daraan akka gabbifatan argannoon argatee jira. Haa ta’u malee qorattuu kun waa’ee hojiirra oolmaa, dhihaannaa, gaheefi hanqinoota oduu duriin dandeettii dubbisuu barattootaa cimsuu irratti waan jedhe tokkoyyuu hinqabu. Kanaaf qorannoon kun wantoota kana ofkeessatti hammachuun waan geggeeffamuuf qorannoo kana irraa adda addummaa qaba. Gama biraan qorannoon kun Afaan Oromoon waan geggeeffamuuf qorannoo Maammoon (2013) geggeeffameen adda addummaa qaba.
Qorannoon Afaan Oromoon geggeeffame kan Gammachiis Waaqjiraa(2019) n mata-duree “gahee oduun durii dandeettiiwwan afaanii barattoota Mana Barumsaa Tibbee sadarkaa 2ffaa cimsuu irratti qabu” jedhu irratti geggeeffamuun oduun durii dandeettiiwwan afaanii keessummaatti dandeettii dubbachuufi barreessuu barattootaa cimsuu irraatti shoora ol’aanaa akka qabu argannoon argatee jira. Qorannoon Gammachiisiin geggeeffame kun dandeettiiwwan afaanii akka waliigalaan kan xiyyeeffateefi keessuummattiyyuu oduun durii dandeettiiwwan dubbachuufi barreessuu barattootaa akka cimsu irratti wan xiyyeeffateef gahee oduun durii dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa irratti qabu waan ibse hinqabu. Kanaaf qorannoon kun qaawwa gammaachiis gama kanaan dhiise irratti hojjechuun dhiphisa jechuudha. Kana malees, gammachiisa afgaaffiifi maree garee fayyadamuun ragaalee walitti qabatee jira.Haa ta’u malee qormaata dubbisaa isa ijoo ta’e osoo hinfayyadamiin waan hafeef qorannichi qaawwaa qaba. Kanaaf, qorannoon kun qaawwa gama kanaan jiru akka duuchuuf kakka’umsa ta’ee jira.

Walumaagalatti, qorannoolee hedduun gahee oduun durii dandeettiiwwan afaanii barsiisuu irratti qabu irratti haa gegeefamaniyyuu malee kallattiin gahee oduun durii dandeettii dubbisuu jedhu irratti Afaan Oromoon qorannoon geggeeffame tokkoqofa akka ta'e sakatta'a taasiifame irraa hubatamee jira.Afaanoota biroon garuu qorannoolee hedduun geggeeffamanii jiru. Kanaaf, qorannoon kun qaawwaa gama kanaan` jirullee furuu danda'a jedhamee yaadama.

## 2.10 Walitti Hidhatiinsa Yaad-rimeewwan Qorannichaa

Qorannoon kun gahee oduun durii dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa cimsuu irratti qabu addaan baasuuf geggeeffama.  Gahee jedhame kana qixa sirriin addaan baasuuf immoo walitti hidhatiinsa yaad-rimeewwanii (conceptual framework) qixa sirriin addaan baasuun ibsuun barbaachiisaadha. Haaluma kanaan walitti hidhatiinsi yaad-rimeewwanii qorannoo kanaa gahee oduun durii dandeettii  dubbisanii hubachuu waliigalaa barattootaa cimsuu irrrati qabu, dandeettii agarsiisuun hubachuu, dandeettii gadi-fageenyaan xiinxaluun hubachuufi  dandeettii  hubannaa isaanii yaada ofii isaaniin ibsuu isaanii cimsuu irratti qabu akka jijjirama hirkataattifi saalli, amantiifi hangi galii barattootaa immoo akka jijjirama ofdanda'aatti qorannoo kana keessatti hojiirra oolanii jiru. Bifa diyaagiraamiiniis haala kanaan gadiin dhihaatee jira.



# BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

Boqonnaa kana jalatti saxaxa, madda ragaalee, iddattoofi tooftaalee iddatteessuu, malleen funaansa ragaalee, qaacceessaafi ibsa ragaalee akkasumaas sakkoo qorannichaatuu ibsamee jira.

## 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kungahee oduu duriin dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa Afaan Oromoo akka afaan lamaffaatti baratan irratti qaban, Mana Barumsaa Fiitawuraarii Abbaayinee Abbaayinee sadarkaa 2^ffaa^ kutaa9^ffaa^ cimsuu irratti qabu irratti geggeeffamee jira.Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga'uuf, qorattuun saxaxa qorannoo gariin-yaalii (quasi-experimental research design) fayyadamtee jirti.Sababni isaas qorattuun kunoduun durii dandeettii dubbisuufi dubbisanii hubachuu barattootaa hangam akka cimsu addaan baasuuf qormaata dubbisuu barattoota iddattoo ta'anii filataman hundumaaf erga kenntee boodaa, barattoota qormaata jalqabaa irratti qabxii gadi-aanaa galmeessan garee yaalii jalatti, barattoota qabxii gahaa ta'e galmeessisan immoo garee to'annoo jalatti ramaduun gariin yaalii geggeessitee jirti. Saxaxayaaliin erga geggeeffame booda qormaata boodaa/post-test/ kennuun adda addummaa barattoota garee lamaan gidduutti mul'ate addaan waan baasteef saxaxni kun filatamee jira.

## 3.2 Madda Ragaalee

Qorattuun kun ragaalee qorannoo kanaaf barbaachisaan madda ragaalee jalqabaa irraa walitti qabattee jirti. Maddi raga jalqabaa qorannoo kanaa barattootaa kutaa 9^ffaa^Mana Barumsaa Fiitawuraarii Abbaayinee Abbaayinee sadarkaa 2^ffaa^Afaan Oromoo akka afaan lamaffatti baratan yoo ta'an, gaheefi haala oduun duriin dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa cimsuufi dhiisuu isaa ilaalchisee qorattuun qormaata dubbisaa kennuun walitti qabattee jirti.

## 3.3 Iddattoofi Tooftaalee Iddatteessuu

Iddattoon qorannoo kanaa barattoota kutaa 9^ffaa^Mana Barumsaa Fiitawuraarii Abbaayinee Abbaayineesadarkaa 2^ffaa^ Afaan Oromoo akka afaan lamaffaatti baratan yoo ta'an qorattuun tooftaalee iddatteessuu jiran keessaa barattoota filachuuf tooftaa miti-carraa fayyadamtee jirti.Sababni qorattuun tooftaa kana filatteef, odeeffannoo gahaa argachuuf barattoonnii qorannoo kana sirriitti galmaan naaf gahu jettee waan amanteefiidha.

Kanumaan walqabatee, qorattuun gosa iddatteessuu miti-carraa kana keessa ammoo tooftaa iddatteessuu akkayyoo fayyadamuun barattoota Mana Barumsaa FiitawuraariiAbbaayinee sadarkaa $2^{ffaa}$keessa Afaan Oromoo akka afaan lamaffaatti baratan filattee jirti. Akka mana barumsaa kanaatti barattoonni kutaa $9^{ffaa}$ Afaan Oromoo akka afaan lamafaatti baratan 80 yoo ta'an barattoonni kun kutaalee barnootaa lamatti qoodamanii jiru. Barattoota kana keessaa qorattuun barattoota qoramaata fidhachuuf fedha qaban qofa xiyyeeffachuun barattoota 40 filattee jirti. Barattoota afurtamman filataman hunduma isaaniif immoo qormaata erga kenniteefi booda barattoota qabxiin isaanii gaariifi baay'ee gaariita'e 20 garee to'annoo jalatti, barattoota qabxiin isaanii gadi-aanaa ta'e 20 immoo garee yaalii jalatti ramaduun yaalii geggeessitee jirti. Sababni isaas mata-dureen qorannoo kanaa gahee oduu duriin dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa kutaa $9^{ffaa}$ Afaan Oromoo akka afaan lamaffaatti baratan cimsuuf qabu waan xiyyeeffateef barattoonni kungaree yaaliifi to'annootti qoqqodamuun ragaa kennuu danda'u jedhamanii waan amanamaniifidha.

## 3.4 Malleen Funaansa Ragaalee

Odeeffannoon kan irraa argamu kaayyoofi gosa qorannoo keenyaarratti hundoofnee namarraa, waan barreeffamerraa, fakkiiwwaniifi suuraarraa, afoolarraa, sirbootarraa ta'uu danda'a (Dastaa 2013:107). Haaluma kanaan meeshaalee odeeffanoo funaanuuf oolan keessaa kan kaayyoo qorannoo keenyaa waliin walsimatu filachuun dhimma ittii bahuun barbaachisaadha. Kanaafuu qorattuun kun qorannoo kana geggeessuuf meeshaalee mijatoofi odeeffannoo gahaa argamsiisuun qorannoo kiyya galmaan naaf ga'u jettee kan itti amante, qormaata dubbisaa duraafi boodaa akka ijootti fayyadamtee jirti.

### 3.4.1 Qormaata Dubbisaa

Ragaalee qorannoo kanaa ijootti walitti qabachuuf qorattuun kun qormaata dubbisaa yaaliin duraafi yaaliin boodaa (pre-test and posttest) barattootaaf kennuun fayyadamtee jirti. Kana jechuun qorattuun kun barattoota 40n isaaniifiyyuu jalqaba irratti barruu dubbisaa erga kenniteefii booda, gaaffilee soddomii ta'an barruu dubbisaa sana keessaa qopheessuun barattootaaf kennuun qabxii isaanii 50% keessaa erga soroorsitee booda barattoota qormaata

jalqabaa irratti qabxii ol'aanaa galmeessisan garee to'annootti qooduun barattoota qormaaticha irratti qabxii gadi-aanaa galmeessisan immoo garee yaaliitti qooddee jirti. Haaluma kanaan barattoota qabxii fooyya'aa galmeessiisan 20 isaanii garee to'annoo jalatti kanneen hafan 20 immoo garee yaalii jalatti ramaddee jirti.Barattoota garee yaalii jalatti ramadaman immoo leenjii qabiyyeewwan oduu durii irratti torban jahaaf kennuun kanneen to'annoo jalatti ramadaman immoo to'annoo ishee jala taasiisuun ofiin barruulee oduu durii qaban barbaadanii akka dubbisaaniif carraa kennite jirti. Qormannii dubbisa duraafi dubbisa boodaas kan qophaa'e qorattuun yemmuu ta'uu, amanamummaafi barbaachisummaa isaa mirkaneessuuf immoo qorattuun qabxii barattoonni galmeessiisan bu'ureeffattee jirti. Qormaanni qophaa'ees kallattii hubannoo waliigalaan, agarsiisuun hubachuu, gadifageenyaa xiinxaluun hubachuufi yaada ofiin ibsachuu irratti yemmuu ta'u bifa dhugaafi sobaa, filannoo, walitti firoomsuu, bakka duwwaa guutuufi ibsuun kennuun barattootaaf kennamamanii jiru.Adda addummaa qabxiiqormaata duraafi boodaa barattoota garee lamaaniin galmeessifame addaan baasuuf qorattuun mala qaacceessa adda addummaa Pearson fayyadamtee jirti. Turtii torbee jahaan booda qorattuun kun qormaata yaaliin boodaa barattoota garee lamaaniifiyyuu kennuun adda addummaa qabxii yaaliin duraafi yaaliin boodaa barattoota lamaan gidduu jiru addaan baastee jirti.

Oduun durii barattootaaf qophaa'anii kennamaniis kanneen maangudoota godinaalee Oromiyaa keessa jiraniin kanneen seeneeffamaniifi kanneen Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaan walitti qabamanii kitaabilee Wiirtuu jildiilee addaa addaa keessatti hammatamanii jiran irraa walitti qabamanii jiru.

## 3.5 Mala Qaaccessa Ragaalee

Mata duree qorannoo "gahee oduun duriiidandeettiidubbisanii hubachuu barattoota Afaan Oromoo akka afaan lamaffaatti Mana Barumsaaa Fiitawuraarii Abbaayinee Abbaayineesadarkaa lammaffaa kutaa 9[ffaa] cimsuu irratti qabu" jedhurratti geggeeffamuun ragaalee qormaata dubbisaa fayyadamuun walitti qabamanii jiru. Haaluma kanaan qorattuun kun ragaalee gama kanaan walitti qabamanqaaceessitee jirti. Kana jechuun ragaalee qormaata dubbisaan walitti qabaman istaastitiksii ibsaa fayyadamuun kan qaacceessiteyemmuu ta'u kuniis baay'ina deebiistootaa sadarkaa gidduu-galeessaafi addeen/mean and standard deviation/ fayyadamuun adda addummaa qabxii qormaata yaaliin duraafi yaaliin boodaa irratti mul'atan addaan baasuuf sooftiweerii walitti dhufeenya agarsiisuu kan Pearson Correlation jedhu fayyadamuun qaacceessitee jirti.

Qaacceessi gaaffilee bu’uraa irratti hundaa’uun ta’ees qabiyyeewwan oduu durii dandeettii dubbisanii huabchuu barattootaa cimsuuf haala kamiin akka dhihaatan, oduun durii dandeettii dubbisuu barattootaa hangam akka cimsuufi dandeettii dubbisanii hubachuu isaanii hangam dabaluu akka danda’u  irrattikan xiyyeeffataniidha.  Kana bu’uura godhachuun qorattuun kunqormaata dubbisaa barattootaaf kenname irraa ragaalee funaanaman mala istaastitiksii fayyadamtee jirti. Kana jechuun ragaaleen walitti qabaman sooftiweerii Stastistical Package for Social Sciences version 24 (SPSS V24.0) keessa ofeeggannoo jabaan erga seenanii booda adda addummaan garee lamaanii qormaata duraafi boodaa irratti galmeessiisan mala madaallii cimdii iddattoo (paired-sample T-test) jedhamuun qaacceeffamanii jiru.Dhuma irrattis adda addummaan jiru sooftiiweerii madaallii walitii dhufeenya taatee Piirsaan(Pearson correlation moment) jedhamuun adda bahee qaacceeffamamee jira.

## 3.6 Sakkoo Qorannichaa

Qorannoo tokko haala milkaa’ina qabuun geggeessuuf sakkoon qorannoo barbaachisaa ta’uu isaa barreesitoonni kanneen akka Kothari (2004) ibsanii jiru.Haaluma kanaan qorattuun wayita ragaalee qorannoo kanaa walitti qabatteetti barattoota ragaalee irraa walitti qabatteef kabaja kennuun akkaataa aadaafi duudhaalee isaanii eeguun raawwattee jirti.Kana malees, yemmuu ragaalee irraa walitti qabatteetti eeyyamamoo ta’uu isaaniif galateeffattee jirti. Karaa biraatiin immoo kitaabileefi yaadoota hayyootaafi barreessitootaa fayyadamtees mallattoo waraabbii fayyadamuun yaada sana kaa’uun geggeessitee jirti. Dhuma irratti immoo kitaabilee itti fayyadamte wabii jalatti gatii kenniteettiif.

# BOQONNAA AFUR: QAACCEESSAAFI DHIHEESSA RAGAALEE

## Seensa

Boqonnaa kana jalatti qorattuun ragaalee qormaata duraafi qormaata boodaan walitti qabaman ibsuun qaacceessitee jirti. Haaluma kanaan ragaalee walitti qabamaniin qorattuun barattoota garee yaaliifi garee to'annootti qoqqodaman giddutti dandeettii dubbisanii hubachuu isaanii irratti adda addummaan jiraachuufi dhiisuu isaa qormaata duraafi boodaan addaan baasuun oduu durii daran hammachiisuun barsiisuun gahee qabaachuufi dhiisuu isaa addaan baasuuf yaaltee jirti.Kanaaf ragaalee qormaata dura argamaniifi qormaata booda argaman walmadaalsiisuun haala itti aanee jiruun qaacceessitee jirti.Ragaaleen qaacceeffamaniis oduu durii fayyadamuun barsiisuun dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa cimsuufi dhiisuu isaa, oduun durii dandeettii ariitiin dubbisuu barattootaa hangam akka cimsuufi oduun durii dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa hangam akka cimsuu danda'u addaan baasuun ibsuu irratti xiinxalamanii jiru.

## 4.1 Gahee Oduun Durii Dandeettii Dubbisanii Hubachuu Barattootaa Irratti Qabu

Qorattuun dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa guddisuuf oduun durii gahee qabaachuufi dhiisuu isaa ilaalchisee ragaalee walitti qabachuuf, qormaata duraafi boodaa fayyadamtee jirti. Qormaannii kennamees gahee oduun durii dandeettii hubannaa waliigalaa (general comprehension), dandeettii agarsiisuun hubachuu (inferential comprehension), dandeettii xiinxaluun hubachuu (analytical comprehsion)fi dandeettii yaada ofiin ibsuu (paraphrasing) cimsuufi dhiisuu irratti jijjiramni jiraachuufi dhiisuu isaa ilaalchisee geggeffamee jira. Ragaaleen qormaata marsaalee lamaan irraa argamaniis haala kanaan gadiin qaacceeffamanii jiru.

Gabatee 1. Ragaalee Waliigalaa Dandeettii Dubbisanii Hubachuu Barattoota Kutaa $9^{ffaa}$ Mana Barumsaa Fiitawuraarii Abbaayinee Sadarkaa Lamaffaa

| T.L | Gosa Dandeettii Dubbisuu Qorame | Dhihaannaa qormaatichaa | Qabxii galmaa'e (60%) | Baay'ina | Dhibbentaa |
|---|---|---|---|---|---|
| 1. | Dandeettii hubannaa waliigalaa (15%) | Dhugaa/soba (4%) | 4/4 | 6 | 15 |
| | | | 3/4 | 7 | 17.5 |
| | | | 2/4 | 18 | 45 |
| | | | 1/4 | 9 | 22.5 |
| | | Filannoo (3%) | 3/3 | 8 | 20 |
| | | | 2/3 | 11 | 27.5 |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | | 1/3 | 19 | 47.5 |
| | | Firoomsuu (3%) | 3/3 | 1 | 2.5 |
| | | | 2/3 | 23 | 57.5 |
| | | | 1/3 | 16 | 40 |
| | | Ibsuu (5%) | 5/5 | 2 | 5 |
| | | | 4/5 | 3 | 7.5 |
| | | | 3/5 | 5 | 12.5 |
| | | | 2/5 | 9 | 22.5 |
| | | | 1/5 | 21 | 52.5 |
| 2. | Agarsiisuun Hubachuu (12%) | Dhugaa/soba (2%) | 2/2 | 11 | 27.5 |
| | | | 1/2 | 29 | 52.5 |
| | | Filannoo (2%) | 2/2 | 11 | 27.5 |
| | | | 1/2 | 29 | 52.5 |
| | | Bakka Duwwaa Guutuu (4%) | 4/4 | 2 | 5 |
| | | | 3/4 | 7 | 17.5 |
| | | | 2/4 | 10 | 25 |
| | | | 1/4 | 21 | 52.5 |
| | | Ibsuu (4%) | 4/4 | 6 | 15 |
| | | | 3/4 | 8 | 20 |
| | | | 2/4 | 10 | 25 |
| | | | 1/4 | 26 | 65 |
| 3. | Gadifageenyaan Xiinxaluun Hubachuu (13%) | Dhugaa/soba (2%) | 2/2 | 12 | 30 |
| | | | 1/2 | 28 | 70 |
| | | Filannoo (2%) | 2/2 | 19 | 47.5 |
| | | | 1/2 | 21 | 52.5 |
| | | Bakka Duwwaa Guutuu (4%) | 4/4 | 1 | 2.5 |
| | | | 3/4 | 7 | 17.5 |
| | | | 2/4 | 9 | 22.5 |
| | | | 1/4 | 23 | 57.5 |
| | | Ibsuu (5%) | 5/5 | 3 | 7.5 |
| | | | 4/5 | 6 | 15 |
| | | | 3/5 | 3 | 7.5 |
| | | | 2/5 | 6 | 15 |
| | | | 1/5 | 22 | 55 |
| 4. | Yaada Ofiin Ibsuu (10%) | Afaaniin Dhiheessuu (2%) | 2/2 | 10 | 25 |
| | | | 1/2 | 30 | 75 |
| | | Barreessuun Dhiheessuu (2%) | 2/2 | 9 | 22.5 |
| | | | 1/2 | 31 | 67.5 |
| | | Ibsuu (6%) | 6/6 | 2 | 5 |
| | | | 5/6 | 5 | 12.5 |
| | | | 4/6 | 4 | 10 |
| | | | 3/6 | 2 | 5 |
| | | | 2/6 | 4 | 10 |
| | | | 1/6 | 23 | 57.5 |
| | Ida’ama Waliigalaa | | | 40 | 100% |

Furtuu: M= qabxii giddu-galeessa, SD= qabxii adda ba'insaa, GM= qabxii gidduu-galeessa waliigalaa; *M=0.05-1.49 (daran gadi'aanaa), M=1.5-2.49 (Gadi'aanaa), M=2.5-3.49 (Giddu-galeessa), M=3.5-4.49 (Ol'anaa) fi M=4.5 ol (daraan ol'aanaa) )(Maddi: Fufa,2006)*

Gabatee tokkoffaa kanaan olii irratti akka agarsiifametti qorattuun barattoota kutaa 9ffaa Mana Barumsaa Fiitawuraarii Abbaayinee sadarkaa lamaffaa iddattoo qorannoo kanaa ta'uun filatamaniif qormataa yaaliin duraa kennitee jirti.Qormaanni kennamees qabiyyeewwan dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa guddisan kanneen hayyootaan irratti walii galaman irratti hundaa'uun yemmuu ta'u, kaayyoon qormaatichaas barattoota garee to'annaafi garee yaaliitti qoqqoduun adda addummaa gidduu isaanii yaaliin duraafi booda jiru addaan baasuun qaama dhimmi ilaallatiif ibsuudha. Haaluma kanaan akkuma gabatee kana irratti ibsametti, qabiyyeen jalqabaa qormaatichaa dandeettii hubannaa waliigalaa barattootaa addaan baasuuf kan kenname yemmuu ta'uu ulfaatinni isaa qabxii 15 kennameefi jira.Qabiyyee lamaffaan qormaata kanaa immoo dandeettii agarsiisuun hubachuu (inferential comprehension skill) barattootaa addaan baasuuf kan kenname yemmuu ta'u innis ulfaatina qabxii 12 keessaa akka ilaalamuuf kennameefii jira. Qormaanni kennamees dhihaannaa dhugaa yookiin soba jechuun deebiisu, filannoo, walitti firoomsuufi ibsuun deebiisuuniidha.

Qabiyyeewwan sadaffaafi afraffaan qormaatichaa immoo dandeettii gadifageenyaan xiinxaluun hubachuufi dandeettii yaada ofii ibsuu barattootaa addaan baasuuf kan kenname yemmuu ta'u innis ulfaatina qabxii 13fi 10 keessaa kennamee jira. Qoraamatichiis, dhugaa yookiin soba jechuun deebiisuu, filannoo, bakka duwwaa guutuu, afaanin deebiisuu, barreeffaman deebiisuufi ibsuun deebiisuun dhihaatee jira. Qormaata kana irratti barattoonni qabxii fooyya'aa galmeessisan garee to'annoo jalatti ramadamuun to'annaa qorattuun barruulee oduu durii irratti barreeffaman adda addaa torban jahaaf dubbisanii akka shaakalan taasifamanii jiru.

Qormaaticha irratti barattoonni qabxii gad'aanaa galmeessisan immoo garee yaalii jalatti ramadamun, guutummaa guutuutti hordoffiifi to'annaa qorattuun torban jahaaf leenjiin erga kennameefi booda qorattuun barruulee oduu durii qaban adda addaa barbaaduun akka dubbisan taasiisuun, akka shaakalan taasiistee jirti. Yaaliiwwan kunneen erga taasiifamee booda qormaanni yaaliin boodaa gareewwan lamaaniif bifa walfakkaataa ta'een kennameefi jira.

### 4.1.1 Gahee Oduun Durii Dandeettii Hubannaa Waliigalaa Barattootaa Cimsuu Irratti Qabu

Qorattuun gahee oduun durii dandeettii hubannaa waliigalaa barattootaa cimsuu irratti qabu ilaalchisee, ragaalee barbaachiisan walitti qabachuuf qormaata duraafi boodaa kennitee jirti.Ragaalee qormaata lamaan irraa walitti qabamaniis haala kanaan gadiin qaacceeffamanii jiru.

Gabatee 2.Gahee Oduun Durii Dandeettii Hubannaa Waliigalaa Barattootaa Cimsuu Irratti Qabu Ilaalchisee Ragaalee Qormaata Duraa garee to’annoo Irraa Argaman.

| T. L | Gosa Dandeettii Dubbisuu Qorame | Dhihaannaa qormaatichaa | Qabxii galmaa’e (15%) | Baay’ina | Giddu-galeessa (Mean) | Adda ba’iinsa (SD.) |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1. | Dandeettii hubannaa waliigalaa | Dhugaa/soba (4%) | 4/4 | 1 | 1.47 | 0.62362 |
| | | | 3/4 | 3 | | |
| | | | 2/4 | 7 | | |
| | | | 1/4 | 9 | | |
| | | | Waliigala | 20 | | |
| | | Filannoo (3%) | 3/3 | 2 | 1.527 | 0.66061 |
| | | | 2/3 | 4 | | |
| | | | 1/3 | 14 | | |
| | | | Waliigala | 20 | | |
| | | Firoomsuu (3%) | 3/3 | - | 1.5133 | 0.6338 |
| | | | 2/3 | 5 | | |
| | | | 1/3 | 15 | | |
| | | | Waliigala | 20 | | |
| | | Ibsuu (5%) | 5/5 | 1 | 1.543 | 0.61721 |
| | | | 4/5 | 2 | | |
| | | | 3/5 | 3 | | |
| | | | 2/5 | 6 | | |
| | | | 1/5 | 8 | | |
| | | | Waliigala | 20 | 1.513325 | 0.6338 |

Furtuu: M= qabxii giddu-galeessa, SD= qabxii adda ba’insaa, GM= qabxii gidduu-galeessa waliigalaa; *M=0.05-1.49 (daran gadi’aanaa), M=1.5-2.49 (Gadi’aanaa), M=2.5-3.49 (Giddu-galeessa), M=3.5-4.49 (Ol’anaa) fi M=4.5 ol (daraan ol’aanaa) )(Maddi: Fufa,2006)*

Gabatee lama armaan olii irratti akka agarsiifameetti qorattuun gahee oduun durii dandeettii dubbisanii hubachuu waliigalaa barattootaa cimsuu irratti qabu ilaalchisuu ragaalee barattoota

garee to’annoo irraa qormaata yaaliin duraan walitti qabaman ibsitee jirti.Gabatee kana irratt akkuma agarsiifameetti barattoonni dandeettii hubannaa waliigalaa isaanii ilaalchisuun qormaata dhugaa yookiin soba jechuun isaan deebiisan, filannoon kan isaan deebiisan, kan isaan walitti firoomsuun deebiisaniifi kan isaan ibsuun deebiisan kennameefi jira. Qormaanni kennameefis ulfaatina qabxii 15% keessaa kan kenname yemmuu ta’u dhugaa/sobni 4%, firoomsiifi filannoon tokko tokkoon isaanii 3%fi ibsuun immoo 5% keessaa ilaalamee jira. Haaluma kanaan akkuma gabaticha irratti agarsiifameetti barattoonni dhugaa/soba irratti qabxii giddu-galeessaa1.47fi qabxii adda ba’insa 0.62362 galmeessisanii jiru.Kun immoo barattoonni dandeettii hubannaa waligalaa isaanii daran gadi’aanaa ta’uu isaa ka agarsiisuudha.

Kana malees, gabatee kanaa olii irratti qormaata dhihaannaa filannoon isaaniif kenname irratti qabxii giddu-galeessaa 1.527fi qabxii addaan ba’insaa 0.66061 galmeessisanii jiru. Kun immoo dandeettiin hubannaa waliigalaa barattootaa dhihaannaa filannoon sadarkaa gadi’aanaa irra kan jiru ta’uu isaati. Barattoonni garee to’annaa jalatti ramadaman kun dandeettiin hubannaa waliigalaa isaanii dhihaannaa walitti firoomsuun yemmuu ilaalameetti, yaaliin dura qabxii giddu-galeessa 1.5133fi qabxii adda ba’iinsaa 0.6338 ta’ee galmeessisanii jiru. Kun immoo dandeettiin hubannaa waliigalaa yaaliin dura barattoota garee to’annoo dhihaannaa walitti firoomsuu irratti gadi’aanaa ta’uu isaa kan agarsiisuudha. Gama biraan immoo barattoonni garee to’annoo qormaata dhihaannaa ibsuun qoraman qabxii giddu-galeessaa 1.543fi qabxii adda ba’iinsaa 0.61721 qormaata yaaliin duraa irratti galmeessisanii jiru. Kun kan agarsiisuu dandeettiin hubannaa waliigalaa barattoota garee to’annoo jalatti ramadaman yaaliin dura sadarkaa gad’iaanaa irratti argamuu isaati.

Walumaagalatti barattoonni garee to’annaa qormaata yaaliin duraa irratti dandeettiin oduu durii fayyadamuun hubannaa waliigalaa isaanii cimsachuu sadarkaa gadi’aanaa irra kan jiru ta’uu isaati. Kuniis qabxiin isaan dandeettii hubannaa waliigalaa irratti galmeessisan qabxii giddu-galeessaa waliigalaan yoo ilaalamu 1.513325fi qabxii addan ba’iinsaa 0.6338 ta’uu isaa gabatee armaan olii irratti agarsiifamee jira.Kana jechuun barattoonni garee to’annoo jalatti ramadaman yaaliin dura oduu durii fayyadamuun dandeettiin hubannaa waliigalaa isaanii sadarkaa gadi’aanaa irratti kan argamuu ta’uu isaati.

Gabatee 3. Gahee Oduun Durii Dandeettii Hubannaa Waliigalaa Barattootaa Cimsuu Irratti Qabu Ilaalchisee Ragaalee Qormaata Boodaa Garee To'annoo Irraa Argaman

| T.L | Gosa Dandeettii Dubbisuu Qorame | Dhihaannaa qormaaticha a | Qabxii galmaa'e (15%) | Gulantaa qormaataa | Baay'ina | Giddu-galeessa (Mean) | Adda ba'iinsa (SD.) |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1. | Dandeettii hubannaa waliigalaa | Dhugaa/sob a (4%) | 4/4 | Dura | 1 | 3.173 | 0.7236 2 |
| | | | | Booda | 5 | | |
| | | | 3/4 | Dura | 3 | | |
| | | | | Booda | 6 | | |
| | | | 2/4 | Dura | 7 | | |
| | | | | Booda | 5 | | |
| | | | 1/4 | Dura | 9 | | |
| | | | | Booda | 4 | | |
| | | Filannoo (3%) | 3/3 | Dura | 2 | 3.5000 | .7367 9 |
| | | | | Booda | 9 | | |
| | | | 2/3 | Dura | 4 | | |
| | | | | Booda | 8 | | |
| | | | 1/3 | Dura | 14 | | |
| | | | | Booda | 3 | | |
| | | Firoomsuu (3%) | 3/3 | Dura | - | 3.7000 | .63246 |
| | | | | Booda | 3 | | |
| | | | 2/3 | Dura | 5 | | |
| | | | | Booda | 12 | | |
| | | | 1/3 | Dura | 15 | | |
| | | | | Booda | 5 | | |
| | | Ibsuu (5%) | 5/5 | Dura | 1 | 3.6000 | .50709 |
| | | | | Booda | 7 | | |
| | | | 4/5 | Dura | 2 | | |
| | | | | Booda | 10 | | |
| | | | 3/5 | Dura | 3 | | |
| | | | | Booda | 2 | | |
| | | | 2/5 | Dura | 6 | | |
| | | | | Booda | 1 | | |
| | | | 1/5 | Dura | 8 | | |
| | | | | Booda | - | | |
| | | | Waliigala | Dura | 80 | 3.512 | 0.6659 525 |
| | | | | Booda | 80 | | |

Furtuu: M= qabxii giddu-galeessa, SD= qabxii adda ba'insaa, GM= qabxii gidduu-galeessa waliigalaa; *M=0.05-1.49 (daran gadi'aanaa), M=1.5-2.49 (Gadi'aanaa), M=2.5-3.49 (Giddu-galeessa), M=3.5-4.49 (Ol'anaa) fi M=4.5 ol (daraan ol'aanaa) )(Maddi: Fufa,2006)*

Gabatee sadii armaan olii irratti akka ibsameetti qorattuun gahee oduun durii dandeettii hubannaa waliigalaa barattootaa cimsuu irratti qabu ilaalchisee ragaalee qormaata boodaa garee to'annoo irraa argaman agarsiisitee jirti.Haaluma kanaan barattoonni garee to'annaa ta'uun hojii qorannoo kanaa keessatti hirmaatan yaaliin booda dandeettii dubbisanii hubachuu waliigalaa(general comprehehsion) irratti qabxiilee kanaan gadii galmeessisanii jiru. Qormaanni barattoota kanaaf kennamees dhihaannaa dhugaa/sobaa, filannoo, firoomsuufi ibsuun kan kennameef yoo ta'u, dhugaa/soba jechuun akka deebisaniif gaaffii dhihaate irratti baay'inni barattoota 4/4% galmeessisan tokko irraa gara shaniitti olguddatee jira. Kunis adda addummaa afuriin olguddachuu isaa kan agarsiisuudha. Kana malees barattoota filannoo isaaniif kenname keessaa filachuun akka deebisaniif isaaniif kenname keessaa baay'inni isaanii sadii irraa gara jahaatti adda addummaa sadiin olguddatee jira. Gaaffii barattonni akka walitti firoomsaniif isaaniif kenname irratti immoo baay'inni barattootaa 2/4% galmeessisan immoo torba irraa gara shaniitti yoo gadi guddatu, kanneen 1/4% keessaa galmeessisan immoo sagal irraa gara afuriitti gadi guddatee jira.  Kun immoo kan agarsiisuu barattoonni garee to'annoo jalatti ramadaman oduu duriin to'annaa qorataa jalatti yaaliin erga kennameefi booda jijjiramni kan irratti mul'ate ta'uu isaati.  Jijjiramni jiraachuun isaas kan mul'isu qabxiin giddu-galeessaa daran gadi'aanaa irraa gara giddu-galeessatti guddachuu isaati. Kunis qabxiin giddu-galeessaa yaaliin duraa 1.47 irraa gara 3.173tti olguddatee jiraachuu isaati.

Gaaffii ibsuun hubannoo waliigalaa isaanii akka deebisaniif barattootaaf kenname irratti yaaliin dura barataan tokko qofti shan keessaa shan kan argate yoo ta'u, yaaliin booda irratti immoo barattoonni torba shan keessaa shan argatanii jiru. Barattoonni yaaliin dura shan keessaa afur kanargatan lama qofa yoo ta'an,yaaliin booda garuu barattoonni kudha shan keessaa afuur afuur deebiisanii jiru. Yaaliin dura barattoonni sadii shan keessaa sadii yoo argatan yaaliin booda immoo baay'inni isaanii gara lamaatti gadi bu'ee jira. Yaaliin dura barattoonni jaha shan keessaa lama lama yoo deebisan yaaliin booda baay'inni kun haala nama ajaa'ibuun gara tokkootti gadi hir'atee jira. Yaaliin dura barattoonni saddet shan keessa tokko qofa yoo galmeessisan yaaliin booda garuu barataan shan keessaa gaaffii ibsuu irratti tokko galmeessise hinjiru.  Kunis kan agarsiisuu, barattoonni garee to'annoo jalatti ramadamuun oduu durii fayyadamuun dandeettii hubannaa waliigalaa isaanii akka gabbifataniif to'atamaa turan dandeettii ibsuun gaaffilee deebiisuu irratti jijjirama daran ol'anaa kan qabxii gidduu-galeessa 3.6000fi qabxii addaan ba'insaa .50709 agarsiisanii jiru jechuudha.  kana malees, akka waliigalatti oduu duriin

dandeettii dubbisanii hubachuu waliigalaa barattootaa sadarkaa ol'aanaa (3.512) ta'uun kan cimsu ta'uu isaati.

Gabatee 4. Gahee Oduun Durii Dandeettii Hubannaa Waliigalaa Barattootaa Cimsuu Irratti Qabu Ilaalchisee Ragaalee Qormaata Duraa Garee Yaalii Irraa Argaman.

| T. L | Gosa Dandeettii Dubbisuu Qorame | Dhihaannaa qormaatichaa | Qabxii galmaa'e (15%) | Baay'ina | Giddu-galeessa (Mean) | Adda ba'iinsa (SD.) |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1. | Dandeettii hubannaa waliigalaa | Dhugaa/soba (4%) | 4/4 | - | 0.08667 | 0.2582 |
| | | | 3/4 | 1 | | |
| | | | 2/4 | 5 | | |
| | | | 1/4 | 14 | | |
| | | | Waliigala | 20 | | |
| | | Filannoo (3%) | 3/3 | 1 | 1.00 | 0.000 |
| | | | 2/3 | 1 | | |
| | | | 1/3 | 18 | | |
| | | | Waliigala | 20 | | |
| | | Firoomsuu (3%) | 3/3 | 1 | 0.121 | 0.2033 |
| | | | 2/3 | 3 | | |
| | | | 1/3 | 16 | | |
| | | | Waliigala | 20 | | |
| | | Ibsuu (5%) | 5/5 | 1 | 0.733 | 0.3518 7 |
| | | | 4/5 | 3 | | |
| | | | 3/5 | 2 | | |
| | | | 2/5 | 4 | | |
| | | | 1/5 | 10 | | |
| | | | Waliigala | 20 | | |

Furtuu: M= qabxii giddu-galeessa, SD= qabxii adda ba'insaa, GM= qabxii gidduu-galeessa waliigalaa; *M=0.05-1.49 (daran gadi'aanaa), M=1.5-2.49 (Gadi'aanaa), M=2.5-3.49 (Giddu-galeessa), M=3.5-4.49 (Ol'anaa) fi M=4.5 ol (daraan ol'aanaa) )(Maddi: Fufa,2006)*

Gabatee kanaan olii irraatti qorattuun hubannaa waliigalaa barattootaa cimsuu irratti qabu ilaalchisee ragaalee qormaata duraa garee yaalii irraa argaman dhiheessitee jirti.Qorattuuniis gaaffilee 15 dhihaannaa dhugaa/sobaan, filannoon, walitti firoomsuufi ibsuun barattoota garee yaaliif kennuun barattoota 20 keessaa yaaliin duratti barataan tokkoyyuu qabxii afuur keessaa afur hingalmeessiisne. Barattoota qormaaticha fudhatan keessaa barataan tokko qofti qabxii afuur keessaa sadii galmeessee jira.Barattoota qormaaticha fudhatan keessaa shan qofti afuur keessaa lama lama yoo galmeessan barattoonni kudha afuur gaaffii hubannoo waliigalaa bifa ibsuun akka deebisaniif isaaniif kenname afur keessa tokko tokko argatanii jiru. Akka

waliigalaatti dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa waliigalaa addaan baasuuf dhihaannaa dhugaa/sobaan dhihaateef irratti raawwii daran gadi'aanaa (qabxii giddu-galeessaa 0.08667fi qabxii addaan ba'iinsaa 0.2582) yaaliin dura kan galmeessiisan ta'uu isaa hubachuun danda'amee jira.  Kun immoo dandeettiin barattootaa daran gadi'aanaa waan ta'eef yaaliin kan isaan barbaachisu ta'uu isaati.

Gama biran immoo gaaffii dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa waliigalaa ilaalchisuun filannoowwan keessaa filachuun akka deebisaniif gaafataman keessaa barattoonni tokko tokko qofti sadii keessa sadiifi sadii keessaa lama lama deebisanii jiru.Barattoonni hafan kudha saddeet immoo sadii keessa tokko tokko qofa deebisanii jiru. Kun immoo kan agarsiisu barattoonni garee yaaliitti ramadaman dandeettii dubbisanii hubachuu waliigalaa isaanii dhihaannaa filannoon deebiisuuf isaaniif kenname irratti daran gadi'aanaa waan ta'eef yaaliin daran kan isaan barbaachiisu ta'uu isaati.  Walumaagalaatti, barattoonni dandeettiin dubbisanii hubachuun isaanii ilaalchisee gaaffiilee dhihaannaa filannoon isaaniif kenname raawwii daran gadi'aanaa(qabxii giddu-galeessaa 1.00fi qabxii addaan ba'iinsaa 0.000) yaaliin dura galmeessiisuu isaanii hubachuun danda'amee jira.

Barattoota dandeettiin dubbisanii hubachuu waliigalaa isaanii dhihaannaa walitti firoomsuun qoraman keessaa baratаa tokko qofti sadii keessaa sadii kan galmeessise yoo ta'u, baratttoonni sadii immoo sadii keessaa lama deebisanii jiru. Barattoonni hafan kudha jaha immoo qabxii sadii keessaa tokko tokko qofa galmeessanii jiru.Walumaagalatti, barattoonni dandeettiin dubbisanii hubachuu waliigalaa isaanii ilaalchisee qormaata dhihaannaa walitti firoomsuun isaaniif kenname raawwii gadi'aanaa (qabxii giddu-galeessaa 0.121fi qabxii addaan ba'insaa 0.2033) yaaliin dura galmeessisanii jiru. Kun immoo kan agarsiisu barattoonni kun yaalii walitti fufaa kan barbaachisu ta'uu isaati.

Gama biraan barattoota dandeettiin dubbisanii hubachuu waliigalaa isaanii dhihaannaa ibsuun akka deebisaniif gaaffiileen isaaniif dhihaate keessaa baratаan tokko qofti shan keessaa shank an galmeessise yoo ta'u, barattoonni sadii immoo shan keessaa immoo afur galmeessisanii jiru. Barattoonni garee kana jalatti dhihaannaa ibsuun qoraman keessaa barattoonni lama shan keessaa sadi sadii galmeessiisanii jiru. Barattoonni hafan kudha immoo shan keessaa tokko tokko

galmeessisanii jiru. Walumaagalatti, barattoonni dandeettiin dubbisanii hubachuu waliigalaa isaanii irratti qormaata dhihaannaa ibsuun isaaniifi kenname irratti raawiwi gadi'aanaa (qabxii giddu-galeessaa 0.733fi qabxii addaan ba'iinsaa 0.35187) yaaliin dura agarsiisanii jiru.

Gabatee 5. Gahee Oduun Durii Dandeettii Hubannaa Waliigalaa Barattootaa Cimsuu Irratti Qabu Ilaalchisee Ragaalee Qormaata Boodaa Garee Yaalii Irraa Argaman.

| T. L | Gosa Dandeettii Dubbisuu Qorame | Dhihaannaa qormaatichaa | Qabxii galmaa'e (15%) | Gulantaa qormaataa | Baay'ina | Giddu-galeessa (Mean) | Adda ba'iinsa (SD.) |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1. | Dandeettii hubannaa waliigalaa | Dhugaa/soba (4%) | 4/4 | Dura | - | 2.6875 | 0.6312 |
| | | | | Booda | 8 | | |
| | | | 3/4 | Dura | 1 | | |
| | | | | Booda | 7 | | |
| | | | 2/4 | Dura | 5 | | |
| | | | | Booda | 3 | | |
| | | | 1/4 | Dura | 14 | | |
| | | | | Booda | 2 | | |
| | | Filannoo (3%) | 3/3 | Dura | 1 | 3.63 | 0.56061 |
| | | | | Booda | 13 | | |
| | | | 2/3 | Dura | 1 | | |
| | | | | Booda | 6 | | |
| | | | 1/3 | Dura | 18 | | |
| | | | | Booda | 1 | | |
| | | Firoomsuu (3%) | 3/3 | Dura | 1 | 3.875 | 0.59362 |
| | | | | Booda | 11 | | |
| | | | 2/3 | Dura | 3 | | |
| | | | | Booda | 8 | | |
| | | | 1/3 | Dura | 16 | | |
| | | | | Booda | 1 | | |
| | | Ibsuu (5%) | 5/5 | Dura | 1 | 3.915 | 0.61721 |
| | | | | Booda | 12 | | |
| | | | 4/5 | Dura | 3 | | |
| | | | | Booda | 4 | | |
| | | | 3/5 | Dura | 2 | | |
| | | | | Booda | 1 | | |
| | | | 2/5 | Dura | 4 | | |
| | | | | Booda | 2 | | |
| | | | 1/5 | Dura | 10 | | |
| | | | | Booda | 1 | | |
| | | | Waliigala | Dura | 80 | 3.751875 | 0.60066 |
| | | | | Booda | 80 | | |

Furtuu: M= qabxii giddu-galeessa, SD= qabxii adda ba’insaa, GM= qabxii gidduu-galeessa waliigalaa; *M=0.05-1.49 (daran gadi’aanaa), M=1.5-2.49 (Gadi’aanaa), M=2.5-3.49 (Giddu-galeessa), M=3.5-4.49 (Ol’anaa) fi M=4.5 ol (daraan ol’aanaa) (Maddi: Fufa,2006)*

Gabatee shan kanaan olii irratti akkuma agarsiifameetti qorattuun dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa ilaalchisee ragaalee barattoota garee yaalii irraa yaaliin booda walcina qabuun ibsitee jirti.Haaluma kanaan barattoonni garee yaalii ta’uun hojii qorannoo kanaa keessatti hirmaatan yaaliin booda dandeettii dubbisanii hubachuu waliigalaa (general comprehehsion) irratti qabxiilee kanaan gadii galmeessisanii jiru. Qormaanni barattoota kanaaf kennamees dhihaannaa dhugaa/sobaa, filannoo, firoomsuufi ibsuun kan kennameef yoo ta’u, dhugaa/soba jechuun akka deebisaniif gaaffii dhihaate irratti baay’inni barattoota 4/4% galmeessisan zeroo irraa gara saddetiitti olguddatee jira. Kunis adda addummaa saddeetiin olguddachuu isaa kan agarsiisuudha. Kana malees barattoota filannoo isaaniif kenname keessaa filachuun akka deebisaniif isaaniif kenname keessaa baay’inni isaanii tokko irraa gara torbaatti adda addummaa jahaan olguddatee jira. Gaaffii barattonni akka walitti firoomsaniif isaaniif kenname irratti immoo baay’inni barattootaa 2/4% galmeessisan immoo shan irraa gara sadiitti yoo gadi guddatu, kanneen 1/4% keessaa galmeessisan immoo kudha afuur irraa gara lamaatti gadi guddatee jira. Kun immoo kan agarsiisuu barattoonni garee yaalii jalatti ramadaman oduu duriin to’annoofi hordoffii guutuu qorataa jalatti yaaliin erga kennameefi booda jijjiramni addaa kan irratti mul’ate ta’uu isaati. Jijjiramni jiraachuun isaas kan mul’isu qabxiin giddu-galeessaa daran gadi’aanaa irraa gara daran ol’aanaatti guddachuu isaati. Kunis qabxiin giddu-galeessaa yaaliin duraa 0.08667 irraa gara 3.751875 tti olguddatee jiraachuu isaati.

Gaaffii ibsuun hubannoo waliigalaa isaanii akka deebisaniif barattootaaf kenname irratti yaaliin dura barataan tokko qofti shan keessaa shan kan argate yoo ta’u, yaaliin booda irratti immoo barattoonni torba shan keessaa shan argatanii jiru. Barataan yaaliin dura shan keessaa shan argate tokko qofa yoo ta’an, yaaliin booda garuu barattoonni kudha lama shan keessaa shan deebiisanii jiru. Yaaliin dura barattoonni sadii shan keessaa lama yoo argatan yaaliin booda immoo baay’inni isaanii gara tokkootti gadi bu’ee jira. Yaaliin dura barattoonni afur shan keessaa lama lama yoo deebisan yaaliin booda baay’inni kun gara lamaatti gadi hir’atee jira. Yaaliin dura barattoonni kudhan shan keessa tokko qofa yoo galmeessisan yaaliin booda garuu barataan shan keessaa gaaffii ibsuu irratti tokko galmeessise hinjiru. Kunis kan agarsiisuu, barattoonni garee yaalii jalatti ramadamuun oduu durii fayyadamuun dandeettii dubbisanii

hubachuu waliigalaa isaanii akka gabbifataniif yaalii jala turan dandeettii ibsuun gaaffilee deebiisuu irratti jijjirama daran ol’anaa kan qabxii gidduu-galeessa 3.915fi qabxii addaan ba’insaa 0.61721 agarsiisanii jiru jechuudha.  Kana malees, akka waliigalatti oduu duriin dandeettii dubbisanii hubachuu waliigalaa barattootaa sadarkaa daran ol’aanaan (3.751875) ta’uun kan cimsu ta’uu isaati.

### 4.1.2 Gahee Oduun Durii Dandeettii Agarsiisuun Hubachuu (Inferential Comprehension) Barattootaa Cimsuu Irratti Qabu

Qorattun oduu durii fayyadamuun dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa barsiisuun dandeettii agarsiisuun hubachuu (inferential comprehension) barattootaa cimsuufi dhiisuu isaa ilachisuun ragaalee barbaachiisan walitti qabachuuf qormaata duraafi boodaa kennuun bu’aawwan kanaan gadii argamanii jiru.

Gabatee 6.Gahee Oduun Durii Dandeettii Agarsiisuun Hubachuu Barattootaa Cimsuu Irratti Qabu Ilaalchisee Ragaalee Qormaata Duraa Garee To’annoo Irraa Argaman.

| T. L | Gosa Dandeettii Dubbisuu Qorame | Dhihaannaa Qormaatichaa | Qabxii Galmaa’e (12%) | Baay’ina | Giddu-Galeessa (Mean) | Adda Ba’iinsa (SD.) |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 2. | Dandeettii Agarsiisuun Hubachuu | Dhugaa/Soba (2%) | 2/2 | 8 | 1.2667 | 0.59362 |
| | | | 1/2 | 12 | | |
| | | | Waliigala | 20 | | |
| | | Filannoo (2%) | 2/2 | 6 | 1.333 | 0.61721 |
| | | | 1/2 | 14 | | |
| | | | Waliigala | 20 | | |
| | | Bakka Duwwaa Guutuu (4%) | 4/4 | 2 | 1.200 | 0.56061 |
| | | | 3/4 | 4 | | |
| | | | 2/4 | 6 | | |
| | | | 1/4 | 8 | | |
| | | | Waliigala | 20 | | |
| | | Ibsuu (4%) | 4/4 | 4 | 1.2655 | 0.59048 |
| | | | 3/4 | 5 | | |
| | | | 2/4 | 4 | | |
| | | | 1/4 | 13 | | |
| | | | Waliigala | 20 | | |

Furtuu: M= qabxii giddu-galeessa, SD= qabxii adda ba’insaa, GM= qabxii gidduu-galeessa waliigalaa; *M=0.05-1.49 (daran gadi’aanaa), M=1.5-2.49 (Gadi’aanaa), M=2.5-3.49 (Giddu-galeessa), M=3.5-4.49 (Ol’anaa) fi M=4.5 ol  (daraan ol’aanaa) )(Maddi: Fufa,2006)*

Gabatee kanaan olii irraatti qorattuun dandeettii agarsiisuun hubachuu (inferential comprehension) barattootaa irratti qabu ilaalchisee ragaalee qormaata duraa garee to'annaa irraa argaman dhiheessitee jirti.Qorattuuniis gaaffilee 12 dhihaannaa dhugaa/sobaan, filannoon, bakka duwwaa guutuufi ibsuun barattoota garee to'annoof kennuun barattoota 20 keessaa yaaliin duratti barattoonni 8 gaaffilee dhugaa/soba isaaniif kenname irratti qabxii lama keessaa lama galmessisanii jiru. Barattoota qormaaticha fudhatan keessaa barattoonni kudha lama qabxii lama keessaa tokko argatanii jiru. Akka waliigalaatti dandeettii agarsiisuun dubbisanii hubachuu barattootaa addaan baasuuf dhihaannaa dhugaa/sobaan dhihaateef irratti raawwii gadi'aanaa (qabxii giddu-galeessaa 1.2667fi qabxii addaan ba'iinsaa 0.59362) yaaliin dura kan galmeessiisan ta'uu isaa hubachuun danda'amee jira.  Kun immoo dandeettiin agarsiisuun hubachuu (inferential comprehension) barattootaa gadi'aanaa waan ta'eef yaaliin kan isaan barbaachisu ta'uu isaati.

Gama biran immoo gaaffii dandeettii agarsiisuun hubachuu barattootaa ilaalchisuun filannoowwan keessaa filachuun akka deebisaniif gaafataman keessaa barattoonni jaha lama keessa lama yoo galmeessisan barattoonni hafan kudha afuur garuu  lama keessaa tokko qofa deebisanii jiru. Ragaa kana irraa wanti hubatamu barattoonni garee to'annootti ramadaman dandeettii agarsiisuun dubbisanii hubachuu isaanii dhihaannaa filannoon deebiisuuf isaaniif kenname irratti gadi'aanaa waan ta'eef to'annoo qorattuu yaaliin kan isaan barbaachiisu ta'uu isaati.  Walumaagalaatti, barattoonni dandeettiin agarsiisuun dubbisanii hubachuun isaanii ilaalchisee gaaffiilee dhihaannaa filannoon isaaniif kenname raawwii gadi'aanaa (qabxii giddu-galeessaa 1.33fi qabxii addaan ba'iinsaa 0.61721) yaaliin dura galmeessiisuu isaanii hubachuun danda'amee jira.

Barattoota dandeettiin agarsiisuun dubbisanii hubachuu (inferential comprehension) isaanii dhihaannaa bakka duwwaa guutuun qoraman keessaa barattoota lama qofti afur keessaa afur kan galmeessisan yoo ta'u, baratttoonni afur immoo afur keessaa sadii deebisanii jiru. Barattoonni jaha afur keessaa lama yoo galmeessisan, barattoonni saddet afur keessaa tokko tokko qofa galmeessanii jiru.Walumaagalatti, barattoonni dandeettiin agarsiisuun dubbisanii hubachuu isaanii ilaalchisee qormaata dhihaannaa bakka duwwaa guutuun isaaniif kenname raawwii gadi'aanaa (qabxii giddu-galeessaa 1.200fi qabxii addaan ba'insaa 0.56061) yaaliin dura

galmeessisanii jiru. Kun immoo kan agarsiisu barattoonni kun yaalii to’annaa qorattuu kennamuufiin kan barbaachisu ta’uu isaati.

Gama biraan barattoota dandeettiin agarsiisuun dubbisanii hubachuu isaanii dhihaannaa ibsuun akka deebisaniif gaaffiileen isaaniif dhihaate keessaa barattoonni afur qofti afur keessaa afur kangalmeessise yoo ta’u, barattoonni shan immoo afur keessaa immoo afur galmeessisanii jiru. Barattoonni garee kana jalatti dhihaannaa ibsuun qoraman keessaa barattoonni afur keessaa afur afur galmeessiisanii jiru.Barattoonni hafan kudha sadii immoo afur keessaa tokko tokko galmeessisanii jiru.Walumaagalatti, barattoonni dandeettiin agarsiisuun dubbisanii hubachuu isaanii irratti qormaata dhihaannaa ibsuun isaaniifi kenname irratti raawiwi gadi’aanaa (qabxii giddu-galeessaa 1.2655fi qabxii addaan ba’iinsaa 0.59048) yaaliin dura agarsiisanii jiru.

Gabatee 7.Gahee oduun durii dandeettii agarsiisuun hubachuu barattootaa cimsuu irratti qabu ilaalchisee ragaalee qormaata boodaa garee to’annoo irraa argaman.

| T. L | Gosa Dandeettii Dubbisuu Qorame | Dhihaannaa qormaatichaa | Qabxii galmaa’e (12%) | Gulantaa qormaataa | Baay’ina | Giddu-galeessa (Mean) | Adda ba’iinsa (SD.) |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 2. | Dandeettii Agarsiisuun Hubachuu | Dhugaa/soba (2%) | 2/2 | Dura | 8 | 3.7333 | .96115 |
| | | | | Booda | 13 | | |
| | | | 1/2 | Dura | 12 | | |
| | | | | Booda | 7 | | |
| | | | Waliigala | | 20 | | |
| | | Filannoo (2%) | 2/2 | Dura | 6 | 3.433 | 0.24 |
| | | | | Booda | 15 | | |
| | | | 1/2 | Dura | 14 | | |
| | | | | Booda | 5 | | |
| | | | Waliigala | | 20 | | |
| | | Bakka Duwwaa Guutuu (4%) | 4/4 | Dura | 2 | 3.6667 | .89974 |
| | | | | Booda | 11 | | |
| | | | 3/4 | Dura | 4 | | |
| | | | | Booda | 6 | | |
| | | | 2/4 | Dura | 6 | | |
| | | | | Booda | 2 | | |
| | | | 1/4 | Dura | 8 | | |
| | | | | Booda | 1 | | |
| | | | Waliigala | | 20 | | |
| | | Ibsuu (4%) | 4/4 | Dura | 1 | 3.41 | 0.224 |
| | | | | Booda | 10 | | |
| | | | 3/4 | Dura | 2 | | |

| | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | Booda | 6 | | |
| | | | 2/4 | Dura | 6 | | |
| | | | | Booda | 3 | | |
| | | | 1/4 | Dura | 11 | | |
| | | | | Booda | 2 | | |
| | | | Waliigala | Dura | | | |
| | | | | Booda | | | |

Furtuu: M= qabxii giddu-galeessa, SD= qabxii adda ba'insaa, GM= qabxii gidduu-galeessa waliigalaa; *M=0.05-1.49 (daran gadi'aanaa), M=1.5-2.49 (Gadi'aanaa), M=2.5-3.49 (Giddu-galeessa), M=3.5-4.49 (Ol'anaa) fi M=4.5 ol (daraan ol'aanaa) )(Maddi: Fufa,2006)*

Gabatee kanaan olii irraatti qorattuu dandeettii agarsiisuun dubbisanii hubachuu barattootaa(inferential comprehension skill) cimsuu irratti qabu ilaalchisee ragaalee qormaata boodaa garee to'annoo irraa argaman dhiheessee jira. Qorattuuiis gaaffilee 12 dhihaannaa dhugaa/sobaan, filannoon, bakka duwwaa guutuufi ibsuun barattoota garee to'annoof kennuun barattoota 20 keessaa yaaliin duratti barattoonni saddet qofti qabxii lama keessaa lama yoo galmeessiisan, yaaliin booda garuu barattoonni kudha sadii qabxii lama keessaa lama galmeessisanii jiru. Akka waliigalaatti dandeettiin agarsiisuun dubbisanii hubachuu barattootaa addaan baasuuf dhihaannaa dhugaa/sobaan dhihaateef irratti raawwii barattoonni yaaliin booda agarsiisan daran ol'aanaa (qabxii giddu-galeessaa 3.7333fi qabxii addaan ba'iinsaa 0.96115) yaaliin booda kan galmeessiisan ta'uu isaa hubachuun danda'amee jira. Ragaa kana irraa wanti hubatamu, barattoonni dandeettiin agarsiisuun dubbisanii hubahcuu isaanii yaaliin irra deddebiin yoo kennameef daran guddachuu kan danda'u ta'uu isaati.

Gama biran immoo gaaffii dandeettii agarsiisuun dubbisanii hubachuu barattootaa ilaalchisuun filannoowwan keessaa filachuun akka deebisaniif gaafataman keessaa yaaliin dura barattoonni jaha lama keessaa lama yoo deebiisan yaaliin booda qabxiin kun gara kudha shaniitti olguddatee jira. Barattoonnii gaaffii filannoo lama isaaniif kenname irratti lama keessaa tokko deebisan yaaliin dura barattoota kudha afur yoo ta'an yaaliin booda garuu gara barattoota shanii qofatti gadi-bu'ee jira.Walumaagalaatti, barattoonni dandeettiin agarsiisuun dubbisanii hubachuun isaanii ilaalchisee gaaffiilee dhihaannaa filannoon isaaniif kenname raawwii daran ol'aanaa (qabxii giddu-galeessaa 3.433fi qabxii addaan ba'iinsaa 0.24) yaaliin booda galmeessiisuu isaanii hubachuun danda'amee jira. Kana jechuun dandeettii agarsiisuun dubbisanii hubachuu barattootaa dhihaannaa filannoon yaalii booda daran kan dabale waan ta'eef oduun durii dandeettii agarsiisuun hubahcuu barattootaa guddisuu irratti gahee kan qabuu ta'uu isaati.

Barattoota dandeettiin agarsiisuun dubbisanii hubachuu isaanii dhihaannaa bakka duwwaa guutuun qoraman keessaa yaaliin dura barattoonnii lama qofti afur keessaa afur kan galmeessisan yoo ta'u, yaaliin booda qabxiin kun gara kudha tokkootti olguddatee jira. Gaaffii bakka duwwaa guutuu barattoota garee to'annoof yaaliin duraafi booda kenname irratti walmadaalsiisuuf kenname irratti barattoonni afur yaaliin dura afur keessaa sadii yoo argatan yaaliin booda garuu baay'inni kun gara jahaatti olguddatee jira. Kana malees barattoonni jaha yaaliin dura qabxii afur keessaa lama yoo galmeessan yaaliin booda baay'ini kun gara lamaatti, barattoonni saddeet yaaliin dura qabxii afur keessaa tokko tokko yoo argatan yaaliin booda baay'inni kun gara tokkootti gadi-bu'ee jira. Walumaagalatti, barattoonni dandeettiin agarsiisuun dubbisanii hubachuu isaanii ilaalchisee qormaata dhihaannaa bakka duwwaa guutuun isaaniif kenname raawwii daran ol'aanaa (qabxii giddu-galeessaa 3.6667fi qabxii addaan ba'insaa.89974) yaaliin booda galmeessisanii jiru. Kun immoo kan agarsiisu oduu durii fayyadamuun dandeettii agarsiisuun dubbisanii hubachuu barattootaa cimsuuf yaaliin geggeeffame milkaa'aa kan ta'eefii oduun durii dandeettii agarsiisuun dubbisanii hubachuu (inferential comprehension skill) barattootaa kana gabbise ta'uu isaati.

Gama biraan barattoota dandeettii agarsiisuun dubbisanii hubachuu isaanii dhihaannaa ibsuun akka deebisaniif gaaffiileen isaaniif dhihaate keessaa barataan tokko qofti shan keessaa shan yaaliin dura kan galmeessise yoo ta'u, baay'inni kun yaaliin booda gara barattoota kudhaniitti olguddatee jira. Barattoota qormaata yaaliin duraafi booda ibsuu irratti fudtan keessaa immoo barattoonni lama yaaliin dura afur keessaa sadii yoo galmeessisan yaaliin booda baay'inni kun gara jahaatti olguddatee jira. Barattoota ibsuun gaaffii dubbisanii hubachuu isaaniif kenname keessaa yaaliin dura barattoonni jaha afur keessaa lama kan deebisan yoo ta'u barattoonni sadii afur keessaa lama, barattoonni kudha tokko yaaliin dura afur keessaa tokko yoo deebisan yaaliin booda baay'inni barattoota kanaa gara lamaatti gadi xiqqaatee jira. Walumaagalatti, barattoonni dandeettii agarsiisuun dubbisanii hubachuu isaanii irratti qormaata dhihaannaa ibsuun isaaniif kenname irratti raawiwi ol'aanaa (qabxii giddu-galeessaa 3.41fi qabxii addaan ba'iinsaa 0.224) yaaliin booda agarsiisanii jiru.Kun kana agarsiisuu oduun durii dandeettii agarsiisuun dubbisanii hubachuu irratti barattonni yaada isaanii ibsuun akka hojjetaniif gahee ol'aanaa taphachuu isaati.

Gabatee 8. Gahee oduun durii dandeettii agarsiisuun hubachuu barattootaa cimsuu irratti qabu ilaalchisee ragaalee qormaata duraa garee yaalii irraa argaman

| T.L | Gosa Dandeettii Dubbisuu Qorame | Dhihaannaa Qormaatichaa | Qabxii Galmaa'e (12%) | Baay'ina | Giddu-Galeessa (Mean) | Adda Ba'iinsa (SD.) |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 2. | Dandeettii Agarsiisuun Hubachuu | Dhugaa/Soba (2%) | 2/2 | 3 | 1.1667 | 0.392 |
| | | | 1/2 | 17 | | |
| | | | Waliigala | 20 | | |
| | | Filannoo (2%) | 2/2 | 5 | 1.033 | 0.456 |
| | | | 1/2 | 15 | | |
| | | | Waliigala | 20 | | |
| | | Bakka Duwwaa Guutuu (4%) | 4/4 | - | 1.01200 | 0.312 |
| | | | 3/4 | 3 | | |
| | | | 2/4 | 4 | | |
| | | | 1/4 | 13 | | |
| | | | Waliigala | 20 | | |
| | | Ibsuu (4%) | 4/4 | 2 | 0.121 | 0.2033 |
| | | | 3/4 | 3 | | |
| | | | 2/4 | 6 | | |
| | | | 1/4 | 9 | | |
| | | | Waliigala | 20 | | |

Furtuu: M= qabxii giddu-galeessa, SD= qabxii adda ba'insaa, GM= qabxii gidduu-galeessa waliigalaa; *M=0.05-1.49 (daran gadi'aanaa), M=1.5-2.49 (Gadi'aanaa), M=2.5-3.49 (Giddu-galeessa), M=3.5-4.49 (Ol'anaa) fi M=4.5 ol (daraan ol'aanaa) (Maddi: Fufa,2006)*

Gabatee kanaan olii irraatti qorattuun dandeettii agarsiisuun dubbisanii hubachuu barattootaa cimsuu irratti qabu ilaalchisee ragaalee qormaata duraa garee yaalii irraa argaman dhiheessitee jirti.Qorattuuniis gaaffilee 12 dhihaannaa dhugaa/sobaan, filannoon, bakka duwwaa guutuufi ibsuun barattoota garee yaaliif kennuun barattoota 20 keessaa yaaliin duratti gaaffii dhihaannaa dhugaa yookiin soba jechuun akka deebisaniif isaaniif kenname irratti barattonni sadii qofti qabxii lama keessaa lama galmeessisanii jiru; kanneen hafan kudha torba qabxii lama keessaa tokko tokko qofa galmeessisanii jiru. Barattoota qormaaticha fudhatan keessaa barataan tokko qofti qabxii afuur keessaa sadii galmeessee jira.barattoota qormaaticha fudhatan keessaa shan qofti afuur keessaa lama lama yoo galmeessan barattoonni kudha afuur gaaffii hubannoo waliigalaa bifa ibsuun akka deebisaniif isaaniif kenname afur keessa tokko tokko argatanii jiru.

Akka waliigalaatti dandeettii agarsiisuun dubbisanii hubachuu barattootaa addaan baasuuf gaaffii dhihaannaa dhugaa/sobaan dhihaateef irratti raawwii daran gadi'aanaa (qabxii giddu-galeessaa 1.1667fi qabxii addaan ba'iinsaa 0.392) yaaliin dura kan galmeessiisan ta'uu isaa hubachuun danda'amee jira. Kun immoo dandeettiin agarsiisuun dubbisanii hubachuu barattootaa daran gadi'aanaa waan ta'eef yaaliin kan isaan barbaachisu ta'uu isaati.

Gama biran immoo gaaffii dandeettii agarsiisuun dubbisanii hubachuu barattootaa ilaalchisuun filannoowwan keessaa filachuun akka deebisaniif gaafataman keessaa barattoonni shan qofti lama keessa lama yoo deebisan kanneen hafan kudha shan immoo lama keessaa tokko qofa deebisanii jiru. Walumaagalaatti, barattoonni dandeettiin agarsiisuun dubbisanii hubachuu isaanii ilaalchisee gaaffiilee dhihaannaa filannoon isaaniif kenname raawwii daran gadi'aanaa(qabxii giddu-galeessaa 1.033fi qabxii addaan ba'iinsaa 0.456) yaaliin dura galmeessiisuu isaanii hubachuun danda'amee jira. Kana waan ta'eef barattoonni kun dandeettii agarsiisuun dubbisanii hubachuu isaanii cimsachuuf oduu durii fayyadamuun yaalii geggeessuun barbaachisaa ta'uu isaati.

Barattoota dandeettiin agarsiisuun dubbisanii hubachuu isaanii dhihaannaa bakka duwwaa guutuun qoraman keessaa barataan tokkoyyuu afur keessaa afur kan hingalmeessise yoo ta'u, baratttoonni sadii immoo afur keessaa sadii deebisanii jiru. Barattoonni hafan kudha afur qabxii afur keessaa lama lama yoo galmeessan, barattoonni hafan kudha sadii qabxii afur keessaa tokko tokko qofa galmeessisanii jiru.Walumaagalatti, barattoonni dandeettiin agarsiisuun dubbisanii hubachuu isaanii ilaalchisee qormaata dhihaannaa bakka duwwaa guutuun isaaniif kenname raawwii gadi'aanaa (qabxii giddu-galeessaa 1.0200fi qabxii addaan ba'insaa 0.312) yaaliin dura galmeessisanii jiru. Kun immoo kan agarsiisu barattoonni kun yaalii walitti fufaa oduu duriin dandeettii agarsiisuun dubbisanii hubachuu isaanii akka gabbaifataniif kan barbaachisu ta'uu isaati.

Gama biraan barattoota dandeettiin agarsiisuun dubbisanii hubachuu isaanii dhihaannaa ibsuun akka deebisaniif gaaffiileen isaaniif dhihaate keessaa barattoonni lama qofti afur keessaa afur kan galmeessise yoo ta'u, barattoonni sadii immoo afur keessaa immoo sadii galmeessisanii jiru. Barattoonni garee kana jalatti dhihaannaa ibsuun qoraman keessaa barattoonni jaha afur keessaa

lama lama galmeessiisanii jiru. Barattoonni hafan sagal immoo afur keessaa tokko tokko galmeessisanii jiru.Walumaagalatti, barattoonni dandeettiin agarsiisuun dubbisanii hubachuu isaanii irratti qormaata dhihaannaa ibsuun isaaniifi kenname irratti raawiwi gadi’aanaa (qabxii giddu-galeessaa 0.121fi qabxii addaan ba’iinsaa 0.2033) yaaliin dura agarsiisanii jiru. Kun kan agarsiisuu barattoonni kun yaalii walitti fufaa fudhachuun dandeettii isaanii kana akka gabbiftan irratti hojjetamuu akkaa qabuudha.

Gabatee 9.Gahee oduun durii dandeettii agarsiisuun hubachuu barattootaa cimsuu irratti qabu ilaachisee ragaalee qormaata boodaa garee yaalii irraa argaman

| T. L | Gosa Dandeettii Dubbisuu Qorame | Dhihaannaa qormaatichaa | Qabxii galmaa’e (12%) | Gulantaa qormaataa | Baay’ina | Giddu-galeessa (Mean) | Adda ba’iinsa (SD.) |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 2. | Dandeettii Agarsiisuun Hubachuu | Dhugaa/soba (2%) | 2/2 | Dura | 3 | 3.5667 | 0.35187 |
| | | | | Booda | 13 | | |
| | | | 1/2 | Dura | 17 | | |
| | | | | Booda | 7 | | |
| | | | Waliigala | | 20 | | |
| | | Filannoo (2%) | 2/2 | Dura | 5 | 3.574 | 0.210 |
| | | | | Booda | 15 | | |
| | | | 1/2 | Dura | 15 | | |
| | | | | Booda | 5 | | |
| | | | Waliigala | | 20 | | |
| | | Bakka Duwwaa Guutuu (4%) | 4/4 | Dura | - | 3.6135 | 0.2123 |
| | | | | Booda | 10 | | |
| | | | 3/4 | Dura | 3 | | |
| | | | | Booda | 8 | | |
| | | | 2/4 | Dura | 4 | | |
| | | | | Booda | 2 | | |
| | | | 1/4 | Dura | 13 | | |
| | | | | Booda | - | | |
| | | | Waliigala | | 20 | | |
| | | Ibsuu (4%) | 4/4 | Dura | 2 | 3.6253 | 0.5033 |
| | | | | Booda | 10 | | |
| | | | 3/4 | Dura | 3 | | |
| | | | | Booda | 6 | | |
| | | | 2/4 | Dura | 6 | | |
| | | | | Booda | 3 | | |
| | | | 1/4 | Dura | 9 | | |
| | | | | Booda | 1 | | |
| | | | Waliigala | | 20 | | |

Furtuu: M= qabxii giddu-galeessa, SD= qabxii adda ba’insaa, GM= qabxii gidduu-galeessa waliigalaa; *M=0.05-1.49 (daran gadi’aanaa), M=1.5-2.49 (Gadi’aanaa), M=2.5-3.49 (Giddu-galeessa), M=3.5-4.49 (Ol’anaa) fi M=4.5 ol (daraan ol’aanaa) (Maddi: Fufa,2006)*

Gabatee kanaan olii irraatti qorattuun dandeettii agarsiisuun dubbisanii hubachuu barattootaa cimsuu irratti gahee oduun durii qabu ilaalchisee ragaalee qormaata duraa garee yaalii irraa argaman dhiheessitee jirti.Qorattuuniis gaaffilee kudha lama dhihaannaa dhugaa/sobaan, filannoon, walitti firoomsuufi ibsuun barattoota garee yaaliif kennuun barattoota digdama keessaa yaaliin duratti barataan tokkoyyuu qabxii afuur keessaa afur hingalmeessiisne. Barattoota qormaaticha fudhatan keessaa baratoonni sadii yaaliin dura lama keessaa lama yoo galmeessiisan, baay’inni kun yaaliin booda gara kudha sadiitti olguddatee jira. Yaaliin dura barattoonni kudha torba lama keessaa tokko tokko yoo galmeessisan, yaaliin booda baay’inni kun gara torbaatti gadi xiqqaatee jira. Akka waliigalaatti dandeettii agarsiisuun dubbisanii hubachuu barattootaa addaan baasuuf dhihaannaa dhugaa/sobaan dhihaateef irratti raawwii daran ol’aanaa (qabxii giddu-galeessaa 3.5667fi qabxii addaan ba’iinsaa 0.45187) yaaliin booda kan galmeessiisan ta’uu isaa hubachuun danda’amee jira. Kana jechuun oduu durii fayyadamuun dandeettii agarsiisuun dubbisanii hubachuu barattootaa cimsuu irratti yaaliin dheeraan yoo geggeeffame dandeetticha daran kan guddisu ta’uu isaati.

Gama biran immoo gaaffii dandeettii agarsiisuun dubbisanii hubachuu barattootaa ilaalchisuun filannoowwan keessaa filachuun akka deebisaniif gaafataman keessaa barattoonni sahan yaaliin dura lama keessaa lama yoo deebisan, baay’inni kun yaaliin booda gara kudha sahaniitti olguddatee jira. Kana malees, barattoota dhihaannaa walfakkatuun qoramana kana keessaa barattoonni kudha shan lama keessaa tokko tokko qofa yoo deebisan, yaaliin booda lakkoofsi kun gara shaniitti gadi xiqqaatee jira. Walumaagalaatti, barattoonni dandeettiin agarsiisuun dubbisanii hubachuun isaanii ilaalchisee gaaffiilee dhihaannaa filannoon isaaniif kenname raawwii daran ol’aanaa(qabxii giddu-galeessaa 3.574fi qabxii addaan ba’iinsaa 0.210) yaaliin booda galmeessiisuu isaanii hubachuun danda’amee jira. kun kan mul’isu oduu durii fayyadamuun dandeettii agarsiisuun dubbisanii hubachuu(inferential compfehension skill) barattootaa guddisuun kan danda’amu ta’uu isaati.

Barattoota dandeettiin agarsiisuun dubbisanii hubachuu isaanii dhihaannaa bakka duwwaa guutuun qoraman keessaa yaaliin dura baratana tokkoyyuu afur keessaa afur hingalmeessisne,

yaaliin booda garuu barattoonni kudhan qabxii kana galmeessisanii jiru. Kana malees, barattoota kana keessaa yaaliin dura barattoonni sadii afur keessaa sadii yoo galmeessiisan yaaliin booda garuu baay'inni kun gara saddetiitti guddatee jira. gama biraan immoo barattoonni afur yaaliin dura afur keessaa lama yoo galmeessisan baay'inni kun yaaliin booda gara lamaatti gadi kan xiqqaate yoo ta'u barattoonni kudha sadii immoo yaaliin dura afur keessaa tokko tokko qofa yoo galmeessisan yaaliin booda barataan afur keessaa tokko galmeessiise kan hinjirre ta'uu ragaan oliitti ibsame kun agarsiisee jira. Walumaagalatti, barattoonni dandeettiin agarsiisuun dubbisanii hubachuu isaanii ilaalchisee qormaata dhihaannaa bakka duwwaa guutuun isaaniif kenname raawwii daran ol'aanaa (qabxii giddu-galeessaa 3.6135fi qabxii addaan ba'insaa 0.2123) yaaliin booda galmeessisanii jiru. Kun immoo kan agarsiisu dandeettiin agarsiisuun dubbisanii hubachuu barattootaa dhihaannaa bakka duwwaa guutuun oduu durii fayyadamuun yoo irra deddebi'amee barsiifame daran guddachuu kan danda'u ta'uu isaati.

Gama biraan barattoota dandeettiin agarsiisuun dubbisanii hubachuu isaanii dhihaannaa ibsuun akka deebisaniif gaaffiileen isaaniif dhihaate keessaa yaaliin dura barattoonni lama qofti afur keessaa afur yoo galmeessisan, yaliin booda baay'inni kun gara kudhaniitti olguddatee jira. Haaluma walfakkaatuun yaaliin dura barattoonni sadii qofti afur keessaa sadii yoo galmeessisan, yaaliin booda garuu baay'inni kun gara jahaatti olguddatee jira. Kana malees, barattoonni jaha yaaliin dura afur keessaa lama yoo galmeessisan, yaaliin booda gara sadiitti kan gadi bu'e, barattoonni sagala immoo yaaliin dura afur keessaa tokko yoo galmeessan, yaaliin booda baay'inni kun gara tokkootti gadi-xiqqaatee jira. Walumaagalatti, barattoonni dandeettiin agarsiisuun dubbisanii hubachuu isaanii irratti qormaata dhihaannaa ibsuun isaaniifi kenname irratti raawiwi daran ol'aanaa (qabxii giddu-galeessaa 3.6253fi qabxii addaan ba'iinsaa 0.5033) yaaliin booda agarsiisanii jiru. Kun immoo kan agarsiisuu barattoonni oduu durii dubbisuun dandeettiin ibsuu isaanii yaalii irra deddebiin yoo kennameef dandeettiin isaanii daran kan guddatu ta'uu isaati.

### 4.1.3 Gahee Oduun Durii Dandeettii Xiinxaluun Hubachuu (Analytical Comprehsion) Barattootaa Cimsuu Irratti Qabu

Qorattuun oduu durii fayyadamuun dandeettii dubbisanii hubachuu barsiisuun dandeettii gadifageenyaan xiinxaluun hubachuu barattootaa cimsuufi dhiisuu isaa ilaalchisuun qormaata

yaaliin duraafi yaaliin boodaa kennuun adda addummaa jiru qaacceessuuf yaaltee jirti.Haaluma kanaan ragaaleen qormaata lamaan irraa argamaniis haala itti aanee jiruun qaacceeffamanii jiru.

Gabatee 10. Gahee Oduun Durii Dandeettii Gadi-fageenyaan Xiinxaluun Hubachuu Barattootaa Cimsuu Irratti Qabu Ilaalchisee Ragaalee Qormaata Duraa Garee To'annaa Irraa Argaman.

| T. L | Gosa Dandeettii Dubbisuu Qorame | Dhihaannaa Qormaatichaa | Qabxii Galmaa'e (13%) | Baay'ina | Giddu-Galeessa (Mean) | Adda Ba'iinsa (SD.) |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 3. | Dandeettii Gadifageenyaan xiinxaluun hubachuu | Dhugaa/Soba (2%) | 2/2 | 9 | 1.423 | .387 |
| | | | 1/2 | 11 | | |
| | | | Waliigala | 20 | | |
| | | Filannoo (2%) | 2/2 | 8 | 1.182 | 0.63 |
| | | | 1/2 | 12 | | |
| | | | Waliigala | 20 | | |
| | | Bakka Duwwaa Guutuu (4%) | 4/4 | 1 | 1.23 | 0.7 |
| | | | 3/4 | 5 | | |
| | | | 2/4 | 5 | | |
| | | | 1/4 | 9 | | |
| | | | Waliigala | 20 | | |
| | | Ibsuu (5%) | 5/5 | 2 | 1.29 | .471 |
| | | | 4/5 | 3 | | |
| | | | 3/5 | 1 | | |
| | | | 2/5 | 4 | | |
| | | | 1/5 | 10 | | |
| | | | Waliigala | 20 | | |

Furtuu: M= qabxii giddu-galeessa, SD= qabxii adda ba'insaa, GM= qabxii gidduu-galeessa waliigalaa; *M=0.05-1.49 (daran gadi'aanaa), M=1.5-2.49 (Gadi'aanaa), M=2.5-3.49 (Giddu-galeessa), M=3.5-4.49 (Ol'anaa) fi M=4.5 ol (daraan ol'aanaa)(Maddi: Fufa,2006)*

Gabatee kanaan olii irraatti qorattuun dandeettii xiinxaluun dubbisanii hubachuu barattootaa cimsuu irratti qabu ilaalchisee ragaalee qormaata duraa garee to'annaa irraa argaman dhiheessitee jirti.Qorattuuniis gaaffilee 13 dhihaannaa dhugaa/sobaan, filannoon, bakka duwwaa guutuufi ibsuun barattoota garee to'annaaf kennuun barattoota 20 keessaa yaaliin duratti barattoonni sagal qabxii lama keessaa lama yoo galmeessisan, barattoonni hafan kudha tokko immoo qabxii lama keessaa tokko tokko qormaata dhihaannaa dhugaa/sobaan isaaniif dhihaate irratti galmeessisanii jiru. Akka waliigalaatti dandeettii gadifageenyaan xiinxaluun dubbisanii hubachuu addaan baasuuf dhihaannaa dhugaa/sobaan dhihaateef irratti raawwii gadi'aanaa (qabxii giddu-galeessaa 1.423fi qabxii addaan ba'iinsaa 0.387) yaaliin dura kan galmeessiisan ta'uu isaa hubachuun danda'amee jira. Kun immoo dandeettiin barattootaa gadi'aanaa waan

ta’eef qorattuu to’annaa isaa jalatti oduuwwan durii ilaalchisuun barattootaaf leenjii yoo kenne dandeettiin isaanii fooyya’uu kan danda’u ta’uu isaati.

Gama biran immoo gaaffii dandeettii gadifageenyaan xiinxaluun dubbisanii hubachuu barattootaa ilaalchisuun filannoowwan keessaa filachuun akka deebisaniif gaafataman keessaa barattoonni garee to’annaatti ramadaman digdama keessaa barattoonni saddeetti qabxii lama keessaa lama yoo galmeessisan, barattoonni kudha lama qabxii lama keessaa tokko tokko qofa galmeessisanii jiru. Kun immoo kan agarsiisu barattoonni garee to’annootti ramadaman dandeettii gadifageenyaan xiinxaluun dubbisanii hubachuu isaanii dhihaannaa filannoon deebiisuuf isaaniif kenname irratti gadi’aanaa waan ta’eef to’annaa qorattuu yaaliin kennamuufiin kan isaan barbaachiisu ta’uu isaati. Walumaagalaatti, barattoonni dandeettiin gadifageenyaan xiinxaluun dubbisanii hubachuun isaanii ilaalchisee gaaffiilee dhihaannaa filannoon isaaniif kenname raawwii gadi’aanaa (qabxii giddu-galeessaa 1.182fi qabxii addaan ba’iinsaa 0.63) yaaliin dura galmeessiisuu isaanii hubachuun danda’amee jira.

Barattoota dandeettiin gadifageenyaan xiinxaluun dubbisanii hubachuu isaanii dhihaannaa bakka duwwaa guutuun qoraman keessaa baratаa tokko qofti afur keessaa afur kan galmeessise yoo ta’u, baratttoonni shan immoo afur keessaa sadii deebisanii jiru. Barattoonni hafan shan afur keessaa lama lamaafi barattoonni sagal afur keessaa tokko tokko galmeessisanii jiru. Walumaagalatti, barattoonni dandeettiin gfadifageenyaan xiinxaluun dubbisanii hubachuu isaanii ilaalchisee qormaata dhihaannaa bakka duwwaa guutuun isaaniif kenname raawwii gadi’aanaa (qabxii giddu-galeessaa 1.23fi qabxii addaan ba’insaa 0.7) yaaliin dura galmeessisanii jiru. Kun immoo kan agarsiisu barattoonni kun qorattuu to’atamuun yaaliin kennamuufi kan qabu ta’uu isaati.

Gama biraan barattoota dandeettiin gadifageenyaan xiinxaluun dubbisanii hubachuu isaanii dhihaannaa ibsuun akka deebisaniif gaaffiileen isaaniif dhihaate keessaa barattoonni lama qabxii shan keessaa shan kan galmeessise yoo ta’u, barattoonni sadii immoo shan keessaa afur galmeessisanii jiru. Barattoonni garee kana jalatti dhihaannaa ibsuun qoraman keessaa barataan tokko sadii shan keessaa, barattoonni afur lama shan keessaafi barattoonni hafn kudhan immoo shan keessaa tokko tokko galmeessisanii jiru. Walumaagalatti, barattoonni dandeettiin gadifaneenyaan xiinxaluun dubbisanii hubachuu isaanii irratti qormaata dhihaannaa ibsuun

isaaniifi kenname irratti raawiwi gadi’aanaa (qabxii giddu-galeessaa 1.29fi qabxii addaan ba’iinsaa 0.471) yaaliin dura agarsiisanii jiru.

Gabatee 11. Gahee oduun durii dandeettii gadifageenyaan xiinxaluun hubachuu barattootaa cimsuu irratti qabu ilaalchisee ragaalee qormaata booda garee to’annaa irraa argaman

| T. L | Gosa Dandeettii Dubbisuu Qorame | Dhihaannaa qormaatichaa | Qabxii galmaa’e (13%) | Gulantaa qormaataa | Baay’ina | Giddu-galeessa (Mean) | Adda ba’iinsa (SD.) |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 3. | Dandeettii Gadifageenyaan xiinxaluun hubachuu | Dhugaa/soba (2%) | 2/2 | Dura | 9 | 3.47 | 0.62362 |
| | | | | Booda | 14 | | |
| | | | 1/2 | Dura | 11 | | |
| | | | | Booda | 6 | | |
| | | | Waliigala | | 20 | | |
| | | Filannoo (2%) | 2/2 | Dura | 8 | 3.527 | 0.66061 |
| | | | | Booda | 11 | | |
| | | | 1/2 | Dura | 12 | | |
| | | | | Booda | 9 | | |
| | | | Waliigala | | 20 | | |
durii fayyadamuun dandeettii dubbisanii hubachuun yaada ofiin ibsuu barattootaa guddisuun walitti dhufeenya sirrii kan qabu ta'uu isaa ragaalee argaman irraa hubachuun danda'amee jira. Kunis, qabxii wlaitti dhufeenyaa 0.0034, 0.0011fi 0.0047 ta'een walitti dhufeenya cimaa qabaachuun isaa addaan bahee jira.

Gabatee 22. Bu'aawwaan qormaata barattootaa qabiyyeewwan dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa irratti kennaman irratti adda addummaa jiru mala walmadaalsiisan Piirsaniin(Pearson Correlation Moment).

| Gosa Dandeettii Dubbisanii Hubachuu | Qormaata adda addaa ba'iinsa Piirsan | | Qabxii giddu-galeessaa mala T-teestiin | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | Irra deddeebii | Adda addumma a | Bu'aa Tn mul'ate | Adda addumm aa | Bu'aawwan adda addummaa lamaanii | Giddu-galeessa adda addummaa |
| Hubanana waliigalaa | .960 | .328 | -1.772 | 262 | .078 | .11961 |
| Agarsiisuu | .728 | .394 | 1.141 | 262 | .255 | .07195 |
| Gadifageenyaan Xiinxlauu | .116 | .733 | .275 | 262 | .784 | .03146 |
| Yaada ofiin ibsachuu | .059 | .808 | 1.712 | 262 | .088 | .13723 |

*p< 0.05

Gabatee kanaan olii irratti akka ibsameetti, dandeettiiwwan dubbisanii hubachuu barattootaa afran irratti adda addummaa bu'aawwan garee to'aannaafi garee yaalii irraa argaman mala adda ba'iinsa Pirsaaniin addaan baasuuf yaalamee jira.Haaluma kanaan dandeettii dubbisanii hubachuu waliigalaa irratti qormaata duraafi boodaa garee lamaaniin qabxxii 0.96 irraa gara o.11tti kan olguddate yoo ta'u, adda addummaa bu'aa 0.078 agarsiisee jira.Kunis kan agarsiisuu, barattoonni garee yaalii dandeettii dubbisanii hubachuu isaanii yaaliin booda kan olguddate ta'uu isaati. Kanaaf, oduu durii fayyadamuun dandeettii dubbisanii hubachuu waliigalaa barattootaa olguddisuun akka danda'amuudha. Dabalataaniis, dandeettii dubbisanii agarsiisuun hubachuu barattootaa addaan baasuuf qormaata kenname irratti barattoota garee yaaliifi garee to'annoo gidduu adda addummaa giddu-galeessaa ከ0.071 gara 0.728 kan olguddate yoo ta'u adda

addummaa bu’aa xumuraa 0.255 agarsiisee jira.  Kun immoo kan agarsiisuu oduu durii fayyadamuun dandeettii agarsiisuun dubbisanii hubachuu barattootaa daran guddisuu kan danda’amu ta’uu isaati.

Gabatee olii irratti akka agarsiifameetti, dandeettii gadifageenyaan xiinxaluun hubachuu barattootaa addaan baasuuf qormaata kennameef irratti barattoonni garee lamaanii qabxii adda addummaa giddu-galeessaa 0.03146 gara 0.784tti kan olguddate ta’uu isaati. Kun immoo kanagarsiisuu oduun durii dandeettii gadifageenyaan dubbisanii hubachuu barattootaa kan olguddisu ta’uu isaati.

Gabateema olii irratti akka agarsiifameetti, barattoota garee lamaaniif dandeettii dubbisanii hubachuun yaada ofiin ibsachuu barattootaa addaan baasuuf kennameef irratti barattoota garee yaaliifi to’annoo gidduutti adda addummaa 0.13723 gara 0.0886tti olguddatee jira.  Kunis, kan agarsiisu oduu durii fayyadamuun dandeettii dubbisanii hubachuun yaada ofiin ibsuu daran kan olguddisu ta’uu isaati. Walumaagalaatti, oduu durii fayyadamuun dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa daran olguddisuu danda’uu isaa qabxii sadarkaa dogoggoraa agarsiisuu (*p<0.05) ta’een mul’atee jira.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaa kana jalatti, qorattuun adeemsa waliigalaa qorannoo kanaan argannoo argameefi yaboo qaamota raawwataniif kenname ibsitee jirti.

## 5.1 Cuunfaa

Qorannoon kungahee oduun durii dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa cimsuu irratti qabu addaan baasuuf gaggeeffamee jira.Qorattuun kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga'uuf barattoota Mana Barumsaa Fiitawuraarii Abbaayinee Abbaayine esadarkaa lammaffaa keessatti kutaa sagalaffaa baratan akka iddattoo qorannoo kanaatti filattee jirti.Barattoota filataman kana irraa immoo qormaata yaaliin duraafi qormaata yaaliin boodaa fayyadamuun ragaalee qorannichaaf barbaachisan walitti qabattee jirti. Qormaannii yaaliin duraafi boodaa lamaanuu dandeettiiwwan dubbisani hubachuu waliigalaa barattootaa, dandeettii agarsiisuun dubbisanii hubachuu barattootaa, dandeettii gadifageenyaan dubbisanii hubachuu barattootaafi dandeettii dubbisanii hubachuun yaada ofiin ibsuu barattootaa irratti hundaa'uun kan kennamaniidha. Qormaanni kennamaniis dhihaannaa dhugaa/soba, filanno, walitti firoomsuu, bakka duwwaa guutuu, afaaniin dhiheessuu, barreeffaman dhiheessuufi ibsuun kanneen kennamaniidha.

Qormaanni duraa walumaagalatti barattoota afurtaman filatamaniif kan kenname yemmuu ta'u inniis barattoota garee yaaliifi garee to'annootti qooduuf kan qorattuu fayyadameedha. Barattoonni garee lamaaniitti qoodaman kun qabxii isaan qormaata duraa irratti galmeessisaniifi dandeettii isaan duraan qaban odeeffannoo barsiisota irraa aragaman irratti hundaa'uunidha. Qoramanni lamaanu softi weerii SPSS bifa ofeeggannoo qabuun seenuun kan qaacceeffamaniidha. Ragaaleen qaacceeffammaniis oduun durii dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa cimsuufi dhiisuu isaa mala walmaadaalsisa Pirsani (Pearson Moment Correlation method) fayyadamtee jirti. Ragaalee walicina qabamuun qaacceeffaman irraas qorattuunkun arganno argattee jirti.

## 5.2 Argannoo

Adeemsota adda addaa keessa darbun qorattuun argannoowwan kanaan gadii argattee jirti.

- ✓ Oduu duriin dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa barsiisuun dandeettii dubbisanii hubachu waliigalaa barattootaa (general comprehension skills) sadarkaa ol’aanaan kan olguddisuudha. Kunis gaaffilee 15 dhihaannalee dhugaafi sobaa, filannoo, walitti firoomsuufi ibsuun barattootaaf kennamuun gaafataman irratti barattoonni garee yaaliifi garee to’annoo lamaanuu yaaliin booda qabxiin isaanii sadarkaa ol’aanaan olguddatee jira.
- ✓ Oduu durii fayyadamuun dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa barsiisuun dandeettii agarsiisuun dubbisanii hubachuu (inferential comprehension skills) barattootaa olguddisee jira. Ragaaleen walitti qabaman akka agarsiisaniitti barattoonni garee yaaliifi to’annoo jalatti ramadaman dandeettiin agarsiisuun dubbisanii hubachu isaanii qormaata dhihaannaa dhugaa/soba, filannoo, bakka duwwaa guutuufi walitti firoomsuun qoraman yaaliin booda qabxii ol’aanaa galmeessisanii jiru. Kun immoo kan agarsiisuu dandeettiin agarsiisuun dubbisanii hubachuu barattootaa oduu durii fayyadamuun dabaluu isaati.
- ✓ Bu’aa qorannoo kanaa irratti akka agarsiifameetti, oduu durii fayyadamuun dandeettii dubbisanii hubachu barattootaa barsiisuun dandeettii gadifageenyaan dubbisanii hubachuu barattootaa olguddisuu danda’a. Kuniis barattoonni garee yaaliifi to’annoo jalatti ramadamuun qormaata fudhatan qormaata yaaliin boodaa dhihaannaa dhugaa/soba, filannoo, bakka duwwaa guutuufi ibsuun qoraman irratti qabxii ol’aanaan dandeettiicha olguddisuu isaanii hubachuun danda’amee jira.
- ✓ Gama biraan oduu durii fayyadamuun dandeettii dubbisanii hubachuu barsiisuun dandeettii dubbisanii hubachuun yaada ofiin ibsuu barattootaa sadarkaa ol’aanaan kan dabalu ta’uu isaa hubatamee jira. Kunis barattoota iddattoo qorannoo kanaa ta’uun filatamanii garee yaaliifi to’annaa jalatti ramadamuun qormaata dubbisaa fudhatan, dandeettii dubbisanii yaada ofiin ibsuu isaanii dhihaannaa afaaniin ibsuu, barreeffaman dhiheessuufi ibsuun isaaniif kenname irratti yaaliin booda qabxii ol’aanaa galmeessiisanii jioru. Kanaaf, oduun durii dandeettii dubbisanii hubachuun yaada ofiin ibsuu barattootaa kan olguddisuudha.
- ✓ Walumaagalatti oduu duriin dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa barsiisuun dandeetticha olguddisuu keessatti shoora ol’aanaa ta’e kan taphatu ta’uu isaa hubatamee jira. Innis barattoonni garee yaalii jalatti ramadamuun leenjiin isaaniif kennamaa ture qormaata

yaaliin boodaa irratti barattoota garee to'annoo jalatti ramadamuun ofiin dandeettii dubbisanii hubachuu shaakalaa turan caalaa qabxii ol'aanaa kan galmeessisan ta'uu isaa argannoon argatamee jira.

## 5.3 Yaboo

Qorattuungahee oduu duriin dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa olguddisuu irratti qabu irratti argannoo argame irratti hundaa'uun yaboowwan kanaan gadii kennitee jirti.

- Oduun durii dandeettii dubbisanii hubachuu waliigalaa barattootaa olguddisuu irratti shoora ol'aanaa waan qabuuf barsiisonni Afaan Oromoo sadarkaa tokkoffaafi lamaffaa irra barsiisan dandeettii barattootaa olguddisuuf oduu durii walitti fufiinsaan osoo fayyadamanii gaariidha.
- Oduun durii dandeettii agarsiisuun hubachu barattootaa cimsuu keessatti gahee qabaachuu isaa bu'aan qorannoo kanaa waan agarsiisuuf barsiisoonni daree barnootaa keessaatti oduu durii hedduu fiduun barattoonni dubbisanii akka shaakalaniif carraa osoo kennanii filatamaadha.
- Oduu duriin dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa barsiisuun dandeettii gadifageenyaan dubbisanii xiinxaluu barattootaa daran waan dabaluuf , mala barsiisa afaanii keessatti qabiyyeewwn oduu durii hedduun dabalamuun osoo dhihaatee baay'ee gaariidha.
- Oduu durii dandeettii dubbisuun hubannoo ofii yaada ofiin ibsachuu(paraphrasing skill) barattootaa daran  waan dabaluuf, xiyyeeffannoon filatamuun daree barnootaa keessatti hojiirra osoo oolee baay'ee gaariidha.
- Walumaagalatti oduun durii dandeettii dubbisanii hubachuu barattootaa cimsuu irratti gahee waan qabuuf barattoonni barsiisonni, qopheessitoonni sirna barnootaafi ogeeyyiin afaanii oduu durii irratti xiyyeeffanno kennuun barnoota Afaan Oromoo keessatti hojiirra osoo oolchanii baay'ee barbaachiisaadha.
- Qorattoonni gara fulduraatti qorannoo geggeessan gahee oduun durii dandeettii afaanii kan biroo olguddisuu irratti qabuu ilaalchisuun qorannoo gadifageenya qabu yoo geggeessan gaarii ta'a.

## WABIILEE


Asafaa Tafarraa. (2009). **Eela: Seenaa Ogbarruu Oromoo.** Finfinnee: Far East Printing PLC.

Betegorgis .M and Abiy .Y. (2015). The role of short stories in ameliorating students' oral communicative skills in selected secondary schools of Deberbirihan town. *Ethiopian journal of social sciences and language studies.*

Berhanu Mattewos (2009). **Fundamentals of Literature**. (2nded.) AAU: Alpha Printer Plc.

Bizuneesh Caalchisaa (2016). *Mammaaksaa Oromoon Danddeettiwwan Afaanii Barattoota Daduu Sadarkaa 2ffaa Barsiisuu: Qorannoo Ulaagaa Digirii Lamaffaa Gamiisaan Guuttachuuf Yuunivarsiitii Wallaggaatti Galii Ta'e (Kan Hinmaxxanfamne).*

Brumfit, C. J. (2004).**Literature and Language Teaching**. Oxford: Oxford University Press.

Cameron, L. (2001). **Teaching Languages to Young Learners**. Cambridge: Cambridge University Press.

Carter, R., and Long, M.N. (1991).**Teaching Literature**. Harlow: Longman.

Collie, J., and Slater, S. (1991). **Literature in the Language Classroom**: **A Resource Book of Ideas and Activities**. Cambridge: Cambridge University Press.

Cooter,P (1991).*Using Storytelling to Teach Oral Communication Competence. Retrieved, June 10 from: http: itesis. Org/ Techniques/ Jianing.Storytelling.html.*

Crumbley, D. L. & Smith, L. M. (2000). Using short stories to teach critical thinking and communication skills to tax students. *Accounting Education: An International Journal, 9 (3), 291-296.*

Dastaa Dassalenyi (2013). **Bu'uura Qorannoo**. Finfinnee, Oromiyaa.

Dirribii Demisee (2016). **Ilaalcha Oromoo; Barroo Aadaa, Seenaafi Amanta Oromoo**. Finfinnee, Oromiyaa

Dorson, R. (1994). **Current Folklore Theories in Article From Antropology.**Vol. 4, No 1.

Ellis, G., and Brewster, J. (1991).**The Storytelling Handbook: A Guide for Primary Teacher of English**. Hamondswath: Penguin,

Erkaya, O. R. (2005). **Benefits of Using Short Stories in the EFL Context**. *Asian EFL ' Journal, Vol. 8.*

Fekade Azaze (1993). **Yesineqal Mammariyaa.** Addis Abeba. Alpha Printers.

Fakade Azeze (2002). The State of Oral Literature Research in Ethiopian Retrospect and

Prospect. *Journal of Ethiopian Studies vol. xxxiv. No.1*

Fakade Azeze (2003). **Folklore: Selected and Compiled (Teaching Material),**AAU.

Fennegan, Ruth (1976). **Oral ltireature in Africa**. Oxford: Clareendon press.

Filee Jaallataa (2016*).* **Beekumtaa Oromoo**: Kutaa Tokko. Naqamte, Oromiyaa.

Gammachiis Waaqjiraa(2019). *Gahee Oduun Durii Dandeettiiwwan Afaanii Barattoota Mana Barumsaa Tibbee Sadarkaa 2ffaa Cimsuu Irratti Qabu; Barattoota Kutaa 10ffaa Xiyyeeffchuun.* Qorannoo Ulaagaa Digirii Lamaffaa Gamiisaan Guuttachuuf Yuunivarsistii Finfinneetti Galii Ta'e (Kan Hinmaxxanfamne).

Harmer, J. (2006).**The Practice of English Language Teaching**. Harlow: Pearson Longman.

Hwang, C. C. (2005). **Effective EFL Education through Popular Authentic Materials**. *Asian EFL Journal, Vol. 7, 1*.

*Howei, T.* (1993).**Literature In Language Classroom**.Oxford, Oxford university press.

Jamaal Gannatii. (2016). *Xiinxala Qabiyyeewwan Afoola Oromoo Kitaabilee barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa keessaatti*. Qorannoo ulaagaa digrii lamaffaa ittiin guttachuuf Yuunivarsiitii Addis Ababaatti galii ta'e.

Khatib, M., Shokoufeh, R., and Fathi, J. (2012).The Role of Literature in EFL Classroom from an EIL Perspective. *Journal of Academic and Applied Studies, 2 (2), 12- 21.*

Kothari, C.R.(2004). *Investigating the Social World: Research method in social sciences.* Thousand Oaks, CA: Pine Forge.

Lammeessaa Kumarraa (2009). *Sakatta'a Eebbaa Oromoo Fayaydamuun Dandeettii Dubbisanii Hubachuu Barattootaa Cimsuun Qabu: Akka Mana Barumsaa Iluu Sadarkaa 2ffaatti". Qorannoo Ulaagaa Digirii Lamaffaa Guuttachuuf Yuunivarsiitii Jimmaatti Qophaa'ee Galii Ta'e (Kan Hinmaxxanfamne).*

Lazar, G. (1993).**Literature and Language Teaching.**Cambridge University Press.

Littlewood, W. (2000).**Literature in the School Foreign-Language Course**. In Brumfit, C.J. & Carter, R.A. (Eds.). **Literature and Language Teaching**. Oxford: Oxford University Press.

Mamo, K. (2013). *The Use of Authentic Materials in Teaching Listening Skill to College Students: The Cause of Bonga College of Teaching Education. Addis Ababa University, Ethiopia*

Mario, Klarer. (2005). **An Introduction To Literary Studies**. London And New York: Published By Rout ledge. Taylor and Francis Group.

McKay, S. (1982).Literature in the ESL Classroom.*TESOL Quarterly, 16(4), 529-536*

Melakneh Mengistu (2006). **Fundamentals of Literature for Colleges**. Addis Ababa: Commercial Printing Enterprise.

Murdoch, G. (2002).Exploiting Well-Known Short Stories for Language Skills Development. *IATEFL LCS SIG Newsletter, Vol. 23, 9-17.*

Oster J. (1989). Seeing with Different Eyes: Another View of Literature in the ESL Class. *TESOL Quarterly, Vol. 23, 85 103.*

Pardede, P. (2011).Using short stories to teach language skills.*Journal of English Teaching, 1(1), 14-27.*

Pieper, I. (2006). The Teaching of Literature. Intergovernmental Conference Languages of Schooling: Towards a Framework for Europe. 16-18 October 2006. *Council of Europe: Strasbourg*

Sage, H. (1987).**Incorporating Literature in ESL Instruction.** New Jersey: Prentice-Hall, Englewood Cliffs, NJ.

Savvidou, C. (2004). "An Integrated Approach to the Teaching of Literature in the EFL Classroom."*The Internet TESL Journal, 10 (12) Retrieved July, 2010, from http://iteslj.org/Techniques/Savvidou_Literature.html*

Selden, Raman, Widdowson, Peter and Brooker, Peter. (2005).**A Reader's Guide to Contemporary Literary Theory**.5th Edition. Pearson Education Limited. United Kingdom.

Seenaa Abbaashuu. (2010). **Gaammee: Barnoota Faan Oromoo kutaa 5-8.** Finfinnee, Itoophiyaa

Shumin, D. (2002). Articulating the Relationship between Language, Literature and Culture. Towards A New Agenda for Foreign Language Teaching and Research. *The Modern Language Journal, 81,2, 164-174.*

Tiara, J.K. (2018). Using short stories to teach reading skill in selected secondary schools in b Pakistan. *Journal of International linguistics. TESOL, Quareterly, 1, 40-46.*

Tasneen, W. (2010).Literary Texts in the Language Classroom: a Study of Teachers' and Students' Views at International Schools in Bangkok. *Asian EFL Journal, 12(4), 173-187.*

Thiyagarajan, K. (2014). Integrating Short Stories in the ESL Classroom for Developing Learners' Communicative Competence. *Language in India, 14(12), 671-678.*

Tsega T. (2016). The role of short story based teaching in improving students' oral skills.

*International multi-disciplinary peer review.*

Ur, P. (1996). **A Course In Language Teaching: Practice And Theory.** Cambridge: Cambridge University Press.

Violetta-Irene, K. (2015). The Use of Literature in the Language Classroom: Methods and ' Aims. *International Journal of Information and Education Technology, 5(1), 74-79.*

Wandimmuufi Boonii (2015). **Wiirtuu Jildii 1ffaa:** Biiroo aadaa fi Tuurizimii Oromiyaa Bole printing enterprise.

Widdowson, H.G.(2004). **Text, Context, Pretext: Critical Issue In Discourse Analysis.** Victoria: Blackwell publishing Ltd.

Yeasmin, N., Azad, M. A. K., and Ferdoush, J. (2011).Teaching Language through Literature: Designing Appropriate Classroom Activities.*ASA University Review, 5(2), 283-297*

Zerihuun Asfaawu (2000). **Yesinetsihuf Meseretaawiyaan**. Addis Ababaa: Nigdi Maattemiyaa Dirijit.

## DABALEEWWAN

## YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII, MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

### Dabalee “A”: Qormaata Yaaliin Dura Kenname

**Qajeelama I. Gaaffileen kanaan gadii dubbisa oduu durii kanaan gadii irratti hundaa’uun dhihaatanii jiru. Oduu durii erga sirriitti dubbistee booda haala gaafatamteen deebiisi.**

Dur dur waraabessafi qamaleen odoo karaa deemanuu walitti dhufan jedhama. Waraabessi qamalee argee nyaachuuf yoo afaan bane itti utaalu, qamaleenObbo Guddo lakkii ana xiqqoo kana nyaattee homaa siif hin baasu;na hin nyaatin ka’i bineensota biraa waliin barbaannaa jetteen. Sana booda osoo barbaacha waliin deemanii, waraabessi sangaa gabbaataafi albee argate. Qamaleen ammo sangaa huqqaataafi qola allaattii argatte.**Kanaan duuba**kan qamaleen argatte kun homa faayidaa waan hin qabneef ka waraabessi argate kana irraa fudhachuu yaadde humnaan waan hin dandeenyeef mala baafatte. Abuyyo waraabu koottu me sangoota keeya kana tabbatti ol ariinee kan**coomi hudduun** bu’u ilaallaa jetteen. Qamaleen kana kan jette erga sunqoo qottee sangaa ishee isa huqqaataa hudduu keessa keesseen booda.  Yoo isaan sangaa gabbaataafi huqqaataa tabbatti ol ari’an kanqamalee sunqoonkara hudduu bu’bu’uu eegale jennaan obbo guddo na jijjiiri jetten. Jennaan, qalameen ana jeedu jechaa si waraabu jecha sangaa adii jechaa waliin badii jechaa fudhadhu jetteenii sobdee sangaa gabbaataairraa fudhatte. Ammalle sangaa argatan waan ittiin qalatan warabessi cuuphee qaba isheen ammo qola allaattii heddu qabdi, cuuphee kana illee irraa fudhachuuf mala bafattee akkasi jetteen waraabessaan“amma abuyyoo ati cuuphee tokkittii qabda ani garuu baay’een qaba ani tokko yoo dide, tokkoonaan mura, tokko didgaan kan biraanan mura, ati tokkittiin kee didumaaliinmuratta?” jetteen. Jennaan waraabessi gowwoomee ham godheen si liqimsaati naa jijjirii jedheen. Isheenis, tole obbo guddoo humniifi irreen kan keessan waan ta’eef fudhadhu jettee tooftaan irraa fudhatte jedhama.

Sanas akkuma ta’an ta’anii nyaatanii aduun itti dukkanaa’ee jennan, mana barbaadachuu egegalan. Sana booda, osoo mana barbaadachaa jiranii,  warabessi mana baay’ee miidhagaafi

qaawwaa hinqabne yoo argatu, qamaleen garuu mana baay'ee qaawwaa ta'e argatte. Sana booda, diinni koo yoo asiin natti dhufe, asiinaan baha, yoo dide karaa biraanaan ba'a; ati garuu yoo **diinni** kee sitti dhufe eessaan baata? Jettee gaafate.**Innis,** ani osoon ham godhee si hinliqimsiin naaf jijjiirii jedheen. Isheen mana fooyya'aa irraa jijjirattee, ofiin bakka ho'aa isa immoo bakka qorra qabu keessa bulchite jedhama (Afoola, Hawaasaa irraa kan fudhatame).

**I. Gaaffilee kanaan gadii yoo sirrii ta'e "Dhugaa" yoo dogoggora ta'e immoo "Soba" jechuun deebisaa.**

1. Akka yaada dubbisa kanaan oliitti, kaayyoon qamaleefi waraabeessi walraganiif inni cimaan nyaata isaanii barbaadachuufidha.
2. Ergaan oduu durii kanaa inni ijoon haala ittiin gowwummaafi humni nama fayyaduu danda'uudha.
3. Gowwuummaan waraabeessi qabu bu'a qabeessa ta'uun mul'atee jira.
4. Akka dubbisa oliitti, waraabeessifi qamaleen waliglatee uumuun mana argatan keessa jiraachuu itti fufanii jiru.
5. Dubbisa kanaan olii keessaatti, baay'inni waraabeessaafi qamalee tokko ol akka ta'an ibsamee jira.
6. Akka dubbisa kanaan oliitti waraabeessi, mana argate qamaleef kan jijjire manichi bareedaa waan ta'eefidha.

**II. Gaaffilee kanaan gadiif qubee deebii sirrii qabatee jiru filannoowwan kennaman keessaa filachuun deebisaa.**

1. Akka yaada dubbisa kanaan oliitti, qamaleefi waraabeeessi kan walitti dhufan________tti dha. A. osoo nyaata barbaadanii B. osoo imala irra jiranii C. osoo daawwannaa deemanii D. bosona keessatti
2. Warabeessiifi qamaleen yemmuu walargan jalqabatti wanti ta'e maal ture? A. nagaa walgaafatan B. sangoota barbaaduu itti fufan C. waraabeessi qamalee nyaachuuf ture D. mana barbaadachuu itti fufan
3. Akka yaada dubbisa armaan oliitti, qamaleen sangoota isaanii gara tabbaatti akka oloofaniif warabeessa kan kakaafteef maaliif ture? A. coomni akka hudduun coccobuuf B. coomni isaanii akka hir'atuuf C. akka waljijjiraniif D. sangaan argatte huuqqataa waan tureef jijjiirachuuf

4. Keeyyata lamaffaa sarara afraffaa irratti akka ibsameetti, ati garuu yoo **diinni** kee….., hiikni jecha diinni jedhuu: A. lugni B. aanteen C. qacceen D. nyaaphaan
5. ……. koottu me sangoota keeya kana tabbatti ol ariinee kan **coomi hudduun** bu'u ilaallaa…, jedhu keessaatti hiikni gaalee gurracha'ee barreeffamee: A. alba'uu B. digdiguu C. cobuu D. dafqaan coomni alatti bahuu
6. Dubbisa olii keyyata lamaffaa sarara shanaffaa irratti …**innis,** ani osoon ham godhee si hinliqimsiin… kan jedhu irratti **innis** kan jedhu maal bakka bu'a?

   A. qamalee B. lamaanuu C. leenca D. sangaa adii
7. Akka dubbisa kanaan oliitti, kanneen kanaan gadii keessaa kamtu dhugaadha?

   A. Qamaleen albee argatte baallee guchiin waraabeessaaf jijjirte. B. qamaleen warbeessaan yeroo baay'ee gowwomfamteetti. C. Qamaleefi warabeessii lamaanuu waliif fira

   D. Qamaleen mana qaawwaa warbeessa gowwomsitee mana bareedaan jijjiratte.
8. Ati osoo qamalee taatee maal gota turte? A. leencaan nyaadha. B. iyyaan dhageessisa C. akkuma qamaleen gowwomsa D. akka leencaan adamoo deema
9. Oduu durii kana irraa maaltu hubatama? A. gamnummaa B. lugnummaa C. jaalala D. jibba
10. Mata-duree oduu durii kanaa ta'uu kan danda'u kami? A. obbo guddoofi jeeyidala B. Waraabeessafi Qamalee C. Qamaleefi gowoomsaa ishee D. Waraabeessaafi gowwomsaa

**III. Gaaleewwaniifi jechoota kanaan gadii hiika isaanii waliin walitti firoomsi**

| A | B |
|---|---|
| 1. Cooma hudduu | A. qamalee |
| 2. Sodaachiisuu | B. furdina |
| 3. Obbo guddoo | C. waraabeessa |
| 4. Abshaalummaa | |
| 5. Gowwummaa | |
| 6. Mana qaawwaa | |
| 7. Mana gaarii | |
| 8. Baalee simbiraa | |
| 9. Albee | |
| 10. Sodaachifamuu | |

**IV. Jechootaafi Gaaleewwan Dubbisa Kanaan Olii Keessatti Fayyadamaniin Bakka Duwwaa Guutii**

11. ___________fi _____________ walii walii isaanii sodaachiisuufi sodaachifamuun kan jiraatanidha.
12. Akka seenaa kanaatti fallii adda addaa kan dhufeef ____________fidha.
13. Ganama yemmuu hirribaa ka'an ___________n roobaafi yandoon dhanaamee argame.
14. Dubbisni kun hedduminaan waa'ee ________ qamalee irratti kan hundaa'uudha.
15. Akka seenaa kanaan oliitti qoodataan gowwomfamuun wantoota hedduu miidhame ______dha.

**V. Gaaffilee kanaan gadiif deebii gabaabaa kenni.**

16. Akka yaada oduu durii kanaatti qaamni baay'e miidhame isa kamiidha? Maaliif?
17. Yoomeessi oduu durii kanaa maal sitti fakkaataa? Ibsuun deebisi
18. Akka oduu durii olitti dubbisame kanaatti, rakkoon yoo nama mudate akkamiin keessa darbamuu danda'a?
19. Akka dubbisa kanaan oliitti dhihaateetti, diina waraabeessatti jedhamee kan ibsame maalidha?
20. Akka oduu durii kanaan oliitti, qooddattoonni seenicha keessatti qooda fudhatan maal maal fa'i?

## Dabalee “B”: Leenjii Barattoota Garee Yaaliif Kenname

**Qajeelfama Waliigalaa:** kabajamtoota barattootaa torbee jahaaf kan turuu leenjii waa’ee oduu durii dubbisuun hubachuu irraatti to’annoo koon kan kennamu irratti haala ho’aa ta’een hirmaachuun gaaffiifi yaada qabdan adda baastanii nagaafachuun waliin akka hojjennuuf kabajaan gaafatamtaniittu. Haaluma kanaan leenjiin kun torbee jahaaf kan turu ta’ee torbaniitti wayitii tokko kan geggeeffamuudha. Torbeewwan jalqabaafi lamataa irratti leenjii oduu durii dubbisuun dandeettii dubbisanii hubachuu waliigalaa keessan kan ilaallatu irratti leenjiin isiniif kan kennamu ta’a. Torbee sadaffaa irratti immoo oduu durii dandeettii agarsiisuun dubbisanii hubachuu/inferential reading comprehension/ keessan irratti leenjitu. Torbee arfaffaafi shanaffaa irratti immoo leenjii waa’ee dandeettii gadifageenyaan xiinxaluu /analytical reading comprehension/ irratti xiyyeeffachuun kan isiiniif kennamuudha. Torbee dhumaa irratti immoo leenjii waa’ee dandeettii dubbisanii hubachuun yaada keessaniin ibsuu/paraphrasing/ irratti xiyyeeffachuun dhihaatee jira.kanaaf, leenjii isiiniif kennamu irratti haala ho’aa ta’een akka hirmaattaniif kabajaan isiin gaafadha.

Galatoomaa!

## Torbee Jalqabaa

## Sangoota Sadan

**Kaayyoo barannichaa: barattoonni dubbisa kana dubbisuun dandeettii dubbisanii hubachuu waliigalaa isaanii akka cimsataniif tumsuudha.**

**Sangoota sadan:**

Yeroo durii sangoota sadittuu waliin jiraata ture jedhama. Sangooti kunAdii, Daalachaa fi Gurracha turan. Yeroo hundaa gargar hin bayanu, wolumaan oolanii galan. Gaafa tokko waraabessi nyaatuu barbaadee isaan sadiinuu waan gargar hin baaneef sodaatee mala baafate. Guyyaa tokko sangaa Gurraachaa fi Daalacha/ burree hiiqee akkana jedheen “**Isin** bifa dansaa qaddan bineensi isin hin dhaggu garuu sangaan adiin kun fagoo muldhata waan te’eef bineensi sababa isaa dhufee isin nyaataa isa irraa gargar bayaa jedheen.” Isaanis gorsa isaa kana dhugeeffatanii sangaa adii irraa addaan bayanii jennaan waraabessi qofitti argatee nyaate. Kana qofaan hin hafnee, guyyaa biraalle itti deebi’ee sangaa gurraachaan ati bifa dansaa qaddaa fagoo hin muldhattu sababa sangaa daalacha kanaa bineensi **fagoo** dhaggee dhufee isin nyaata waan

te’eef ati sangaa daalacha/burree kanarra addaan bayi jedheenii akkuma kaan dhugeeffatee yoo inni irraa addaan bayu isaan lamaanuu nyaate jedhama.

## Torbee Lamaffaa

## Jaldeessaafi Kannisa

**Kaayyoo Baranichaa: barattoonni oduu durii kana dubbisuun dandeettii ddubbisanii hubachuu waliigalaa isaanii akka cimsataniif deggeruudha.**

**Jaldeessaa fi kinniisa:**

Bara durii jaldeessaa fi kinnisatu woliin jiraata ture jedhama.Kana duuba, kaannisin dabareen isaa yommuu jalqabaa waan ta’eef dararaa isaa xuuxee bishaanwoliiin walitti makee damma fide jedhama.Itti aansuun immoo dabareen jaldeessaa yommuu ga’u jaldeessi kinnisaan maal irraa hojjette jedhee gaafate.Innis udaanii fi fincaan irraan hojjedhe jedheen.Jaldeessis udaanii fi fincaanirraa hojjettee yoo inni qopheessu baay’ee ajaa’e.kana duuba kinnisni baayyee aaree jaldeessa ciniinee ijjeese jedhama.

## Torbee Sadaffaa

## Qocaafi Osolee

**Kaayyoo Barannichaa: Barattoonni oduu durii dubbisuun dandeettii agarsiisuun hubachuu isaanii akka gabbifataniif tumsuudha.**

## Qocaa fi Osolee

Gaaf tokko Osoleen Qocaadhaan, “ka’i dorgommii fiigichaa goona” jette.Qocaanis humna isii waan beekuuf akka woliin dorgomuu hin dandeenne itti hime.Osoleen ati “dadhabduudha” jetteen. Kana booda Qocaan eegii jette haa ta’u garuu, namadorgommii keenna nuuf ilaalu keeyyanna jedhe. Fiigicha jalqaban Osoleen fiiddee yommuu garagaltee laaltu Qocaan achuma jira.Kun yoomiyyuu ana hin dhaqqabu jettee hirriba isii jalqabde.Qocaan garuu fiigicha isaa itti fufe. Yoo inni laalu Osoleen raftee jirti, odoo Osoleen raftu Qocaan bakka dorgommii dhaqqabee deebi’e. Yoo Osoleen hirribaa dammaqxu namootni Qocaaf harka rukutaa jiran.Osoleen achii naasuun fiigicha yommuu jalqabdu Qocaan mo’atee jira.Akkasitti Qocaan Osolee moo’e jedhama.

## Torbee Arfaffaa

## Jeedalaafi Sibirroo

**Kaayyoo barannichaa: barattoonni oduu durii kana dubbisanii dandeettii gadifageenyaan xiinxaluun hubachuu isaanii akka gabbifataniif gargaaruudha.**

**Jeedalaa fi Simbirroo:**

Yeroo tokko Simbirroon ilmaan isii sadi woliin mukarra adoo jiraattuu guyyaa tokko jeedalti itti dhuftee akkana jetteen " addee muka kana ol koree ilmaan teeti tana cufa nyaadhu tokko naa buusi" jetteen. Simbirroon Jeedalti akka muka koruu hin dandeenne waan hin beenneef tokko buucheef. Guyyaa biraalle mi'eeffattee itti deebitee akkuma kaan jetteen Simbirroon ammalle tokko buucheef ilmee tokko qofa woliin adoo isiin gadditee mukarra teettuu obboo Hilleensi deemaa dhufee aadde simbirree maaf gadditee teetta jedheenii jennaan Jeedalatti addee ani muka sitti koree ilmaan teeti tana mara si duraa nyaadhu tokko tokkoon naa buusi jettee ilmaan tiyya lama na duraa nyaatte tanaaf gaddee tee'a jetteen. Obboo Hilleensa guddoo gaddee akka Jeedalti muka koruu hin dandeenneef akka simbirroon gowwite itti himee bira dabre. Kanaan duuba akkuma baratte

Jeedalti ammalle dhuftee simbirroon ilmee teeti naa buusi jette. Simbirroon ta qara gowwoomsitee na jalaa nyaattee naa deebisi jetteen. Jeedalti akka nami biraa itti hime beekee, eentu ardha karaa kana dhufe jedhee gaafannaan Simbirroon Hillensa te'uu itti hinte. Jeedalti Hilleensa kana haaluu bayuuf Obboo Neenqa/Leenca bira dhaxxee akkas jetteen "ati adoo Hilleensi kophee qoruu beekuu maaf miila duwwaa deenta."Jennaan Obboo Neenqi/Leenci Hillensa yaamee kophee naa qori jedheenii jennaan ee hinuma sii qoraa garuu kopheen gogaa Jeedalaarra hujanti jedheen. Achiin duuba Obboo Neenqi Jeedala qabee gogaa irraa baasee itti kenne. Hilleensi gogaa Jeedalaa fuudhee beellamaan biraa deemee sobee gatee bira dabre. Guyyaa tokko adoo deemanuu Neenqaan wolta fulla'anii jennaan Neenqi Hilleensa qabee meeti kopheen tiyya jedhee gaafate. Hilleensi qaroo waan te'eef sobee namicha si fakkaatu tokkotti narraa fudhate jedheen. Me itti na geessi jennaan fuudhee Galaana geessee fakkii/gaandidduu isaa galaana keessatti itti muldhisee kunooti yoo inni jedhu Neenqi qabuuf gaafa galaana seenu galaanni fuudhatee ijjeese jedhama.

## Torbee Shanaffaa

## Qamaleefi Bulguu

**Kaayyoo Barannichaa: Barattoonni oduu durii dubbisanii dandeettii gadifageenyaan dubbisanii xiinxaluu isaanii akka cimsataniif tumsuudha.**

**Qalamee fi Bulguu:**

Guyyaa Qalameen muka gubbaa teette firee mukaa adoo nyaattuu fireen tokko harkaa buute. Firee tokkittii harkaa buute san fudhachuuf yennaa isiin mukarraa buutu Bulguun beelayee muka jala tee'u qabatee nyaachuuf ka'e. Mala harkaa baatuun baafattee akkas jetteen "na hin nyaatin anin takkittiin womaa sii hin bayuu Qalameen hedduun mukarra waan jirtuuf olba'ee gad sii harcaasa" jetteen . Bulguun dhugeeffattee yennaa gad lakkichuu Qalameen mukarra baatee itti kollite. Maaf kollita jedhee gaafate Bulguun. Takka si kollee takka ammoo ifi kolle jetteen. Maaf na kollite maaf ifi kollite jedhee gaafate Bulguun ammalle dabalee. Akkas jettee deebicheef Qalameen, wonni ifi kolleef fireen mukaa hedduun adoo jirtuu firee takkatti harkaa na buute fudhachhuf mukarraa bu'ee nyaatamee dhabe, wonni si kolleef ati gowwoomtee adoo na nyaachuu dandeettuu mukarra naa harcaasta jettee amantee na gad dhiisuu keeti jetteen jedhama.

## Torbee Jahaffaa

## Binensota shan

**Kaayyoo barannichaa: barattoonni oduu durii dubbisanii dandeettii hubannaa isaanii yaada isaaniin ibsuu isaanii akka cimsataniif tumsuudha.**

Dur duri waraabessa, hilleessa, jeedala, leencaa fi qeerramsatu waliin jiraachaa ture.Isaniis gaaftokko wal ga'ii akka godhatan walitti himan.Guyyaan walga'ii isaanii yommuu ga'u beellamaisaanii irratti argaman.Guyyaa sana hundi isaanii jireenya isaanii keessaatti maaltu akka gaarii hin taane wal gaafatan.jalqaba lenci, " ani dullomuun jibba" jedhe. Maaliif jedhanii gaafannan " har'a yommuunwalga'ii kana dhufu dibicha xiqqoo qabannaan ana harkaa baate, ani duri sangaa guddaa dallaakeessaa buteen baasa" jedhee, isa bara dargaggummaa isaa yaadatee boo'e. qeerramsa gaaffii walfakkaatu gaafannaan, " anaaf nama jalaa baqachuutu natti ulfaata" jedhe. Hilleessa gaafannaan,"anaaf osoo hin milkaa'in du'uutu natti hin tolu" jedhe.jeedala gaafannaan, " bakka buludhabuuti natti hin tolu" jette. Waraabessa gaafannan, " anaaf beela'uutu natti hin tolu" jedhe.

Maanguddotni isaan keessaa yaada eenyuutu sirriidha jedhanii wal gaafatan, garuu waraabassaabbaa dhugaa godhan jedhama.

## DABALEE "C": QORMAATA YAALIIN BOODA

### Qajeelama I. Gaaffileen kanaan gadii dubbisa oduu durii kanaan gadii irratti hundaa'uun dhihaatanii jiru. Oduu durii erga sirriitti dubbistee booda haala gaafatamteen deebiisi.

Yeroo tokko Simbirroon ilmaan ishee sadi waliin mukarrautuu jiraattuu guyyaa tokko Jeedalli itti dhuftee akkana jetteen "addee muka kana ol yaabee ilmaan kee kana hunda nyaadhu moo tokko naa buusta" jedhee gaafate. Simbirroon Jeedalli akka muka yaabuuwaan hin beekneef tokko buusteef.Guyyaa biraalle mi'eeffatee itti deebi'ee akkuma duraaittin jedhe. Simbirroon ammalle tokko buufteef ilmee tokko qofa waliin utuu isheen gadditee mukarra teessuu obboo Hilleensi deemaa dhufee "aadde simbirroo maaf gadditee teessa" jedheenii jennaan Jeedalatu "addee ani muka **koree** ilmaankeetii hundumaa si duraa nyaadhumoo tokkonaaf buuftajedhee ilmaankoo lama na duraa nyaatee waan fixeef gaddee taa'a" jetteen. Obboo Hilleensa guddoo gaddee akka Jeedalti muka yaabuu hin dandeenyeef akka simbirroon gowwomte itti himee bira dabre.

Kanaan duuba akkuma barate Jeedalti ammalle dhuftee simbirroon ilmee keeti naa buusi jedhe. Simbirroon kan kanaan dura nagowwoomsitee na jalaa nyaattee naa deebisi jetteen. Jeedalti akka nami biraa itti hime beekee, eenyutu har'a karaa kana dhufe jedhee gaafannaan Simbirroon Hillensa ta'uu itti himte. Jeedalti Hilleensa kana haaluu ba'uuf Obboo **guddoo**bira dhaqee akkas jedheen "ati utuu Hilleensi kophee tolchuu beekuu maaf miilla qullaa deemta?" Jennaan Obboo Leenci Hillensa yaamee kophee naa tolchi jedheenii jennaan "Tole, kophee ati jette siin tolcha, garuu kopheen gogaa Jeedalaarra hojjettama jedheen.Sana booda Obboo Neenci Jeedala qabee gogaa irraa baasee itti kenne. Hilleensi gogaa Jeedalaa fuudhee beellamaan biraa deemee **haaluun** gatee bira dabre.Guyyaa tokko utuu karaa irra deemanii Leenca waliin walitti dhufanii jennaan Neenci Hilleensa qabee "meerre kopheen **kiyya**?" jedhee gaafate.Hilleensi gamna waan te'eef sobee "namicha si fakkaatu tokkotti narraa fudhate" jedheen."Me itti na geessi" jennaan fuudhee Galaana geessee fakkii/gaadidduu/ isaa galaana keessatti itti muldhisee "kunooti" yoo inni jedhu Neenci qabuuf gaafa galaana seenu galaanni fuudhatee ajjeese jedham (Afoola, Hawaasaa irraa kan fudhatame).

**I. Gaaffilee kanaan gadii yoo sirrii ta'e "Dhugaa" yoo dogoggora ta'e immoo "Soba" jechuun deebisaa.**

1. Akka yaada dubbisa kanaan oliitti, simbirroofi jeedalli kan walargan muka cinatti ture.
2. Ergaan oduu durii kanaa inni ijoon tooftaa salphaan nama gowwomsuun nyaata ofii nyaachuudha.
3. Akka dubbisa oliitti "aaddee" jedhamuun kan waamame/mte jeedaladha.
4. Akka dubbisa oliitti, jeedalli ilmoolee simbirroo hundumaayyuu guutummaa guutuutti nyaattee duraa fixxee.
5. Dubbisa kanaan olii keessaatti, baay'inni ilmoolee simbiraa lama qofadha.
6. Akka dubbisa kanaan oliitti, ilmoon simbirroo akka baraaramtuuf shoora jabaa kan tapahate jeedalaa ture.

**II. Gaaffilee kanaan gadiif qubee deebii sirrii qabatee jiru filannoowwan kennaman keessaa filachuun deebisaa.**

11. Akka yaada dubbisa kanaan oliitti, baay'inni ilmoolee simbirroo jeedalaan nyaatamanii ______ dha. A. shan B. sadii C. lama D. tokko
12. Akka dubbisichaatti, jeedalli simbirroo waliin kan walargan haala akkamii keessatti ture?

A. lamaanuu osoo mukarra taa'aniiB. lamaanuu osoo lafarra jiranii C. jedalli mukarra, simbirroon immoo lafarratti ture D. simbirroon mukarra, jedalli immoo lafarratti ture

13. Akka yaada dubbisa armaan oliitti, jeedalli ilmoolee simbirroo haala kamiin nyaatee jalaa fixe? A. muka koruun B. akka waan muka yaabuu danda'uutti C. akka waan simbirroon muka yaabbachuu dandeessuuti. D. dhagaan darbuu rukutuun
14. Keeyyata tokkoffaa sarara torbaffaa irratti akka ibsameetti, addee ani muka **koree** ilmaan….., hiikni jecha koree jedhuu: A. fiigee B. yaabee C. utaalee D. quphanee
15. ……. haaluu ba'uuf **Obboo guddoo** bira dhaqee…, jedhu keessaatti gaaleen obbo guddoo jedhu kam ibsa: A. simbirroo B. jeedala C. leenca D. ilmoo simbirroo
16. Dubbisa olii keyyata lamaffaa sarara shanaffaa irratti …beellamaan biraa deemee **haaluun** gatee … kan jedhu irratti **haaluun** kan jedhu maal bakka bu'a?

    A. Jajuun B.abaaruun C. gowwomsuun D. ijaajjuun

17. Akka dubbisa kanaan oliitti, kanneen kanaan gadii keessaa kamtu dhugaadha?

A. Jeedalli gowwomsamtee ilmaan ishee ofduraa nyaachifte B. simbirroon jeedala gowwomsitee ilmaan ishee nyaatte C. simbirroon jeedalaan gowwomfattee ilmaan ishee ofduraa nyaachifte. D. hundinuu dhugaadha

18. Ati osoo simbirroo taatee maal goota turte? A. jeedalaan ajjeessa. B. iyyaan dhageessisa C. akkuma jeedalaan gowwomsa D. akka Hilleettiin jeedalaan saaxila

19. Oduu durii kana irraa maaltu hubatama? A. gamnummaa B. lugnummaa C. jaalala D. jibba

20. Mata-duree oduu durii kanaa ta'uu kan danda'u kami? A. obbo guddoofi jeeyidala B. Hilleettiifi jeedala C. simbirroofi ilmoolee ishee D. Simbirroofi jeedala

**III. Gaaleewwaniifi jechoota kanaan gadii hiika isaanii waliin walitti firoomsi**

| A | B |
|---|---|
| 21. Illeettii | A. mukarra jiraachaa turte |
| 22. Leenca | B. dandeettii muka koru hinqabu |
| 23. Simbirroo | C. hundumaafiyyuu mootiidha |
| 24. Jeedala | D. soba jeedalaa saaxilte |

**IV. Jechootaafi Gaaleewwan Dubbisa Kanaan Olii Keessatti Fayyadamaniin Bakka Duwwaa Guutii**

25. ____________fi ______________ waliin mukarra jiraatu turan .

26. Akka seenaa kanaatti fallii adda addaa kan dhufeef _____________fidha.

27. Jeedalli muka koruu hindanda'u kan jedhe ____________ture.

28. Dubbisni kun hedduminaan waa'ee ________ jeedalaa irratti kan hundaa'uudha.

29. Akka seenaa kanaan oliitti qoodataan gowwomsuun ilmaankan nyaate ______dha.

**V. Gaaffilee kanaan gadiif deebii gabaabaa kenni.**

30. Akka yaada oduu durii kanaatti qaamni baay'e miidhame isa kamiidha? Maaliif?

31. Yoomeessi oduu durii kanaa maal sitti fakkaataa? Ibsuun deebisi

32. Akka oduu durii olitti dubbisame kanaatti, haala salphaa ta'een nyaata ofii akkamiinargachuun danda'ama?

33. Akka dubbisa kanaan oliitti dhihaateetti, diina simbirrootti jedhamee kan ibsame maalidha?

34. Akka oduu durii kanaan oliitti, qooddattoonni seenicha keessatti qooda fudhatan maal maal fa'i?

## Ibsa

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti taa'e, waraaqaan qorannoo kun hojiin dhuunfaa koon hojedheefi Yuunivarsiitii kamiittuu akka hin dhiyaannefi tokkon tokkon madda oduu durii madda barreeffamaa irraa walitti walitti qabadhee dhimma itti ba'e wabiilee keessatti katabuu koo mallattoo koon nan mirkaneessa.

Maqaa Qorattuu __________________________

Mallattoo ____________________

Guyyaa _______________________